Baafata Fuula

BOQONNAA TOKKO

Yakka Dirqisiisanii Gudeeduu: Rakkoowwan Qorannoo Yakkaa Irraa Hanga Murtii Kennisiisutti Mul'atan…….....1

Seensa Gabaabaa …..……..……1

1.1 Hima Rakkoo 3

1.2 Kaayyoo Qorannoo 4

1.3 Mala Qorannoo 5

1.4 Faayidaa eeggamu: 6

1.5 Fayyadamtoota Qorannichaa 6

1.6 DaangaaQorannicha……....……..7

BOQONNAA LAMA

Adeemsa Kenniinsa Haqaa Yakka Dirqisiisanii Gudeeduu Keessatti Rakkoowwan Mul'atan……...8

2.1. Qorannoo Yakka Gudeeddii……..….8

2.1.1. Maalummaa Qorannoo Yakkaa……8

2.1.2. Qaamolee Hojii Qorannoo Yakkaa Keessatti Hirmaatanii fi Dirqama Isaan Irraa Eegamu……..10

2.1.3. Adeemsa Qorannoo yakkaa (Investigation process)…….....11

2.1.4. Kaayyoo Adeemsa qorannoo yakkaa…….....12

2.1.5. Akaakuuwwan qorannoo yakkaa……12

2.1.6. Sirna Qorannoo Yakkaa Itoophiyaa Gabaabinaan……...13

2.2. Qorannoo Yakka Gudeeddii……...15

2.2.1. Maalummaa Yakka gudeeddii…….15

2.2.2. Qorannoo yakka gudeeddi fi Rakkoowwan mul'atan……..21

2.2.2.1. Ragaa Af-gaaffii……..23

2.2.2.2. Ragaa foorensiikii…….24

2.2.3. Hariiroo Qaamolee Dhimma kana irratti Hirmaatan Ilaalchisee…….25

2.2.3.1. Qaamolee Fayyaa wajjiin Hariiroo jiraachu qabu Ilaalchisee……..26

2.2.4. Qaamolee Haqaa Ilaalchisee yaada furmaataa kennaman……...27

2.2.4.1. Qajeelfama Qorannoo fi Leenjii Qabaachuu……27

2.2.4.2. Hamilee fi Mirga Miidhamtootaa Eeguu…….28

2.2.4.3.Qorannoo Yakkoota biroo Keessatti Raawwii yakka gudeeddii Qorachuu……..28

2.2.4.4. Icciitii fi Nageenya Ragaa baatotaa fi miidhamtootaa eeguu……...28

2.2.4.5. Fayyadama Teeknolojii Cimsuu……...29

2.2.5. Yakka Gudeeddii fi Gahee Mana Murtii……29

2.2.5.1. Xiyyeeffannaa Addaa Laachuu…….29

BOQONNAASADII

XIINXALA DAATAA ……..…....31

Seensa……31

3.1. Ragaa Wajjiin Walqabatee Rakkoowwan Mul'atan……..32

3.1.1. Ragaa Sassaabuu fi Qorachuu Wajjiin Walqabatee Rakkoowwan Mul'atan……..32

3.1.1.1. Rakkoo Baajataa-……....33

3.1.1.2. Rakkoo loojistiikisii……..34

3.1.2. Ragaa Qorachuu……...35

3.1.2.1. Rakkoo Meeshaalee Hojii Qorannoof Barbaachisan Dhabuu- ……35

3.1.2.2. Rakkoo Ragaa Teeknikaa Qorachuu ……35

3.1.2.3 Kutaalee Hojii Qorannoo Gaggeessuuf Mijataa ta'an Jiraachuu Dhabuu……...36

3.1.2.4. Iddoo Turmaataa Dhabamuu, Hamilee fi Nageenya Miidhamtootaa Eegsisuuf Rakkoowwan Jiran…….37

3.1.2.5. Rakkoo Gahuumsa Qorattoota Poolisii…….39

3.1.2.6. Qorattoota poolisii Dubartoonni dhabamuu; ……...42

3.1.2.7. Ragaa Gahaa Argachuu Dhabuu……...44

3.1.2.8. Giddu lixummaa Jaarsolii Biyyaa…….46

3.1.2.9. Rakkoo Ragaa Mana Yaalaa Wajjiin Wal Qabatee Jiru……...47

3.1.2.10. Eeruu Sobaa……52

3.3. Gahee Abbootiin Alangaa Kenniinsa Haqaa yakka Gudeeddii Keessatti qaban Ilaalchisee……..54

3.4. Rakkoowwan Gama Manneen Murtiitiin Mul'atan Jedhaman…….....56

3.5. Madda Rakkoowwan Qorannoo Yakka Dirqisiisanii Gudeeduu Keessatti Mul'atanii……...58

3.6. Odeeffannoo Dhimma Dubaratootaaf Daa'immanii Irraa Argaman……...61

BOQONNAAAFUR

YAADAGUDUNFAA FI FURMAATAA ……..63

4.1. YAADA GUDUUNFAA……....63

4.2. YAADA FURMAATAA ……...66

1. Gahuumsa Qorattoota poolisii, Abbootii alangaa fi Abbootii Seeraa Fooyyessu:……67

2. Rakkoo Baajataa, Dhiyeessa Meeshaalee Hojii Qorannoof Barbaachisan Sadarkaa SadarkaadhaanGuutuu……..68

3.QorattootaDubartootaaQabaachuu…….....69

4. Giddu Lixummaa JaarsoliiBiyyaa Hambisuu……...69

5. Walitti Dhufeenya Qaamolee Haqaa Fi Dhaabbilee Fayyaa Cimsuu……...70

6. Iddoo Qorannoo Yakkaa fi Turmaataa MijataaQopheessuu……70

7. Ogeeyyii Xiinsammuu, Saayikaatiriistii Fi Hoojjattota Hojii Hawaasaa (Social Workers) Ramaduu……....71

8. Hubannoo Hawaasaa Irratti Hojjachuu……72

9. Maanuwaalii Qorannoo Yakkoonni Saal Qunnamtii (Sexual Crimes) Ittiin Qorataman Qopheessu Qopheessuu ……..72

10. Keewwattoota Seera Yakkaa Dirqisiisanii Gudeeduu Wajjiin Wal Qabatan Fooyyessuu……73

BOQONNAA TOKKO

Yakka Dirqisiisanii Gudeeduu: Rakkoowwan Qorannoo Yakkaa Irraa Hanga Murtii Kennisiisutti Mul'atan

Seensa Gabaabaa

Miseensota hawaasaa xiyyeeffannaa guddaa barbaadan keessaa dubartoonni isaan sadarkaa jalqabaa irra kaa'amanii dha. Inni kunis kan ta'e sababoota adda addaa irraa kan ka'e dubartoonni hawaasa keessatti rakkoowwan adda addaatiif waan saaxilamanifi. Aadaan hawaasaa fi ilaalchi miseensonni hawaasaa dubartootaaf qaban madaalawaa ta'uu dhabuun yakkoota adda addaatiif akka saaxilaman isaan taasisee jira. Hawaasa keessatti dhiirri ol'aantummaa qabachuu isaa, humna fayyadamuun waldiddaa maatii keessatti uumamuuf akka furmaataatti fudhatamuu fi akkasumas dhira ta'uun humna qabeessa, kabajamaa fi sodaatamaa ta'ee fudhatamuun isaa miidhaa dubartoota irratti qaqqabu wajjiin walitti dhufeenya akka qabu ogeeyyiin tokko tokko ni ibsu.[1]

Yakkootni dubartoota irraatti raawwataman yeroo ammaa sarbamuu mirga namoomaa fi rakkina hawaasa addunyaa guddaa ta'uun isaani ni ibsama.[2] Miidhamni dubartootaa rakkina isaanii qofa osoo hin taane rakkina hawaasa hundaati. Miidhaan isaan irra gahu dubartoonni, darbees immoo maatiin isaanii, hawaasni fi akka waliigalatti biyyi akka hiyyoomtu gahee guddaa xabata. Akka walii galaatti gochi yakkaa dubartoota irratti raawwatamu gufuu guddinaati.[3]

Yaadrimee yakka dubartoota irratti raawwatamu jedhu ogeeyyii fi barreeffamoonni adda adda bifa adda addaatiin teechisu. haata'uu malee mata-duree nuti qabanne wajjiin isaan wal siman yoo ilaallu, yakka dubartoota irratti raawwatamu haala armaan gadiitiin kan ibsan jiru.

[1] Ellsberg M, and Heise L. Researching Violence Against Women: A Practical Guide for Researchers and Activists. Washington DC, United States: World Health Organization, PATH; 2005.
[2] www.amnesty.org: Six-Point checklist On Justice For Violence Against Women, 2010
[3] Miiljalee lakk.1

"Crime against women is direct or indirect physical, or mental cruelty to woman. Crimes which are 'directed specifically against women' and in which 'only women are victims are characterized as 'crimes against women'."[4]

Seerootni biyya keenya keessattu Heerri mootummaa fi Seerri yakkaa dubartootaaf eegumsi taasifamu qabu maal akka ta'ee fi yakkoonni isaan irratti raawwataman maal akka ta'an walduraa duubaan ni teechisu, Heera Mootummaa Federaalawaa Itoophiyaa kew. 35, waa'ee mirgootaafi faayidaalee dubartoonni argachuu qaban kan teechisu yoo ta'u) Seera yakkaa keww, 587, 620, fi 564, 648, 650 jalatti yakkoonni kunneen maal akka ta'aniifi akkamitti akka raawwataman ni teechisa.

Yakkootni dubartoota irratti raawwataman baay'ee fi bifa adda addaa kan qabanii dha. Isaan kunneenis qaamolee gara garaatiin kan raawwataman yoo ta'an gudeeddii, butii, dhaqna qabaa, fudha umuriin malee, fuudha fedhiin alaa, dubartootaan daldaluu, (domestic violence), fi kan kana fakkaatan kaasuun ni danda'ama. Yakkootni dubartoota irratti raawwataman miseensota maatii, abbaa manaa, firoota dhiyoo fi fagoo, namoota alaa (kan walitti dhufeenya hinqabne), naannoo hojiitti hooggantootaa fi hojjattootaan fi kan birootinis kan raawwataman dha.

Yakkoota dubartoota irratti baay'inaan raawwataman keessaa yakki gudeeddii isa tokko dha. Yakki gudeeddii yakka baay'inaan raawwatamuufi dubartoota irratti rakkoo fayyaa, qaamaa fi xiinsammuu kan geessisuu dha. Jechi gudeeddii ykn 'Rape' jedhu bifa adda addaatiin kan ibsamu yoo ta'u, maddi tokko gudeeddiin iddoo gara garaatti hiika adda addaa akka qabu teechisuudhaan akka waliigalatti garu haala armaan gadiitiin teechisa.

.....and can include anything from touching to actual penetration, but, generally, rape is any "unwanted, non-consensual, manipulated or coerced forms of sexual activity".[5]

Bu'uura seera yakkaa biyya keenyaa bara 1996 bahen dirqisiisanii gudeeduu jechuun namni kamiyyuu humnaan fayyadamuun yookiin sodaachiisa cimaan yookiin akka of wallaaltu gochuun yookiin akka karaa kaminiyyuu ofiirra ittisuu hin dandeenye erga godheen booda gaa'eelaan alatti dubartii tokko waliin qunnamtii saalaa raawwachuu dha jechuun teechisa.

[4] Violence Against Women and Children-Issues and Concerns, By Awadhesh Kumar Singh and Jayanta Choudhury, New Delhi, Serials Publications, 2012, p.1

[5] http://www.cedu.niu.edu/~shumow/itt/rape.pdf gaafa 29/02/06 kan ilaalame

Sadarkaa addunyaatti biyyoota yakkootni dubartoota irratti raawwataman baay'inaan itti mul'atan keessaa Itoophiyaan tokko akka taate qorannoowwan tokko tokko ni agarsiisu.[6] Naannoon Oromiyaas akka kutaa biyyaatti bal'aa ta'etti rakkoon kun haala wal fakkaatuun akka jiru hubachuun ni danda'ama. Akka fakkeenyaatti bara 2005 A.L.I. naannoo Oromiyaa keessatti akka waliigalaatti raawwiin yakkoota gabaafame 9013 yoo ta'u kana keessaa gudeeddii wajjiin walqabatee yakkonni gabaasaman 351 akkata'an odeeffannoon staastiiksii Komishinii Poolisii Oromiyaa irraa argame ni mul'isa.[7] Ragaan kun naannoo Oromiyaa keessatti yakki gudeeddii ammas bal'inaan raawwatamaa jiraachuu isaa kan agarsiisu dha.

Yakkoota dubartoota irrattii miidhaa qaqqabsiisaa jiran kan akka gudeeddii jiran adda baasuun qorachuunifi haalli yakkoonni itti raawwataman, sirni qorannoo yakkaa itti gaggeeffamuu fi bu'a qabeessummaa isaa akkasumas dhuma irratti furmaanni seeraa argamu sadarkaa maal irra akka jiru hubachuun hanqinaalee gama kanaan mul'atan agarsiisuun gara daandii furmaataatti dhiyaachuun ni danda'ama.

1.1. Hima Rakkoo

Yakkoota dubartoota irratti raawwatamaniin keessattu yakka gudeeddiin walqabatee qorannoo gaggeessu fi seeratti dhiyeessuu irratti rakkoowwan adda addaa kan mul'atan ta'uun isaa sakattaa fedhii qorannoo irraa odeeffannoon argame ni ibsa[8]. Raawwii yakkoota kanneen wajjiin walqabatee qorannoo irraa kaasee dhimmicha qulqulleessuun seeratti dhiyeessanii adabsiisuu irratti rakkoowwan gara garaa kan mul'atan ta'uun isaa hubatameera.

Qorannoo yakkaa gaggeessuun kaayyoon guddaan isaa yakka ittisuu dha. [9] Yakkoota raawwataman qoratanii seeraaf dhiyeessuun adabsiisuu dadhabuun rakkoo cimaa ni hordofsiisa. yakkootni furmaata hin arganne, osoo hin milkaa'ain hafuu fi raawwattoonni yakkaa osoo hin adabamin hafuun isaanii fi namoota yakka hin raawwanne adabsiisuun sirna haqaa akka kabaja

[6] Miiljalee lakk.1
[7] Af-gaaffii Inspeekatar ol'aanaa Qaaduu Aadam, wajjiin gaggeeffame,12 /02/06
[8] Alamaayyoo Waaqgaarii fa'a Sakkatta'a Fedhii Leenjii fi Qorannoo Ogeessota Qaamolee Haqaa Naannoo Oromiyaa, (ILQSO,2005), fuula
[9] www.worldwidelawenforcement.com: Fundamentals of Criminal Investigation

dhabu taasisa.[10] Yakkoonni dubartoota irratti raawwataman baay'een isaanii kan dhoksaan raawwataman waan ta'eef qorannoon isaaniis rakkisaa akka ta'e ifa dha.

Yakkoonni dubartoota irratti raawwataman baay'een osoo hin adabamin kan hafan ta'uun isaa, A/A fi qorattonni poolisii waliin ta'uun dhugaa baasuuf qorannoon gaggeessan laafaa ta'uu, ragaan namaa fi mana yaalaa qulqullu ta'uu dhabuu, akkasumas baasiin qorannoo mana yaalaaf barbaachisu dhabamuun akka rakkootti ka'aniiru.[11] Rakkoo gama kanaan mul'atu furuun yakkoota dubartoota irratti raawwataman hambisuuf yookaan xinneessuuf gargaara. Qorannoon kunis yaadolee ijoo armaan olitti kaa'aman bu'uureeffachuun, keessattu yakkoota bal'inaan dubartootaaf irratti raawwataman keessaa gudeeddii, giddu-gala gochuun dhimmoota armaan gadiitiiif deebii laachuu ni yaala.

1. Rakkoowwan qorannoo yakka dubartoota irratti raawwataman irratti mul'atan maal irraa madduu?

2.Gama ragaa funaanuu, qindeessuun walqabatee rakkoowwan jiran maalii?

3. Qorannoon gaggeeffamee mana murtii ga'ee hanga adabsiisuutti rakkoowwan jiran maali?

1.2. Kaayyoo Qorannoo

Qorannoon kun kaayyoo Gooroo fi kaayyoo gooree kan qabu dha. Kaayyoon Gooroo qorannicha yakkoota dubartoota irratti raawwataman keessaa ijoo kan ta'e yakka dirqisiisanii gudeeduu irratti xiyyeeffachuun qorannoo yakkaa gaggeessuu irraa kaasee hanga sadarkaa mana murtii gahee adabsiisutti rakkoowwan mul'atan maal akka ta'an adda baasuun qorachuufi yaada furmaataa hojii irra oolu danda'u akeekuu ta'a.

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa immoo

1. Qorannoon yakkaa dirqisiisanii gudeeduu dubartootaa qabatamaan maal akka fakkaatuu fi adeemsii hordofuu qabu maal akka ta'e agarsiisuu.

2. Gaheen qaamolee dhimma qorannoo gaggeessani fi murtii laatanii maal akka fakkaatuu maal akka ta'uu qabu xiinxaluu.

[10] Criminal Investigative Failures: Avoiding the Pitfalls By D. KIM ROSSMO, Ph.D.
[11] Miiljalee lakk. 7

3. Rakkooleen qabatamaan sadarkaawwan adda addaa irratti mul'atan maal akka fakkaatan adda basuu.

1.3. Mala Qorannoo

Qorannoo kana gaggeessuuf malootni qorannoo akkamtaa fi hammamtaa hojii irra ni oolu. Maloota lamaan walitti makuun (mixed research methods) fayyadamuun bu'a qabeessummaa qorannichaa akka dabaluuf daataa adda addaatti akka fayyadamnuuf waan nu gargaaaruufi akkasumas hanqina malli qorannoo tokko qabaachuu danda'u inni biraa akka uwwisuuf gargaara. Bu'uuruma kanaan odeeffannoon qorannicha gaggeeessuuf fayyadu qaamolee adda addaa dhimmichi kallattinis ta'e al- kallattiin isaan ilaalu irraa maloota adda addaatiin funaanameera.

Bu'uuruma kanaan odeeffannoon qorrannichaaf barbaachisu godinaalee mootummaa naannoo Oromiyaa keessatti argaman keessaa jahaa fi aanaalee isaan jalatti argaman kudhalama kan filataman yoo ta'u, filannoon godinaalee kanneenis babal'ina raawwii yakkoota dubartoota irratti raawwataman wajjiin kan wal qabate ta'a (purposive sampling). Manneen murtii, waajjira AA, waajjira Poolisii fi dhimma dubartootaa aanaalee filataman kanneen keessatti argaman irraa daataan bifa afgaaffii, bargaaffii fi marii gareen kan funaaname yoo ta'u, galmeewwan dhimma kana wajjiin wal qabatanis sakkatta'amaniiru.

Dabalataanis Waajjiraalee Mootummaa naannoo irraas odeeffannoon barbaachisaa ta'e sassaabameera. Waajjiraaleen kunneenis Komishinii Poolisii Oromiyaa, Waajjira Dhimma Dubartootaaf Daa'immanii, MMWO fi manneen yaalaa yoo ta'an, miidhamtoota yakka gudeeddii irraas odeeffannoon bifa af-gaaffiitiin kan funaanuuf yaaliin taasifame (odeeffannoo laachuu diduun osoo hin milkaa'in hafee jira. Haata'uu malee alkallattiidhaan odeeffanno argachuuf yaaliin taasifameera.

Barreeffamoonni adda addaa kitaaboleenii, Joornaaloonnii fi qorannoowwan rogummaa qaban ilaalamanii akka barbaachisummaa isaaniitti qorannoo kanaaf galtee ta'aniiru.

Bu'uruma kanaan godinaaleen Oromiyaa yakkootni dubartoota irratti raawwataman baay'inaan itti mul'atan jedhaman keessaa Godinootni Arsii, Godina addaa naannawa Finfinnee, Godina Wallagga Bahaa, Lixa Shawaa, Harargee Bahaa fi Shawaa Kaabaa, kan filataman yoo ta'u, aanaaleen isaan jalatti argaman kudha lama isaanis Heexosaa, Xiyyoo, Sandaafaa, Sulultaa,

Guutoo Giddaa , Gatamaa, Ejeree, Gincii, Haramaayaa fi Qarsaa, Fichee, fi Gabragurraachaa irraa odeeffannoon sassaabameera.

Raawwii Daataa Karoorfamee fi Funaaname

	kan karoorfame	kan funaaname	%
Bargaaffii	**163**	**148**	**90**
Afgaaffii	**103**	**89**	**86**
Marii garee	**13**	**9**	**70**
Galmee	**81**	**65**	**80**

1.4. Faayidaa eeggamu:

Qorannoon kun rakkoowwan qorannoo yakkoota dubartoota irratti raawwataman keessattu yakka dirqisiisanii gudeeduu wajjiin wal-qabatan adda baasuuni fi haalli qabatamaan jiru maal akka fakkaatu agarsiisuun rakkoo kana akkamitti hanbisuu fi furuun akka danda'amuu yaada furmaata kan kaa'u waan ta'eef, qaamoleen haqaa hanqina gama kanaan jiru adda baasani akka beekanii fi irratti hojjatan ni gargaara. Kana malees rakkoowwan mul'atan adda baasuun miidhaa dubartoota irra gahaa ture hambisuuf yookaan xinneessuun mirgi isaanii akka kabajamu fi yoo sarbamee argames namooti yakka raawwatan akka adabbii barbaachisaa argatan gochuuf gargaara. Yakkoota kanneen furuun tasgabbii hawaasaa fi ittisa yakkaatiif gumaacha mataa isaa ni taasisa.

1.5. Fayyadamtoota Qorannichaa

Qorannoon kun dhimma qorannoo yakka gudeeddii dubartootaan wal qabatee rakkoowwan jiraniifi fi furmaata isaanii irratti kan xiyyeeffatu waan ta'eef , dubartoonni miidhaan irra gahe fi akka waliigalatti dubartoonni fayyadamtoota duraa ta'u.

Dabalataan qorattoonni poolisii, abbootiin alangaa fi manneen murtii akka qaamolee dhimmi qorannoo kanaa kallattiin isaan ilaalutti, argannoo fi bu'aa qorannnoo kana irraa fayyadamtoota ni ta'u.

Dubartoonni miseensa hawaasaa walakkaa akka ta'uu isaanitti bu'aan qorannoo kanaa akka waliigalatti hawaasa bal'aaf faayidaa guddaa ni qabaata.

Akkasumas Insitiyuutichi leenjiiwwan dhimma kana wajjiin walqabatan irratti laachuuf itti fayyadamuu ni dand'a.

Mata duree wal fakkaatu irratti namoota qorannoo gaggeessuu barbaadanis akka maddaatti (reference) ni fayyada.

1.6. Daangaa Qorannoo

Qorannoon kun yakka gudeeddii dubartootaan walqabatee qorannoo yakkaa gaggeessuu irraa kaasee hanga mana murtii gahee adabsiisutti rakkoowwan mul'atan maal fa'a akka ta'an, maal irraa akka maddan adda baasuu fi yaada furmaataa akeekuu irratti kan xiyyeeffatu dha. Akkasumas adeemsa kana keessatti gaheen qaamolee adda addaa keessattu qorattoota poolisii, abbaa alangaa, manneen murtii fi manneen yaalaa maal akka ta'e ni xinxala. Qorannoon kun haala qabatamaa naannoo Oromiyaa irratti qofa hundaa'uun kan gaggeeffamuu dha.

BOQONNAA LAMA

Adeemsa Kenniinsa Haqaa Yakka Dirqisiisanii Gudeeduu Keessatti Rakkoowwan Mul'atan

2.1. Qorannoo Yakka Gudeeddii

2.1.1. Maalummaa Qorannoo Yakkaa

Diriirfamuu sirna haqaatiif wantoota bu'uura ta'an keessaa tokko hawaasni jiruuf jireenya tasgabbaa'e akka jiraatu gochuudha. Kana raawwwachuu keessattis qaamoleen sirna haqaa keessatti argaman gahee guddaa akka xabatan beekamaa dha. Yakki akka hin raawwatamne ittisuu fi yoo yakki raawwatames dhimmicha sirriitti hordofuudhaan qoratanii seeratti dhiyeessuun namni (namootni) yakka raawwate akka adabbii madaalawaa argatu(argatan) taasisuu, badii isaa irraa akka baratu fi hawaasa irra adda foo'ame akka sirratu gochuun hojii ijoo dha.

Yakki erga raawwatameen booda qoratani, nama yakka sana raawwate balleessaa isaatiif adabbii madaalawaa akka argatu taasisuun sirna haqaa keessatti xiyyeeffannaa wantoota argatan keessaa isa tokko. Barbaachisummaan qorannoo yakkaa baay'ee ta'e kan hubatamu ta'us inni guddaan garuu yakki akka hin raawwatamne ittisuu akka ta'e ogeeyyiin ibsan jiru.[12]

[12] Charles M. Alifano, Fundamentals of Criminal Investigation, Worldwide Law Enforcement consulting Group, Inc. 2006.

Qorannoon yakkaa haala gaarii ta'een raawwatame sirna haqaatiif faayidaa guddaa akka qabaatu ni ibsama. faayidaaleen ijoon kunneenis namootni yakka raawwatan akka adabbii barbaachisaa ta'e argatan gochuu fi "clear up rate" akka dabalu kan taasisu ta'uu isaati. [13]

Malummaa qorannoo yakkaa yoo ilaallu, ogeeyyii fi barreessitoota adda addaatiin haala adda addaan ibsamee jira. Qorannoon yakkaa adeemsa yakka raawwatame ykn raawwatamaa jiru ilaalchise haala seera qabeessa ta'een ragaa ittiin funaannuu dha jechuun kaa'a.[14] Akkasumas barreeffamni tokko immoo qorannoon yakkaa adeemsa gaaffiiwwan yakki akkamitti, eessatti, yoom, maaliif fi eenyuun raawwatame jedhaniif deebii ittiin laannuu dha jechuun ibsa.[15]

Qorannoon yakkaa adeemsaa dhugaa (facts) funaanuu fi wantoota sadii galmaan gahuuf kan gaggeeffamu akka ta'e barreeffamoonni tokko tokko ni kaa'u. [16] Isaanis:

a) Nama yakka raawwate adda baasuuf

b) Shakkaamaan eessa akka jiru baruuf

c) Balleessaa ta'uu isaaf ragaa dhiheessuu dha.

Akka waliigalatti hiika barreeffamoota adda addaa fi ogeessota naannoo kana irratti ibsa ogummaa qaban laatan irraa ka'uun qorannaa yakkaa jechuun qorataan poolisii tokko yookaan qaamni gocha yakkaa akka qoratuuf aangoon kennameef tokko, raawwii gocha yakkaa ta'uun isaa shakkame tokko qulqulleessuudhaaf adeemsa taasisuudha jechuun ni danda'ama. Adeemsi kunis gochichi mirgaa fi bilisummaa namootaa dhiibuudhaan, qaamaa fi qabeenya namaa irratti gocha seeraan ala raawwatamee argame tokko qorachuudhaan, nama balleessaa raawwate seeratti dhiyeessuuf qorataan dhimmicha qo'achuudhaan jechuunis tooftaa raawwii yakkichaa fi miidhaa qabatamaan gahe addaan baasuudhaan, adeemsa raawwii dhimmichaa hordofuudhaan gochi seeraan alaa raawwatamuu fi raawwatamuu dhabuu isaa, raawwatamees yoo argame

[13] Ask, K.(2006). Criminal investigation: *Motivation, emotion and cognition in the processing of evidence*. Department of Psychology , Goteborg University.
[14] Micheal F.Brown (2001). Criminal Investigation: law and Practice, 2nd ed., Butterworth-Heinemann.
[15] Miiljalee lakk. 13
[16] Miiljalee lakk. 12

immoo eenyuun akka raawwatame ragaalee mirkaneessan funaanuudhaan galmee qorannaa qaama dhimmi ilaallatuuf dhiyeessuudha. [17]

2.1.2. Qaamolee Hojii Qorannoo Yakkaa Keessatti Hirmaatanii fi Dirqama Isaan Irraa Eegamu.

Qorannoon yakkaa hojiiwwan ijoo poolisiin raawwatu keessaa isa tokko. Poolisiin nageenya hawaasaa eegsisuu, yakki akka hin raawwatamne ittisuu dabalatee yeroo yakki raawwatamu immoo qorachuudhaan nammoonni balleessaa qaban seeratti dhiyaatanii akka adabaman godha.

Qaamoleen hojii qorannoo yakkaa irratti hirmaatan biyyoota gara garaa keessatii addaa addummaa qabaatanis, yakka qorachuu keessatti gaheen poolisii guddaa akka ta 'e ifa dha. Biyyoota tokko tokko keessatti qorannoo yakkaa keessatti akkuma poolisitti abbootiin alangaas kan hirmaatan ta'uun isaa qorannoowwanii fi barreeffamoota adda addaa irratti ibsamee jira.[18] Haala qabatamaa biyya keenyaa fi naannoo keenyaa yoo ilaallus hojiin gaggeessa qorannoo kan poolisii fi abbaan alangaa wajjiin ta'uun raawwatan ta'uun isaa ni beekama. Kunis kallattiinis ta'ee al kallattiin waa'ee gaggeessa qorannoo biyya keenyaa fi naannoo keenyaa yoo dubbannu hojii qorannoo yakkaa qaamoleen lamaan (poolisii fi abbaan alangaa) kan wajjiin ta'uun gaggeessan ta'uu isaa ni hubatama.

Qaamni qorannoo gaggeessu, poolisiis ta'ee abbaan alangaa kaayyoon qorannoo isaani tokko akka ta'e beekama dha. Inni kunis haala bu'a qabeessa ta'een qorannoo gaggeessuun yakki raawwatame akka dhokatee hin hafnee fi haqni akka hin jalanne taasisuu dha.

Hojiin qorannoo tokko bu'a qabeessa dha wantoota jechisiisuu danda'an barruun tokko akka armaan gaditti ibsa. Qorannoon akka waligalatti bu'a qabeessa dha kan jedhamu yoo qorataan:

- Haala ogummaan isaa eeyyamuuf, alloogessaa ta'ee fi kaayyeeffatee yoo raawwate
- Ragaa qabatamaa funaanuu irratti ciminaan kan hojjatu yoo ta'e
- Yeroo hundumaa qaamolee qorannicha keessatti hirmaatan hundumaa wal-qixummaa fi kabajaan kan keessummeessu yoo ta'e

[17] Moojulii Leenjii Ragaa Teeknikaa Univarsiitii Poolisii Itoophiyaa sagantaa Dipploomaatiif kan qophaa'e, *kan hin maxxanffamne*, bara 1997, *fuula 6*
[18] Tasfaayee Nuwaay, Bu'a qabeesummaa waliin qorachuu poolisii fi Abbaa alangaa, Ilqso, 2005

- ❖ Yakki yoo raawwatame nama yok namoota raawwatan adda baasuu, ragaa gahaa ta'e funaanuu, fi dhimmicha mana murtitti mirkaneessuu
- ❖ Nageenya namoota qorannicha keessatti hirmaatan hunda eegsisuuf tarkaanfii barbaachisu fudhachuu[19] akka ta'an kaa'ameera.

Qorataan qorannoo gaggeessuu irratti keessattuu poolisiin hojii isaa akka fixaan ba'u:

- ❖ Hojiin qorannoo adeemsa (process) ta'uu, yeroo fudhatu ta'uu isaafi barbaachisummaa isaa hubachuu
- ❖ Ragaawwan qorannicha keessatti tajaajilan hunda isaanii of eeggannoodhaan kunuunsanii qabachuu (preserve)
- ❖ Ragaawwaniif ulfina laachuu (maal akka ta'e , faayidaa isaa, akkamitti akka argamu, kunuunfamuu fi of eeggannoodhaan qabamu)
- ❖ Rakkoowwan hiikuu irratti xiinxalaa fi deemsa kalaqaa hordofuu
- ❖ Qabeenyaalee fi meeshaalee argamanii fi hojii qorannootiif barbaachisan hunda duguguun itti fayyadamuu akka qaban teechifamee jira.[20]

2.1.3. Adeemsa Qorannoo yakkaa (Investigation process)

Akkuma gubbaa irratti caqasuudhaaf yaalametti adeemsi qorannaa yakkaa itti fufiinsa kan qabu, yeroo fi humna namaa kan barbaadu yoo ta'u, dabalataanis hojiin qorannaa yakkaa galama barbaadamu irra akka gahuu danda'uuf galteewwan adda addaa kan barbaadu akka ta'e ni amanama. Barreeffamni tokko adeemsa qorannoo yakkaa keessatti dhimmoota ijoo ta'anii fi '3 I' jedhamanii beekaman (Information, Instrumentation fi Interview) akka armaan gaditti teechisa.[21]

a) ***Odeeffannoo (information)***:- Adeemsi qorannoo yakkaa yeroo hunda odeeffannoo irratti kan hundaa'e akka ta'e kan agarsiisu dha. Hojiin qorataa tokko bu'a qabeessa ta'uu fi dhiisuu kan danda'u yeroo odeeffannoo dhimma qoratamaa jiruuf gahaa fi barbaachisaa ta'e argachuu fi dhabuu irratti kan rarra'e dha.*

[19] Handbook on Effective Police Responses to violence against women, UNDOC, Criminal Justice Handbook series, New York, 2010.
*No police officer is any better than his or her information.

[20] Miiljalee lakk 19
[21] Miiljalee lakk.14

b) ***Meeshaalee fi ragaawwan qabatamoo(Instrumentation)***:- ragaawwan foorensiikii fi meeshaaleen raawwii yakkaa wajjiin walitti dhufeenya qaban odeeffanotti aanee qaama qorannoo gaggeessuuf wantoota barbaachisoo fi murteessa ta'anii dha. Qorataan ragaawwan fooreensiikii funaanuu, kunuunsuu fi itti fayyadamuudhaan hojii qorannoo isaa gabbiffachuu fi qorannoo isaa irratti bu'a qabeessa ta'uu danda'a.

c) ***Afgaaffii (Interview):-*** akka barreessaa kanaatti dhimmi ijoo itti aanee dhufuu fi baay'ee barbaachisaa dha jedhamee teechifame afgaaffii miidhamtoota fi namoota ragaa ta'an wajjiin gaggeeffamuu dha.

2.1.4. Kaayyoo Adeemsa qorannoo yakkaa

Kaayyoon guddan qorannoo yakkaa kamii iyyuu hanga danda'ameen dhugaa haallii yakki tokko itii raawwatame qulqulleessuu dha.[22] Akka walii galattii kaayyoowwan qorannoo yakkaa maal faa'a akka ta'an akka armaan gaditti gabaabsinee ilaalla. Isaanis:

1) Yakki raawwatamuu isaa mirkaneessuu (establish if a crime was committed)

2) Dookumentoota funaanuu fi ragaa kunuunsuu (collect document and preserve evidence)

3) Shakkamaa ykn shakkamtoota adda baasuu fi to'annaa jala oolchuu (identify and apprehend the suspect (s))

4) Qabeenya saamame deebisuuf (recover stolen property)

5) Adeemsa himannaa keessatti namooti yakka raawwatan akka adabbii barbaachisaa ta'e argatan gargaarsa gochuuu (assist in the prosecution of person(s) charged with the crime(s)

2.1.5. Akaakuuwwan qorannoo yakkaa

Qorannoon yakkaa iddoo lamatti hiramee kan ilaalamu akka ta'e barreeffamoota adda addaa irraa hubachuun ni danda'ama.[23]

[22] Akkuma olii fuula 3
[23] Akkuma olii fuula 11

Akaakuuwwaan qorannoo kunneenis qorannoo yakkaa gochi yakkaa raawwatamun dura gaggeeffamu (proactive criminal investigation) fi qorannoo yakkaa erga yakki raawwatameen booda gaggeeffamu (reactive) jedhamuun kan beekamanii dha.[24] Qorannoon yakkaa yekki osoo hin raawwatamin dura gaggeeffamu ykn 'proactive' kan jedhamu poolisiin yakki akka raawwatamuuf jedhu odeeffannoo erga argateen booda yakkichi osoo hin raawwatamin yookaan osoo raawwatamaa jiru nama (namoota) shakkaman to'annaa seeraa jala oolchuu haala jiru kan agarsiisu dha. Poolisiin odeeffannoo maddoota adda addaa irraa argatu irratti hundaa'uudhaan tarkaanfi fudhatu kan ibsu dha.

Akaakuun qorannoo yakkaa yakki erga raawwatameen booda gaggeeffamu ykn 'Reactive' jedhamu immoo qorannoo erga yakki tokko raawwatameen booda poolisiin ragaawwan addaa addaa raawwii yakkaa wajjiin walqabate jiran itti funaanu kan agarsiisuu dha.

Barreeffamoonni tokko tokko immoo akaakuu qorannoo iddoo saditti hiruudhaan kan ilaalan yoo ta'u, akaakuu qorannaa yakkaa 'Preventive' ykn ittisuu irratti xiyyeeffata jedhan akka sadaffaatti ni teechisu.[25]

2.1.6. Sirna Qorannoo Yakkaa Itoophiyaa Gabaabinaan

Diriirfamuu sirna haqaa ammayyaatiin, keessattuu baroota 1950 keessa seerotni barreeffamaan qindaa'anii dhiyaachuu yeroo jalqabaniin (codification era) dura sirni qorannoo biyyatti kan bifa aadaa qabeessa ta'een kan gaggeeffamaa ture akka ta'e barreeffamoonni adda addaa ni ibsu.

Qorannoon yakkaa yeroo sana ture bifa siviilii qaba ture. Inni kunis kan ta'e yeroo yakki raawwatamu kan himatus ta'ee kan ragaa dhiyeeffatu nama yakki itti raawwatame ykn midhamaa ture. Adeemsa kanaanis namni miidhame nama yakka isa irratti raawwate yoo beeke jaarsolii biyyaatti ykn abbootii taayitaatti himachun fala akka argatu godha.[26]

Miidhamaan nama yakka itti raawwate kan hin beekne yoo ta'e garuu qorannoon yakkaa kara aadaatiin kan gaggeeffamu ta'a. Sirnoonni qorannoo aadaa kunneen bifa adda addaa kan qabanii fi hawaasa biyyattiitiin hanga jalqaba jaarraa 20ffaatti kan hojii irra turanii dha.

[24] Miiljalee lakk.14 fuula 8
[25] James N. Gilbert, Criminal Investigation, seventh edition, 2007
[26] stanley fisher

Adeemsaaleen qorannoo aadaa kunneenis "Afarsaataa/Awucaacinyii", fi "Leebaashaay" jedhamuun kan beekamanii dha. Dabalataaniis hidhattoonni akka poolisitti tajaajilaa turan(nacci labaash) jedhaman jiraatanis gama hojii qorannootiin gaheen qaban sirritti hin beekamne.[27]

Afarsaataa ykn awucaaciny jedhamuun sirni beekamu kan sirna yeroo sana jiruun beekamtii fi deeggarsa qabu yoo ta'u, adeemsi qorannoo kun bulchaa araddaa ykn gandaatiin kan waamamu yoo ta'u gaaffii nama miidhameen ykn dhimmi hawaasa keessatti jeequmsa uumeera yoo ta'e bulchaan ofii isaatii waamuu ni dand'a.[28] Sirna qorannoo kanaan jiraattonni bakka yakki itti raawwatame hunda akka ba'an kan itti taasifamu yoo ta'u, hanga namni yakka raawwate sun beekamutti gara manaatti galuun hin eeyyamamuuf ture. Hanga yakkamaan beekamutti saani hin elmamu daa'imnis harma hin hodhu jedhamaa ture .[29]

Leebaashaay sirni jedhamus sirna qorannoo yeroo dheeraaf tajaajila ture akka ta'e maddoonni gara garaa ni ibsu.[30] akka adeemsa qorannoo kanaatti namni qabeenyi jalaa hatame (miidhamaan) hoogganaa gandaatti erga himateen booda hoogganaan kun mucaa dhiiraa hin fuudhin erga filateen booda qoricha nama macheessu itti kennuun gara iddoo yakki itti raawwatametti erga. Bu'uuruma kanaan namni dargageessi kun karra isaa irratti kufe ykn mana isaatti seene hattuu dha jedhamee qarshiin yookaan looniin adabama. Adeemsi kunis yeroo dheeraaf kan tajaajila ture yoo ta'u bara mootii Miniliik keessa jijjiiramni tokko tokko taasifameera.

Bara mootummaa Miniliik Ministeerri Murtii (ye fird ministeer) bara 1902 irratti labsiidhaan hundeeffame. Dhimmoonni seeraa kunneenis kan ilaalamaa turan 'Fitihaa Nagastiin' ture. Yeroo kanas dhimmoonni yakkaa wal-xaxaa kan hin taaneefii lakkoofsaanis xinnaa akka turan barreeffamoonni adda addaa ni ibsu.[31]

Seenaa poolisii immoo yoo ilaallu, poolisiin ammayyaa Itoophiyaa keessatti kan ijaarame dhuma waraana xaaliyaaniitiin booda bara 1934 A.L.I. yoo ta'u hooggantoonni lammiilee biyya

[27] Stanley Z. Fisher. Traditoinal Criminal Procedure in Ethiopia, American Journal of Comparative Law,vol 19. available at www.abyssinianlaw.com
[28] akkuma olii
[29] miiljalee lakk. 23
[30] akkuma olii lakk. 25
[31] የደቡብ ክልል የፍትህ አካላት ባለሙያዎች ስልጠናና የህግ ምርምር ማዕከል ልሳን፤ ግንቦት 2004 ዓ.ም.

Inglaand turan. Humna poolisii yeroo sana tureef ergamni kallattiin laatameef tasgabbii hawaasaa eegsisuu fi namoota yakka raawwatan to'annaa jala oolchuu fi adabsiisuu ture.[32]

Sirni haqaa ammayyaa biyyaa keenyaa baroota 1950n keessa barreeffammu seerota adda addaa wajjiin kan walitti dhufeenya cimaa qabu ta'uun isaa ni ibsama. Haala gaggeessa qorannoo fi eenyuun akka qoratamuu qabus kan adda bahee tumame barootuma kana keessa akka ture seenaan ni agarsiisa. Inni kunis bara 'Codification era' jedhamee kan beekamu ture.

Akka naannoo Oromiyaattis adeemsi qorannoo gaggeessu bu'uura seeraatiin deeggaramee JBHA bara 1999 irraa kaasee akka qoratamee hojii irra oolu gochuun adeemsi qorannoo yakka foyya'aa fi bu'a qabeessa akka ta'u yaaliin taasifamaa jira. Bu'uuruma kanaan Poolisiifii abbaan alangaa akka wajjiin qoratan taasifamee jira. Jijjiirama gama kanaan jiru yoo ilaaluu bu'a qabeessa akka ta'ee fi darbee darbee garuu hoggansa hojii fi gahee hojii wajjiin wal qabatee rakkoowwan kan jiran ta'uun isaa qorannoowwan tokko tokko ni agarsiisu.

Adeemsi abbaan alangaa fi poolisiin wajjiin ittiin qoratan faayidaa guddaa kan qabu ta'uun isaa haala amma jiruun hubachuun rakkisaa hin ta'uu qorannoo gama teeknikaa fi ogummaa poolisii barbaadu poolisiin kan uwwifamu yoo ta'u abbaan alangaa gama dhimmoota seera wajjiin wal qabatan irratti hojjachuun iddoma tokkotti kan qoratan waan ta'eef rakkoo harkifachuu dhimmootaa fi qisaasa'iinsa yeroo fi qabeenyaa akka hambisuu danda'u ni amanama.

2.2. Qorannoo Yakka Gudeeddii

2.2.1. Maalummaa Yakka gudeeddii

Yakkoonni walqunnamtii saalaa humnaa (sexual violence) kutaa adduynaa hunda keessatti ni mul'atu. Isaan kunneenis bifa adda addaa kan qaban yoo ta'u, kanneen keessaas kan bal'inaan beekaman gudeeddii, dubartoota gocha saalqunnamtiif jecha gabroomsuu (sexual slavery), humnaan ulfeessuu, akkasumas, tutuqaa saalaa, sexual assault, walqunnamtii saalaa namoota firummaa qaban gidduu fi daldala namaa (trafficking) dha.[33]

[32] akkuma olii
[33] The investigation and Prosecution of Sexual Violence, A Working Paper of the sexual Violence & Accountability Project, Human Rights Center University Of California, may 2011

Yakkoota dubartoota irratti baay'inaan raawwataman keessaa tokko yakka dirqisiisanii gudeeduuti. Qorannoowwan tokko tokko akka agarsiisanitti dubartoota shan keessaa tokko yeroo umurii jireenya ishee keessatti gudeeddiin ykn yaaliin gudeeddii akka irratti raawwatamu ni tilmaamama.[34]

Yaad-rimeemefi hiikkaan yakka gudeeddii biyya tokko irraa biyya biraatti garaagarummaa guddaa qaba. Hikkoo jecha gudeeddii ykn 'rape' jedhu yoo ilaallu maddi tokko akka armaan gaditti hiika. Gudeeddiin yakka walqunnamtii saalaa yeroo baay'ee kan humnaan, nama fedhii isaa hin laanne wajjiin, keessattuu dubartootaafi shamarran irratti dhiiraan kan raawwatamu dha jechuun kaa'a.[35]

Biyyoota Sirna seeraa koman loow hordofan keessatti yeroo dheeraaf akka hiikkoo yakka gudeedditti fudhatamaa kan ture gudeeddiin *"A carnal knowledge of a woman not one's wife by force or against her will"* jedhamee kan beekamu dha. Baroora 1960 dura Amerikaa keessatti akka hiikni kun hojii irra ture ni ibsama.[36]

Hikkoo yakka gudeeddiif armaan olitti laataman lamaan irraa akka hubannutti isaan lameenuu yakki tokko gudeeddii ta'uuf gochi sun walqunnamtii saalaa (sexual intercourse/carnal knowledge) ta'uu qaba, gochi raawwatamu qaba(wal qunnamtiin saalaa raawwatamuu qaba), kan raawwatame immoo humnaan, akkasumas miidhamtuun gocha kana osoo didduu yookaan fedhii isheetiin ala ta'uu isaa fi gochi kun dhiiraan dubartoota irratti kan raawwatamu ta'uu qaba.[37]

Akkuma armaan olitti ibsamuuf yaalametti yaad-rimeen yakka dirqisiisanii gudeeduu biyyoota fi sirnoota adda addaa keessatti bifa adda addaatiin kan fudhatamu ta'uu isaati. Hiikkoon yakka gudeeddii biyyoota gara garaa keessatti haala qabatamaa yeroo fi jijjiirama jiruuf jireenya hawaasaa keessatti mul'atan bu'uureeffachuudhaan yeroo adda addaatti foyya'aa fi jijjiiramaa

[34] United Nations Development Fund for Women, "Violence against women: facts and figures", November 2007. Available from www.unifem.org/gender_issues/violence_against_women/facts_figures.php.
[35] Webster's New World Dictionary, Third College Edition, New York, (1988) ... the crime of having sexual intercourse, usually forcibly, with a person who has not consented; specifically, this crime is committed by a man on a woman or a girl. Rethinking Ethiopian Rape Law, Tsehaay Waadaa, Journal of Ethiopian Law, vol.25, 2012 pp.191, irraa kan fudhatame.
[36] Rape and Sexual Assault, Dean G. Kilpatrick, Ph.D. National Violence Against Women Prevention Research Center, Medical University of South Carolina. Hiikkoon kun bara 2012 gabaasa FBI keessattis haaluma kanaan kan ibsame yoo ta'u booda irra garuu akka jijjiiramu taasifamee jira.
[37] Tsehaay wada, Journal of Ethiopian Law, *Rethinking Ethiopian Rape Law*, 2012

dhufee jira. Haaluma kanaan hikkoo fi ulaagaalee seeraa yakka dirqisiisanii gudeeduu biyyoota adda addaa keessatti itti ibsame gabaabsinee haa ilaallu.

Akkaata yakki gudeeddii seera biyyoota biroo keessaatti itti ibsame yoo ilaallu seerri biyya Keeniyaa yakka gudeeddii akka armaan gaditti kaa'a:

Gudeeddii:-

Namni tokko yakka gudeeddi raawwateera kan jedhamu:

a) Inni ykn isheen itti yaaduun fi seeraan ala gocha qaama saalaatiin qaama saalaa namaa keessa seenuu (penetration) yoo raawwateefi

b) Namni biraan sun gochi akka itti raawwatamu kan fedha hin laanne yoo ta'ee ykn

c) Fedhiin laatame kan humnaan ykn akkaataa kamiinuu sodaachisuun kan argame yoo ta'eedha.[38]

Akkasumas seerri biyya Inglaand bara 2003 A.L.A bahee yakka gudeeddii akka armaan gaditti ibsa.

Rape:

1). A person (A) commits an offence if-

a) he intentionally penetrates the vagina, anus or mouth of another person (B) with his penis,

b) B does not consent to the penetration and

c) A does not believe that B consents.

Hiikkoo yakka gudeeddii bal'aa kan kennan keessaa immoo seerri yakkaa biyya Hindii bara 2013 (A.L.A) fooyya'ee bahee tokko dha. Seerri kuni yakka gudeeddi akka armaan gaditti teechisa:

A man is said to commit "rape" if he-

[38] Kenya Sexual Offenses Act (2006) Keewwata 3.

a) penetrates his penis, to any extent, in to the vagina, mouth, urethra or anus of a woman or makes her to do so with him or any other person; or

b) inserts, to any extent any object or part of the body , not being the penis, in to the vagina, the urethra, or anus of a woman or makes her to do so with him or any other person; or

c) manipulates any part of the body of a woman so as to cause penetration in to the vagina, urethra, anus or any part of the body of such woman or makes her to do with him or any other person. or

d) applies his mouth to the vagina, anus, urethra or any other part of a woman or makes her to do with him or any other person,...

.... against her will and without her consent...

jechuun wantoota dabalataan guutamu qaban tarreessuun kaa'a.[39]

Seerota yakka dirqisiisanii gudeeduu ilaalchisee seroota biyyoota muraasa armaan olitti caqasaman kan biyya keenya wajjiin wal bira qabne ilaaluuf hiikkoo yakka gudeeddii seera yakkaa biyya keenyaa jalatti ibsame haa ilaallu. Seera yakkaa RDFI bara 1996 ba'e keewwata 620(1) jalatti yakka gudeeddii bifa armaan gadiin teechisa.

> *'Namni kamiiyyuu gocha humnaa fayyadamuun ykn sodaachisuun ykn akka of wallaaltu gochuun ykn karaa biroo kamiinuu akka ofirraa ittisuu hin dandeenye gochuudhaan fuudhaaf heerumaan ala dirqamaan dubartii takka waliin qunnamtii saalaa yoo raawwate ... [ni] adabama.'*

Bu'uura seera kanaan yakki tokko gudeeddii kan jedhamu haalota armaan gaditti ibsaman yoo guutee argame akka ta'e hubachuu ni dandeenya. Isaanis.

a. Gochi humnaan (dirqamaan) raawwatame ta'uu fi kaayyoon isaas gocha wal qunnamtii saalaa raawwachuuf ta'uu qaba.
b. Wal qunnamtiin saalaa raawwatamuu qaba;
c. Miidhamtuun dubartii ta'uu qabdi.

[39] The Criminal Law (Amended) Act 2003

d. Wal-quunnamtiin namoota gaa'ilaan walitti hin hidhamne gidduutti raawwatamuu qaba; (Kana jechuun seerri biyya keenyaa gudeeddii gaa'ela keessatti raawwatamuuf beekamtii hin laatu jechuu dha.)
e. Gochi ittiin miidhamtuun yakkichaa dirqamtu kanneen armaan gadii keessaa tokko ta'uu danda'a. Isaanis:-
    i. *Gocha humnaa fayyadamuun ykn*
    ii. *Miidhamtuu irratti gocha sodaa cimaa uumuu daanda'utti fayyadamuun; ykn*
    iii. *Haala kamiiniyyuu isheen akka of hin beekne ykn of-irraa hin ittisne taasisuudhan ta'uu danda'a.*

Wal fakkaatinsaa fi garaagarummaa seerota armaan olitti caqasamanii fi kan biyya keenya gidduu jiranii fi isaan ijoo ta'an armaan gaditti wal bira qabnee haa ilaallu.

a) Qaama Raawwatuu fi Itti Raawwatamu Ilaalchisee;

Hiikkoo yakka gudeeddiif seera biyya Keeniyaa jalatti laatame kan biyya keenyaa wajjiin wal bira fidnee yoo ilaalluu garaagarummaan armaan gadii ni mul'ata. Bu'uura seera biyya keenyaatiin dubartiin gudeeddii kan hin raawwanne akka ta'ee fi seerri biyya Keeniyaa garuu saala lamaan iyyuu haala wal fakkaatuun kan ilaale (dhiirris akka gudeedamu kan kaa'e) ta'uu isaa ni hubanna(bu'uura seera yakkaa biyya keenyaa keewwata 621 tiin gocha saal qunnamtii humnaa dubartiin dhiira iratti raawwattu dirqisiisanii gudeeduu jedhee hin teechisu) Bifa wal fakkaatuun seeronni biyya Hindii fi Inglaand seera biyya keenya wajjiin bifa wal fakkaatuun yakki gudeeddii dhiiraan kan raawwatamu ta'uu isaa ni kaa'u. Haata'uu malee, bu'uura seera biyya Inglaandii fi Keeniyaatin dhiirris ta'ee dubartiin kan gudeedaman akka ta'ee seerri isaanii kan kaa'u yoo ta'u, biyya Hindii keessatti garuu kan gudeedamtu dubartii qofa akka taate ni hubanna.

b) Kutaa Qaamaa Yakki itti Raawwatamu Ilaalchisee

Seerri yakka dirqisiisanii gudeeduu biyya keenyaa gocha raawwii wal qunnamtii saalaa dhiiraa fi dubartii irratti kan xiyyeeffatuu yoo ta'u gochaalee biroo seerota biyyoota biroo keessatti akka gocha wal-qunnamtii saalaatti ilaalaman kan hin uwwisnee dha. Bu'uura seera biyya

Keeniyaatiin fakkeenyaaf, jechi qaama saalaa (genital) jedhu (anus) kan dabalatu ta'uun isaa haala seera biyya keenyaa irratti ibsame wajjiin garaagarummaa kan qabu ta'uu isaa ni hubanna.

Bifa wal fakkaatuun seerri biyya Inglaand kutaa qaama qunnamtiin itti raawwatamu ballisee kaa'ee jira. Bu'uura seera kanaan namni tokko qaama saalaa isaa qaama saalaa dubartii, taa'umsa (anus) ykn afaan nama biraa keessa yoo kaa'e yakka gudeeddii akka raawwatetti kan fudhatamu ta'uu isaa ni mul'ata. Qaama saalaa dubartii(vagina) qofa osoo hin taane afaan, taa'umsa (anal) nama biraa irratti qaama saalaa dhiiraatiin (penis) gochicha yoo raawwate yakka gudeeddii jalatti kan hammatamu ta'uu isaati.

Dhimma kana irratti ibsa bal'aa kan laate seera yakkaa biyya Hindii yoo ta'u akkaataa seera kanaan yakki gudeeddii qaama saalaa dhiiraatin qofa osoo hin taane meeshaa kamiyyuu fayyadamuun qaama saalaa dubartii dabalatee qaama ishee kamiyyuu keessa yoo seene (penetration) yookaan namni biraa akka gocha kan raawwatu yoo godhe yakka gudeeddii raawwatee jira jechuun kan kaa'ee dha. Hikkoon yakka gudeeddiif seera biyya Hindii jalatti kenname bal'aafi tuttuqaa qaamaa seerota biroo keessatti bifa addaan ibsaman akka gudeeddiitti kan teechise dha.

c) Gochi Gudeeduu Raawwatameera Kan Jedhamu Yoomii Kan Jedhu Ilaalchisee

Qabxiin garaagarummaan itti mul'atu inni biroon gochi gudeeduu raawwatameera kan jedhamu yoomii kan jedhu yoo ta'uu; seerri yakkaa biyya keenyaa haala ifa ta'een waan kaa'e hin qabu. Seerri biyya Hindii gochi gudeeddii raawwatame kan jedhamu yoo qaamni gocha raawwate gara qaama miidhamtutti hamma ta'e *'to any extent'* kan seene '*penetrate*' yoo godhe jechuun kaa'eera. Kunis, daangaa yaalii fi raawwii yakkichaa gidduu jiru adda baasuuf kan fayyadu ta'uu isaa ni ilaalla.

Haaluma wal-fakkaatuun seeronni biyya Keeniyaa fi Inglaand akka seera biyya keenyaa *yoo raawwate* osoo hin taane qaama ishee keessa yoo seene '*Penetrate'* yoo godhe' jechuun kan ka'an ta'uu isaa ni hubanna.

Hiikkoon bifa kanaan laatamu hojii irra oolmaa seerichaatiif barbaachisummaa akka qabu hubachuun nama hin rakkisu.

Yaadrimeen seerota armaan olitti ilaalle keessa hin jirree fi seera yakkaa Itoophiyaa keessatti hammatame 'gaa'elaan ala' isa jedhu dha. Seeerota biyyoota armaan olitti caqasaman keessatti jechi gaa'elaan ala jedhu kallattiidhaan kan hin kaa'amne yoo ta'u yaadrimee 'marital rape' jedhuuf beekamti kan laate akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

Akka waliigalatti hikkoon yakka guddeeddiif seera yakkaa biyya keenyaan laatame isaan biyyoota akka fakkeenyaatti fudhanne wajjiin wal bira qabnee yoo ilaallu dhiphate kan ibsame ta'uu isaa ni hubanna.

Haala kanas adeemsa qorannoo yakkaa wajjiin walitti dhufeenya qabu yoo ilaallu, haalli yakki gudeeddi kun itti ibsame adeemsa qorannoo yakkichaa gama hundaanuu kan murteessu ta'ee argina. Fakkeenyaaf akkaataa seera biyya keenyaatiin gudeeddiin kan raawwatamu qaama wal-qunnamtii saalaatiin baratameen akka ta'e ni beekama. Haata'uu malee, yakki walqunnamtii saalaa gara biraa yoo raawwatame qorannoon gaggeeffamu kan qaama saalaa irratti xiyyeeffatu waan ta'eef yakkoota saalqunnamtii biroof (anal, oral) akka xiyyeeffannaan hin laatamne taasisa.

Seerri yakkaa biyya keenyaa yakka dirqisiisanii gudeeduu maaliif qaama saal qunnamtii (vaginal sex) qofa irratti akka daangesse ifa miti. Yakki gocha saal qunnamtii feedhiin alaa yookaan humnaan raawwatamu kamiyyuu miidhaan hamilee, qaamaa fi xiinsammuu miidhamtoota irratti qaqqabsiisan garaagarummaa qabaachuu isaatiif ragaa dhiyeessuun hin danda'amu.

2.2.2. Qorannoo yakka gudeeddi fi Rakkoowwan mul'atan

Yakkoota baay'inaan keessattu dubartoota irratti raawwataman keessaa tokko yakka gudeeddiiti akka ta'e armaan olitti ilaallee jirra. Haata'uu malee, raawwii yakka kanaa ilaalchisee gabaasni poolisii bira ga'u kan raawwatamuun gadi akka ta'e ni ibsama. Miidhamtoonni umrii kamiyyuu irratti argaman ifatti ba'anii dubbachuu irratti kaka'uumsi qaban gadi'aanaa dha.[40]

Biyyoota guddatan jedhaman Amerikaa dabalatee lakkoofsi yakkoota raawwatamanii fi gabaafamanii garaagarummaa guddaa kan qabu ta'uun isaa ibsamee jira.[41] Rakkoo kanaafis sababootni adda addaa kan kaa'aman yoo ta'u isaan ijoo ta'an:

[40] Robert R. Hazelwood & Ann Wolbert Burgess(2009), Practical Aspects of Rape Investigation, 4th ed. Ed. CRC press ,
[41] Rape is the most under reported crime... miiljalee lakk. 35, miiljalee lakk.32

- ✓ Namoonni miidhaan gudeeddiin irra gahe akka balleessaatti of ilaaluu (guilt)
- ✓ Haaloo sodaachuu
- ✓ Qaanii,
- ✓ Beekumsa gahaa dhabuu fi sirna haqaa fi fayyaa irratti amantaa dhabuu
- ✓ Rakkoo sammuu fi qaamaa (trauma) miidhamtootaa raawwii yakkaa sanaan booda isaan muudatuu fi kkf akka sababati ka'uu akka danda'an ni ibsama. (Bargees, Feehidarii fi Hartmaan, 1995).[42]

Akkasumas hiriyoota, maatii fi hawaasa isaani irraa foo'amuu (exclusion) sodaachuu[43], sab-qunnamtiin dhimmichaaf xiyyeeffannaa laatanii waan gabaasaniif kana hambisuuf jecha dhoksuun ykn ragaa bahuu irraa of qusachuun akka mul'atu hayyootni dhimma kana irratti barreeffamoota adda addaa dhiyeessan ni ibsu.[44]

Qorannoo yakka gudeeddii keessatti akka rakkootti dhimmoota ka'an keessaa tokko himata sobaa dhiyeessu akka ta'e maddoonni tokko tokko ni agarsiisu. Himatni sobaa (false sexual report) yeroo hunda kan muudatu ta'uu baatus rakkoon akkanaa kan mul'atuu fi sababoota adda addaa irraa maddu kan danda'u ta'uu isaa barreeffamoonni adda addaa ni agarsisu. Sababoota kanneen akka fakkeenyaatti kaa'aman keessaa haaloo ba'uuf, beekamtii argachuuf, gochi armaan dura dhoksaan raawwachaa turan yoo itti beekamu sobaan himata dhiyeessuun akka mul'atu ni ibsama. Seerri yakkaa biyya Keeniyaa dhimma kanaaf xiyyeeffannaa laachuudhaan keewwata 38 jalatti namni tokko yakki qunnamtii saalaa humnaa (gudeeddii dabalatee) naratti raawwatameera jedhee sobaan yoo himate addabbii yakkichaaf teechifameen akka adabamu kaa'ee jira. [45] Adeemsa kana keessatti garuu qorataan dhimmicha waan fe'e ta'u hanga dhumaatti itti deemuun qulqulleessuu fi soba ta'uu isaa mirkaneessuu qaba.

Dhimmuma qorannoo yakka gudeeddi kanuma wajjiin wal qabatee akka rakkinatti wanti ka'uu danda'u immoo gama qaamolee haqaa keessa hanqina meeshaalee fi qabeenya hojii qorannoo gaggeessuuf barbaachisaa ta'e jiraachuu dhabuu isaati. Inni kunis nammoonni gara qaamolee haqaatti akka hin deemne ittisu irra darbanii nama yakka raawwate sana adabsiisuuf tattaaffi godhanus fashaleessuu danda'u.

[42] miiljalee lakk. 32
[43] miiljalee lakk 14 fuula 214
[44] miiljalee lakk. 14. fuula 208
[45] Kenya Sexual Offences Act(2006) keewwata 38

Haalumma wal fakkaatuun ilaalchii fi dandeetiin qorataa (attitude of the investigator) adeemsa hojii qorannoo irratti dhiibbaa guddaa akka qabu ni ibsama.[46] Keessattu qorannoon yakka gudeeddii cimaa fi wal xaxaa ta'uun isaa qorataan dafee abdii kutachuu fi kutannoodhaan itti deemuun fiixaan baasuu irratti rakkoo uumuu ni danda'a.

2.2.2.1. Ragaa Af-gaaffii

Akkuma qorannoo yakkoota biroo yakka gudeeddi qorachuu keessatti af-gaaffiin miidhamtuu fi namoota ragaa ta'an wajjiin gaggeeffamu murteessaa dha. Akkaataa yakkichi itti raawwatameefi eenyummaa nama raawwatee ilaalchisee odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu gaggeessuuf af-gaaffiin murteessaa dha.

Af-gaaffii gaggeessuu irratti garuu rakkoowwan adda addaa kan mul'atan ta'uu barreeffamoonni gara garaa ni ibsu.[47] Rakkoowwan kanneen keessaa inni guddaan sodaa gama dubartootaatiin jiru dha. Haaluma dhimmichaa irraa ka'ee, rakkoo isaan muudate sana ibsuuf baay'ee rakkisa akka ta'e ifa dha. Rakkoon dhima kana wajjiin wal qabatee ka'u inni biraan immoo yeroo baay'ee qorattoonni yakkaa dhiira waan ta'aniif, dubartiin dhiiraan gudeedamte dhiiraaf dubbachuun ishee rakkisuu danda'a. Haata'uu malee akka barreessitoota tokko tokkootti dubartoonni adeemsa dhimma isaanii keessatti dhiira wajjiin walittidhufeenya qabaachuun isaanii waan hin oolleef bifuma kanaan saala qorataa irra dandeetti kabajaa fi jaalala hojiif qabuun qorataa sana madaaluu akka qaban akeeka.[48]

Gama biraatiin immoo dubartiin gudeedamte ykn miidhaan irra gahee fi namni yakka itti raawwate naannoo tokko kan jiraatan yoo ta'es haaloo sodaachuudhaan ragaa kennuu irraa of qusachuu dandeessi. Bifuma wal-fakkaatuun nammoonni ragaa ba'anis nageenya ofii isaaniitiif sodaachuun odeeffannoo laachuu irraa of qusachuu danda'u.[49]

Rakkoon biraa as biratti ka'uu qabu immoo xiinsammuu miidhamtuu wajjiin wal qabate haala jiru dha. Inni kunis wanta ishee muudate irraa kan ka'e miidhaan hamilee fi xiinsammuu ishee irra gahe waan ishee jeequu danda'uuf odeeffannoo bifa barbaadamuun akka hin kennine ishee gochuu danda'a. Yeroo baay'ee namoonni qorannoo gaggeessan ogummaa xiinsammuutiin kan

[46] miiljalee lakk.14. fuula 208
[47] miiljalee lakk.24
[48] miiljalee lakk.14 fuula 208
[49] miiljalee lakk 24

leenji'an waan hin taaneef rakkoo gama kanaan jiru furuuf rakkoon isaan muudachuu danda'a.[50] Akkasumas qorattoonni ofii isaaniiti dhimmoota akkanaa deddeebi'anii dhaggeeffachuu irraa kan ka'e rakkoo xiinsammuutiif saaxilamuu danda'u.

2.2.2.2. Ragaa foorensiikii

Yakki gudeeddii yeroo baay'ee qaama irratti wanta mul'atu fi ragaa tokko dhiisee kan darbu ta'uun isaa faayidaa ni qabaata. Inni kunis kan ta'u fkn ragaa DNA argachuun waan danda'amuuf nama yakka raawwate sana beekuu dandeechisa. Yakkoota walqunnamtii saalaa wajjiin walqabatan iratti qaamni miidhamtuu iddoo yakki itti raawwatame jalqabaa ykn 'crime scene' jedhamee fudhatama. Hojiin qorannoo foorensikii mana yaalaa galtee adeemsa qorannoo isa guddaa dha.[51]

Miidhamtoonni yeroo baay'ee yakki erga itti raawwatameen booda gara manneen yaalaatti ni deeman jedhamee timaamama. Ogeeyyiin fayyaas qorannoon isaan gaggeessan " qorannoo fayyaa ragaan isaa boodde tajaajila adeemsa kennaa murtiitiif oluu akka ta'e hubachuun gaggeeffame fi ibsa ogeessa fayyaa barbaadu" ta'uu isaa beekuu qabu.[52] Ragaan foorensiikii samuuda rifeensaa, dhiiga, dhangala'aa dhiiraa (semen) ykn ancufa, meeshaalee iddoo yakki itti raawwatetti argaman, qoranno fincaanii ni dabalata.

Odeeffannoo af-gaaffii bu'uureeffachuun, qorannoon fooreensiikii ragaa dhimmoota armaan gadii mirkaneessuuf gargaaran walitti qaba

1) gochi wal-qunnamtii saalaa raawwatamuu isaa,

2) raaawwiin qunnmtii saalaa kun kan humnaan raawwatamee fi miidhaa qaamaa jedhame wajjiin kan wal fakkaatu ta'uu isaa fi

3) namni ta'e yakka sana raawwachuu isaati.[53]

Rakkoowwan qorannoo foorensiikii wajjiin walqabatanis jiru. Tokkoffaa yeroo wajjiin wal qabate haala jiru dha. Ragaa amansiisaa argachuuf yakki raawwatame sa'aatii 72 keessatti yoo

[50] R. Karl Hanson, "The Psychological Impact of Sexual Assault on women and Children: a Review, 3 *Sex Abuse* 187-232(1990)
[51] miiljalee lakk. 32
[52] WHO, *Guidelines for medico-legal care:*56
[53] miiljalee lakk. 35

qorannoon gaggeeffame gaarii akka ta'e ni ibsama.[54] Miidhamtuun turu isheetiin yookaan dhaqna ishee dhiqachuun ragaa balleessu ni dandeessi.

Rakkoon gara biraa immoo baasii qorannoo DNA wajjiin kan wal qabtee dha. Qorannoon foorensiikii DNA kan baasii guddaa gaafatuu fi laaboraatorii sadarkaa isaa eeggate, ogeeyyi leenjii ga'aa qaban kan barbaabadu ta'uun isaa ni beekama. Rakkoon gama kanaan jiru bal'ifnee yoo ilaallu biyyoota akka Itoophiyaa keessatti laaboraatoriin qorannoo DNA gaggeessu kan hin jirre yoo ta'u, biyya Amerikaa keessatti immoo osoo haala gahaa ta'een argamu haalli itti fayyadamin hafuu jira.[55]

Qorannoo foorensiikii gaggeessuu irratti rakkoon dabalataan ka'uu danda'u qaama miidhamtuu irraa madaan (miidhaan qaamaa) mul'achuu dhabuu isaati. Rakkoo kanaafis wantoootni bu'uura ta'an kan jiran yoo ta'u isaan keessaa turanii dhufuu, meeshaalee qorannoo ammayyaa dhabuu (magnification), leenjii fi muuxannoon namoota qorannoo gaggeessanii fi himatni sobaa akka fakkeenyatti kaasuun ni dand'ama.[56]

2.2.3. Hariiroo Qaamolee Dhimma kana irratti Hirmaatan Ilaalchisee

Adeemsa qorannoo dhimmoota yakkaa fi haqa argaamsiisuu keessatti tattaaffiin qaama tokko qofa bu'a akka hin qabaanne muuxannoowwan biyyoota adda addaa ilaaluun ni danda'ama. Kana jechuun qaamoleen gara garaa dhimma kana keessatti hirmaatan walitti dhufeenya gaarii qabaachuu fi wajjii hojjachuun bu'aa qorannoo faayidaa qabeessaa fi kaayyoo barbaadame akka galmaan ga'u dha. Akka fakkeenyaatti biyya Amerikaa keessatti qaamoleen adeemsa hojii qorannoo yakkoota saalqunnamtii wajjiin wal qabatan irratti gahee qaban jedhaman adda baafamanii jiru[57]

Isaanis; qaamolee fayyaa, qaamolee haqaa seera raawwachisan (law enforcement), qaama adabsiisu(*prosecution)*, amala sirreessaa fi dhaabbilee miidhamtootaaf gargaarsa taasisani dha. Qaamoleen kunneen qofaa isaanitti hojjachuudhaan bu'a qabeessa ta'uun waan isaan rakkisuuf walitti dhufeenyi isaan qaban hojii milkaa'ina qabu raawwachuuf murteessaa dha.

[54] miiljalee lakk.29
[55] Human Rights Watch. *Testing Justice:The Rape Kit Backlog in Los Angeles City and County* (USA:Human Rights Watch, 2009)
[56] miiljalee lakk. 35, fuula 7
[57] akkuma olii fuula 15

Rakkoowaan gaggeessa hojii qorannoo armaan olitti kaa'aman bu'uureeffachuun ogeeyyiinii fi barreessitoonni adda addaa yaadolii furmaata dhimmota kanaaf ta'an akeekaniiru. Akka waliigalatti rakkoowwan mul'atan baay'ina kan qabanii fi adeemsa qorannoo yakka gudeeddii biyyoota baay'ee keessatti kan mul'atan ta'uu isaafi sadarkaan cimina isaanii guddina teeknolojii, xiyyeeffannaa dhimmichaaf laatamee, sadarkaa hubannoo hawaasaa fi kkf. irratti hundaa'uun kan garaagarumma agarsiisudha.

Haata'uu malee rakkoowwan armaan olitti caqasamanii fi adeemsa hojii qorannoo yakkoota walqunnamtii saalaa humnaa (gudeeddii dabalatee) furuuf sirnoota haqaa adda addaa keessatti tarkaanfiiwwan fudhatamuu qaban ilaalchisee yaadoliin furmaata kaa'aman tokko tokko akka armaan gaditti ni ibsamu.

2.2.3.1. Qaamolee Fayyaa wajjiin Hariiroo jiraachu qabu Ilaalchisee

Rakkoowwan qorannoo yakkoota gudeeddii fi saal qunnamtii biroo haala bu'a qabeessa ta'een qoratanii, qulqulleessanii dhiyeesuu keessatti gaheen dhaabbilee fayyaa guddaa akka ta'e ni beekama. Bu'uuruma kanaan akka waliigalatti tajaajila miidhamtoota yakkaaf laatamu dabalatee milkaa'ina hojii qorannichaatiif walitti dhufeenyi fi qindoomoni dhaabbilee fayyaa fi qaamolee haqaa cimaa fi itti fufiinsa kan qabu akka ta'u qabu ibsama.[58] Adeemsi kuni rakkoowwan gama kanaa mul'atu furuuf faayidaa guddaa akka qabu muuxannoowwan biyya Afrikaa Kibbaa fi Koongoo (DRC) ni agarsiisu. Biyyoota kanneen keessatti giddu gala fayyaa keessatti tajaajila seeraa laachuu dabalatee ogeeyyii ogummaa fayyaa fi seeraa qabani fi qorattoota leenjii addaa fudhataniin fayyadamuun kan hojjatan faayidaa guddaa akka argamsiise ni ibsama.[59] Ogeeyyiin fayyaa yakkoonni gudeeddii ija seeraatiin akkamitti ilaalamu isa jedhu hubachuun isaanii ragaa barreessaniifis ta'e odeeffannoo laataniif bu'uura akka ta'uu danda'u muuxannoowwan armaan olitti kaa'aman ni agarsiisu.

Bifuma walfakkaatuun keenninsa haqaa yakka gudeeddii fi yakkoota wal qunnamtii saalaa wajjiin wal qabatan fooyyessuuf biyyoota adda addaa keessatti ogeeyyiin fayyaa kallattidhaan dhimmoota miidhaa walqunnamtii saalaa wajjiin walqabatee jiru qoratan (Sexual Assault Nurse

[58] World Health Organization. *Guidelines for Medico-Legal Care for Victims of Sexual Violence*, Geneva, WHO, 2003.
[59] South Africa National Prosecuting Authority. *Thuthuzela Care Center: Turning Victims in to Survivors,* http://www.info .gov.za/events/2009/TCC_2009,pdf. irratti kan argamu. http://www.healafrica.org/about-hael-africa-p-1.html.irratti kan argamu.

Examiner) leenjisuun gara hojitti bobbaasaa jiru. Kanaafi kan fakkeenya ta'an USA, Kaanaadaa fi Keeniyaa dha.[60]

2.2.4. Qaamolee Haqaa Ilaalchisee yaada furmaataa kennaman

Simannaa fi kunuunsa poolisiin miidhamtootaaf taasisu foyyeessuufi sirreessuun hojii haqa kennisiisuu bu'a qabeessa ta'e raawwachuu ni dandeessisa. As jalatti yaadrimeewwan xiyyeeffannaa guddaa argatan lama ni jiru, Isaanis waajjiraalee poolisii keessatti lakkoofsa qorattoota poolisii dubartootaa dabaluu fi garee addaa koorniyaa irratti hojjattu buufata poolisii keessatti hundeessuu kan jedhanii dha. Qorattootni dubartoota jiraachuun isaanii miidhamtoonni yakka gudeeddii rakkoo isaanii bilisa ta'ani akka ibsatan isaan gargaaruu danda'a. [61] Dabalataan gareen addaa koorniyaa (specialized gender units) qabaachuun ogeeyyi qorannoo yakkoota saal qunnamtii wajjiin wal qabatan irratti dandeetti gahaa qaban horachuu waan dandeessisuuf dhimmoota akkanaaf fala laachuuf gumaacha guddaa taasisa.[62]

2.2.4.1. Qajeelfama Qorannoo fi Leenjii Qabaachuu

Qajeelfama qorannoo fi leenjii sadarkaa isaa eeggatetti fayyadamuun rakkoowwan qorannoo yakka gudeeddii haala bu'a qabeessa ta'een gagggeessuuf wantoota barbaachisan keessaa isa tokko. maanuwaali qorannoon itti gaggeeffamu qabaachuun, gaaffiiwwan gaafatamuu qaban maal faa akka ta'an adda baasanii beekuun fi akka walii galatti adeemsi hordofamuu qabu maal akka ta'e haala agarsiisuun qajeelfamaqophaa'e qabaachuun faayidaa heddu akka qabu qorannoowwan adda addaa fi muuxannoowwan biyyoota adda addaa ni agarsiisu.[63] Biyyootni baay'een maanuwaalii fi qaleelfama(guidelines) qorannoo yakkoota gudeeddi fi saal-qunnamtii kallattiidhaan ilaalu kan qaban yoo ta'u akka fakkeenyaatti qajeelfama biyya UK, Filippins fudhachuun ni danda'ama. [64] Akkasumas Dhaabbanni Mootummoota Gamtoomanii yeroo adda addaatti dameewwan dhaabbatichaa adda addaatiin qajeelfamoota hojii qorannoo akka waliigalaa

[60] miiljalee lakk. 29 fuula 24.
[61] UNDOC, *Handbook of effective police response*, miiljalee lakk.3 fuula 208
[62] miiljalee lakk.29 fuula 26
[63] Miiljalee lakk.18 fuula.33
[64] Phillipins Manual For Criminal Investigation 2010, Uk Guidelines for

fi yakka gudeeddii kallattiidhaan ilaalan qopheessuun biyyoonni miseensa ta'an akka itti fayyadaman dhiyeessee jira.[65]

2.2.4.2. Hamilee fi Mirga Miidhamtootaa Eeguu

Gargaarsa xiinsammuu ragootaa fi qorattootaaf kennuun faayidaa heddu akka qabaatuu fi bu'a qabeessummaa hojii qorannoo yakka gudeeddiif akka shoora guddaa taphatu ni ibsama. Xiinsammuu miidhamtootaa, namoota ragaa ta'anii fi qorattoota mataa isaaniitiif kunuunsi (of eeggannoon) taasifamu adeemsa qorannicha yakkaa irraa kaasee hanga mana murtii jiru hunda keessatti jiraachuun keenninsa tajaajila haqaatiif murteessaa dha.[66]

2.2.4.3. Qorannoo Yakkoota biroo Keessatti Raawwii yakka gudeeddii Qorachuu

Qorannoo yakkoota biroo yoo gaggeessan gudeeddiin raawwatamuu isaa (if there exists rape element) qorachuunis adeemsa sirna haqaa yakka gudeeddii fi yakkoota biroo saal qunnamtii wajjiin walqabatan keessatti faayidaa guddaa ni qabaata. Miidhaan yakkoota kanneenniin dhaqqabu yeroo baay'ee kan ifatti mul'atu waan hin taaneef, poolisiin ta'een qaamni qoratu biraa raawwi yakkoota birootiin duuba yakki gudeeddii ykn walfakkaatu raawwatamuu isaa qulqulleessu qabu. Keessattu miidhamtuun haala itti ibsu hin dandeenye irra argamti yoo ta'e qorataan dhimma kanaaf xiyyeeffannaa laachuun qorachuu qaba.[67]

2.2.4.4. Icciitii fi Nageenya Ragaa baatotaa fi miidhamtootaa eeguu

Icciitii eeguu wajjiin wal qabatee gama qorattootaatiin of eeggannoo gudaatu godhamuu qaba. qorataan akkaataa ogummaa isaatiin irraa eeggamuun icciitii miidhamtuu fi kan biros eeguu fi haala kamiin ykn isaan kam akka ifa ba'uu qabanii fi yoom akka ta'e miidhamtootaaf ifa gochuun barbaachisaa dha[68]. Inni kunis amantaa miidhamtoonis ta'ee hawwasni adeemsa qorannoo irratti qabu akka cimu taasisa.

Nageenya fi tasgabbii ragaa baatotaaf wabii laachuun adeemsa haqaa yakkootaa keessatti gahee guddaa qaba. Bu'uruuma kanaan qorataan adeemsa hojii isaa keessatti miidhamtootaaf,

[65] WHO *Guidelines for medico legal care for victims of sexual violence*, UNODC, *Handbook on effective police responses to violence*
[66] miiljalee lakk. 29. fuula 35, Harris, Sexual Violence, *Medical and Psychological support*
[67] akkuma olii lakk. 57
[68] akkuma olii fuula 29

ragootaafi ofi isaatiif of eeggannoo gahaa gochuu qabu.[69] Keessattu yakki gudeeddii kan dhoksaan raawwatamuu fi yeroo baay'ee kan ragaa namaa irratti hundaa'e waan ta'eef gama kanaan hojiin eegumsi ragaa baatotaafis ta'e miidhamtootaaf taasifamu faayidaa guddaa ni qabaata.

2.2.4.5. Fayyadama Teeknolojii Cimsuu

Gama biraan fayyadama teeknolojii wajjiin walqabatee meeshaalee qorannoo ammayyaatti fayyadamuunis barbaachisaa akka ta'e qorannoowwan adda ddaa ni agarsiisu. Qorannoowwan yakka gudeeddii wajjiin walqabatan qorachuu irratti ragaa qabatamaan kan argamuu danda'u akkuma yakki raawwatameen yookan yoo baay'ate sa'aatii 72 keessatti. haata'uutii teeknolojii ammayyaa yeroo ammaa kalaqamanii fi kalaqamaa jiranitti fayyadamuudhaan kenniinsa haqaa yakkoota gudeeddii fooyyessuun ni danda'ama. Meeshaalen qorannoo ammayyaa kan akka skoolooskooppi (scoloscope) tti fayyadamuun miidhaa qaama keessaa sirritti qorachuun ni danda'ama. [70] Meeshaan kun madaa qaamaa ijaan arguu hin danda'amne agarsiisuun akkasumas gochi kan raawwatame humnaan ta'uu isaa fi kkf baruuf gargaara.

2.2.5. Yakka Gudeeddii fi Gahee Mana Murtii

Yakki gudeeddiin erga raawwatame booda yakka raawwatame kana irratti tarkaanfii fudhachuu keessatti qaamolee gahee qaban keessaa manneen murtii isaan tokko dha. Kanaaf, gaheen mana murtii seerota fi imaammata mootummaa adda addaa keessatti ibsameera. Isaanis akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

2.2.5.1. Xiyyeeffannaa Addaa Laachuu

Karoora manneen murtii naannoo Oromiyaa keessaa hubachuun akka danda'amuutti manneen murtii yakkoota tokko tokko kan akka yakka bu'uuraalee misoomaa irratti raawwataman, yakkoota dubartotaa fi daa'imman irratti raawwataman fi kkf xiyyeeffannaa addaa laachuu akka qaban kaawwamee jira. Yakkoota dubartoota fi daa'imman irratti raawwataman keessaa yakkii gudeeddii tokko dha. Kanaaf, manneen murtii dhimma yakka gudeeddii yeroo keessummeessan xiyyeeffannaa addaa laachuu kan qaban ta'uun hubatamuu qaba.

[69] akkuma olii
[70] miiljalee lakk. 35 fuula 7

Xiyyeeffannaa addaa laachuu jechuun yakkoota dubartoota irratti raawwataman gudeeddii dabalatee akka dhimmoota biroo osoo hin ta'iin dursa kennuun keessummeessuun manneen murtii irraa kan eegamu ta'uu kan agarsiisuu dha.

Madaallii ragaa ilaalchisee yakki gudeeddii akka yakkoota biroo osoo hin ta'iin yakka dhooksaan raawwatamu waan ta'eef madaalliin fudhatamu qabu akka yakkoota kaan ragaa ijaa yeroo yakkichi raawwatamu argan irratti kan xiyyeefatu ta'uu hin qabu. Sababni isaas amala yakkichaa irra kan ka'e ragaa ijaa yeroo yakkichi raawwatamu arge salphaatti kan argamuu waan hin taaneefii dha. Kanaaf, manneen murtii yeroo madaallii ragaa yakka gudeeddii taasisan ragaa mana yaalaa fi ragaa naannoo irratti hundaa'uun murtii kennuu qabu. Haata'uu malee ragaa gahaa argachuun rakkisaa dha sababa jedhuun ragaa amansiisaa hin taane irratti hundaa'uudhaan murtii dabarsuunis mirga namoota himatamanii kan sarbu waan ta'eef manneen murtii madaallii ragaa wajjiin walqabatee xiyyeeffannaa guddaa laatanii hojjachuu kan qaban ta'uun isaa ifa dha.

BOQONNAA SADII

XIINXALA DAATAA

Seensa

Xiinxallli daataa adeemsa odeeffannoo bifa adda ddaan funaaname haala roga qabeessa ta'ee fi gaaffii ka'eef haala deebii quubsaa laachuu danda'uun itti dhiyeeffamu dha. Inni kunis dhugaa jiru (fact) akka hubannuu fi dhimmoota ibsa barbaadaniif adeemsa kallattii ittiin agarsiisunu dha. Barruu tokko jalatti yaad-rimeen kun akka armaan gaditti ibsamee jira.

> *Data analysis is a body of methods that help to describe facts, detect patterns, develop explanations, and test hypotheses.*[71]

Rakkoowwan sirna qorannoo yakkoota gudeeddii dubartootaa wajjiin wal qabatan ilaalchisee odeeffanoon qaamolee haqaa adda addaa dhimmicha wajjiin kallattiinis ta'e al kallattiin walitti dhufeenya qaban irraa funaaname ilaaluun kaayyoo qorannoon kun ittiin gaggeeffame galmaan ga'uuf hojii ijoo hojjatame dha.

Yakki tokko ittifamuu bira darbee erga raawwatameen booda qaamoleen sirna haqaa keessatti argamanii fi dhimmoota kanneenii f furmaata laachuu qaban dirqama isaan irraa eeggamu ba'uuf socho'uun isaanii baratamaa dha. Qaamoleen haqaa kunneen Poolisii, abbaa alangaa, Manneen murtii (abbootii seeraa) yoo ta'an, hojii qaamolee kanneenii bu'a qabeessa fi qulqullina kan qabu akka ta'u gaheen qaamolee adda addaas barbaachisaa dha. Kanneen keessaas manneen yaalaa, dhabbiileen dhimma koorniyaa fi mirga namaa irratti hojjatan fi kkf kaasuun ni danda'ama.

Adeemsa hojii qorannoo yakkaa keessatti qaamolee hirmaannaa guddaa fi bakka hin bu'amne taasisan keessaa poolisiin isa jalqabaati. Hojii qorannoo yakkaa bu'a qabeessa taasisuufi haqa kennisiisuuf gaheen poolisiin qabu ifa dha. Yeroo ammaa keessa qorannoo yakkaa gaggeessuu wajjiin wal qabtee abbaan alangaa poolisii wajjiin ta'uun kan qorannoo yakkaa irratti hirmaatu ta'uu isaa armaan dura ilaallee jirra. Hojiin qorannoo gaggeessuu kan poolisii qofa akka hin taane fi hirmaannaan abbaan alangaa itti dabalamuun isaa hojii qorannoo yakkaa bu'a qabeessa kan taasisuu ta'uun isaa itti amanamee sirni wajjiin qorachuu akka diriirfame ni hubatama.

[71] http://www.dartmouth.edu/data29%analysis.pdf gaafa 24/3/2014 kan ilaalame

Hojii qorannoo kana keessattis qaamolee haqaa qorannoo yakkaa wajjiin kallattiinis ta'e al kallattiin hirmaannaa taasisanii fi hubannoo isaa qaban irraa odeeffannoo sassaabuun, rakkoowwan hojii qorannoo yakka gudeeddii dubartootaa wajjiin wal qabatan adda baasuun yaada furmaataa akeekuun akka kaayyootti waan qabamee dha.

Bu'uuruma kanaan qaamolee poolisii sadarkaa adda addaa irratti argaman irraa odeeffannoon bifa bargaaffii afgaaffii fi marii gareetiin kan funaaname yoo ta'u, yakkoota dirqisiisanii gudeeduu qorachuu fi seeratti dhiyeessuu wajjiin wal qabatee rakkoowwan isaan (qorattoota poolisii fi abbootii alangaa) muudatan ilaalchisee gaaffii ka'eef dhimmicha wajjiin wal qabatee deebiwwan hedduu fi bal'ina rakkoo jiru aagarsiisan laatamniiru.

Ragaawwan qaamolee kanneen irraa argaman akkaataa rakkoowwan caqasaman ibsuu danda'anitti qindaa'anii kan dhihaatan yoo ta'u, hubannoof akka mijatu rakkoowwan wal fakkaatanii fi rogummaa qabani fi qaamolee adda addaa caqasaman irraa argaman bakka tokkotti xiinxaluuf yaaliin taasifamee jira.

Bakka ijoo ta'anii fi ragaa barbaadan irratti galmeewwan rogummaa qabanii rakkoolee yookiin hanqinoota jiran agarsiisu danda'an jedhaman caqasamaniiru.

3.1. Ragaa Wajjiin Walqabatee Rakkoowwan Mul'atan

Galmaan ga'iinsa hojii qorannoo yakkaatiif ijoo dhimmoota ta'an keessaa hojiin ragaa funaanuu isa guddaa fi jalqabaati. Barbaachisummaan qorannoo yakkaa gaggeessuu iyyuuyakki raawwatame jedhamee dhiyaate eenyuun akka raawwatame ragaa rawwii yakkaa agarsiisu argachuu fi gochicha mirkaneessuu dha. Haluuma kanaan adeemsa hojii qorannoo yakkaa keessatti, keessattu qorannoo yakka gudeeddii wajjiin wal qabatee qorattoota poolisii naannoo keenyaa rakkoowwan muudatan ilaalchisee gaaffii ka'eef deebiin laatame tokko rakkoo ragaa funaanuu wajjiin wal qabatee jiru dha. Rakkoowwan gama kanaan mul'atan bifa adda addaatiin kan ibsaman yoo ta'an isaan ijoo jedhamanii gaaffiiwwan bifa adda addaa qorannichaaf dhiyaatanii deebii argatan irraa hubataman kanneen armaan gadiiti.

3.1.1. Ragaa Sassaabuu fi Qorachuu Wajjiin Walqabatee Rakkoowwan Mul'atan

Ragaa funaanuu ilaalchisee rakkoowwan mul'atan baay'een kan jiran ta'uun isaa hubatamee jira. Qorattoonni poolisii dhimma kana irratti deebii laatan rakkoowwan qabatamaan ragaa funaanuu wajjiin wal qabatan akka armaan gaditti ibsu.

3.1.1.1. Rakkoo Baajataa-

Odeeffannoo bifa bargaaffiin funaaname irra ifa ta'ee haala mul'atuun rakkoon baajata keessattu gaggeessa hojii qorannoo wajjiin wal qabate kan jiru ta'uun isaa kaa'ameera. Bakka yakki itti raawwatame battalumatti deemuun ragaa funaanuuf, namoota midhamanii fi harka qalleeyyii ta'an yaalsisuuf, baasii geejjibaa namoota ragaa ta'anii fi kaffaltii oolmaa isaaniitiif ba'uu fi dhimmoota wal fakkaataniif barbaachisu kan guuttamee hin jirre ta'uun isaa akka rakkoo cimaatti ka'eera.

Rakkoon gama kanaan jiru afgaaffii poolisoota sadarkaa adda addaa irratti argaman irraa argameen kan deeggarame dha. Baajjanni dhimma kanaaf jedhamee qabamu kan hin jirre ta'uu, kanaafu umurii miidhamtuu fi himatamaa qorachiisuuf,[72] qaama qorachiisuuf rakkachaa jirra. Namoonni harka qalleeyyi ta'an keessattuu rakkachaa jiru, akkasumas namoonni ragaa bahuuf dhufan baasii ofii isaaniitiin haalli itti sochoa'an jira.[73]

Baasii turmaataa namoota ragaa ta'anii dhufaniif ta'u dhabuu,[74] Rakkoon baajata wajjiin wal qabatee jiru kan bal'inaan mul'atu ta'uu isaa abbootiin alangaa poolisoota wajjiin qorannoo gaggeessanis ni ibsu. Umurii qorachiisuufi dhimmoota kana fakkaataan gaggeessuuf rakkoon baasii ni jira. Inni kun immoo ragaan akka turu gochuun bu'aan qorannoo irraa eeggamu akka laafaa ta'u taasisa.[75] Hanqina gama baasiitin jiru (umurii qorachiisuufis ta'ee kan fakkaatanniif dhimma dubartootaaf daa'immannii fi bulchiinsa magaalaa haalli itti gaafannu jira.[76]

Hanqinaaleen gama kanaan jiranis abbootii seeraatinis hubatamaniiru. Afgaaffii abbootii seeraa wajjiin gaggeeffame irrattis yaadni kun ka'ee haala armaan gadiin ibsamee sirni qorannoo rakkoo guddaa qaba, poolisoonni baajta qorannoo hin qaban, namoota ragaa ta'uuf dhufaniif poolisiifi abbaa alangaatu gargaarsa godha. Hawaasa irraa gargaarsa gaafachuun ykn kiisii ofii isaanii

[72]I/O Abrahaam Lammeessaa, Saajiin KInfuu Taayyee, Saajin Ayyala Dhufeeraa W/P/G/SH/Kaabaa 22/04/06
[73] I/O Tagany I/A/Ajajaa poolisii Godina W/Bahaa, I/O Margaa Garbii W/P/W/Bahaa, 09/04/06
[74] G/I Dasuu Lammaa W/ Poolisii aanaa Kuyyuu, 23/04/06
[75] Obboo Kallilee Azaale A/Alangaa W/H/aanaa Haromaayaa, 7/5/06
[76] Kaliif Tolaa Hoogganaa W/Haqaa aanaa Heexosaa, 17/04/06.

irraa baasuun kafalu. Dhimmi dubartootaaf daa'immanis hawaasa irraa ykn baasii isaanii irraa haalli itti kafalan jira.[77]

Yeroo baay'ee dhimmoota adda addaatiif qorattoonni poolisii fi abbootiin alangaa baasii ofii isaaniitiin haalli itti socho'an jira. Inni kun immoo kaka'uumsa yakkicha qoratanii dhiyyeessuun adabsiisuuf isaan qaban ni laaffisa.[78]

Rakkoon baajataa akka waliigalatti kan ka'ee fi iddoowwan hundumatti bifa wal fakkaatuun kan ka'edha. Rakkoon qabatamaan kan jiru ta'uu isaa fi rakkoowwan mul'atan kanneen furuuf yaaliin taasifamaa akka jiru hoggantoota komishiinii poolisii Oromiyaa irraa argame ni ibsa. Rakkoo baajata kana furuun bu'a qabeessummaa fi adeemsa hojii qorannootiif gama hundaanuu barbaachisaa waan ta'eef furmaanni gama kanaan laatamu hanqinaalee gaggeessa hojii ijoo qorannoo keessatti mul'atan xinneessuuf yookaan hambisuuf akka gargaaru wanta hubatamuu dha.

3.1.1.2. Rakkoo loojistiikisii

Rakkoon gama kanaan ka'uu inni biraa akka ta'e deebiiwwan bargaaffiin argaman irraa hubatameera. Rakkoon loojistiksii akka walii galatti kan jiru yoo ta'u, iddoo /bakka yakki itti raawwatame gadii bu'anii qorachuuf rakkoon konkolaataa, motoraa fi meeshaalee biroo hojii qorannichaatiif barbaachisan kan hin jirre ta'uu isaa odeeffannoon argame ni agarsiisa. Gama loojistiiksiitin rakkoon cimaan kan jiru ta'uu isaa fi iddoo yakki itti raawwatame deemuuf konkolaataa bulchinsa magaalaa irraa akka kadhachuuf dirqaman hooggantoonni poolisii ni ibsu.[79]

Hanqinaalee hojii qoraannoo yakka gudeeddis ta'ee yakkoota biroo irratti mul'atan keessaa rakkoon loojistiksii isa tokko akka ta'ee hubatameera. Waajjiraaleen poolisii iddoowwan odeeffannoon irraa funaaname baay'ee keessatti rakkini kun qabatamaan kan jiru ta'uun isaa qorataa kanaan hubatameera. Yakka iddoo fageenya qabutti (giddu gala irraa fagaatan) deemuuf konkolaataa iddoo biraa deeme eeguun akka jiru hubatameera. Qabatamaan dhimma kana yoo ilaallu ragaa barbaadamu hoo'aa isaatti akka hin argamne gufuu akka ta'aa jiru hubanna. Iddoo

[77] Addunyaa Fullaas fi Tasfaayee Naggaa, Abbootii Seeraa M/M/O/G/SH/Kaabaa, 22/04/06
[78] Masarat Guuttannee, Hooggantuu W/H/aanaa Dandii, 03/04/06, Gabra Iyyasuus Iddoosaa, A/A, W/H/Aanaa Guutoo Giddaa, 07/04/06
[79] G/I Girmaa Galaan H/W/P aaanaa Haromaayaa, 07/05/06

tokko tokkotti immoo konkolaataa namoota dhunfaa kadhachuudhaan akka miidhamtoota yookaan namoota ragaa tahan gara iddoo barbaadadametti geessan kan taasifamu yoo ta'u gara biraatiin immoo konkolaachistoota nama dabalataan feetaniirtu jechuun kan adabaman ta'uun isaas akka fakkeenyatti kan caqasamu akka ta'ee fi rakkoon gama kanaan jirus furmaata atattamaa kan barbaadu ta'uu isaa ilaaluun ni danda'ama.

3.1.2. Ragaa Qorachuu

Ragaa gahaa fi haala amansiisaa ta'een raawwatamuu yakkaa agarsiisuu qoratanii dhiyeessuu wajjiin wal qabate rakkoolee fi hanqinaaleen adda addaa kan jiran yoo ta'u, akka walii galatti qorannoo gaggeessuun ragaa gahaa ta'e dhiyyeessuuf rakkoowwan xiyyeeffannaan guddaan laatameefi qorattoota poolisiin teechifaman keessaa kan armaan gaditti ibsaman isaan ijoo dha.

3.1.2.1. Rakkoo Meeshaalee Hojii Qorannoof Barbaachisan Dhabuu-

Rakkoon bajataa haala armaan olitti ibsameen kan deddeebi'ee ka'u yoo ta'u as biratti rakkoon dabalataan kaa'ame immoo hanqina meeshaalee ammayyaa hojii qorannootiif barbaachisaniiti. Meeshaaleen gaggeessa hojii qorannootiif barbaachisan argachuun kan hin danda'amne ta'uu isaa fi qorannoo sadarkaa barbaadamuun gaggeessuuf gufuu guddaa akka ta'e qorattoonni poolisii ni ibsu. Ragaalee qabatamoo kan akka dhangala'aa qaamaa adda addaa, dhiiga, rifeensaa fi wantoota biroo raawwi yakka gudeeddii wajjiin wal qabatan qorachuufi nama shakkame sanaan raawwatamuu isaa mirkaneessuuf rakkoon cimaan kan isaan muudachaa jiru ta'uu isaa ni kaasu.

3.1.2.2. Rakkoo Ragaa Teeknikaa Qorachuu

Ragaa teeknikaa qorannoo wajjiinis wal qabate rakkoon guddaan kan jiru ta'uu isaa fi ogeeyyiin ragaa teeknikaa qorataniifi meeshaleen barbaachisoo ta'an gahaan kan hin jirre ta'uu isaas caqasameera.

Odeeffannoon afgaaffiin argames yaada armaan olitti teechifame kan deeggaru dha. Qorannoo teeknikiif meeshaaleen barbaachisan kan hin jirre ta'uu fkn ragaawwan baduu/tortoruu danada'an kunuunsuuf firiijii fi kkf hin jiran.[80] Qorannoo gaggeessuu wajjiin wal qabatee qorannoo

[80] I/O Margaa Garbii, W/P/W/Bahaa, 09/04/06

laaboraatorii gaggeessuuf yeroo ammaatti rakkisaa dha. Qorannoon laaboraatorii kan armaan dura ture amma hafee jira.[81]

Ragaa amansiisaa ta'e dhiyeessuu wajjiin wal qabate gaheen ragaa teeknikaa hangam barbaachisaa akka ta'e kan hubatamu dha. Gama kanaan rakkoon jiru bal'aa ta'uun isaa naanna'ee naannaee qulqullina ragaa dhiyaatuu kan gadi buusu ta'uun isaas ifa dha. Odeeffannoon bifa afgaaffii fi bargaaffiin argamee fi waajjiraalee poolisii gara garaa keessatti akka ilaaluuf yaalametti meeshaleen ammayyaa gaggeessa hojii qorannoo yakkaattiif barbaachisanii fi ragaawwan adda addaa kunuunsuun tursiisanii itti fayyadamuuf barbaachisoo ta'an kan akkaataa barbaadamuun hin jirre ta'uun isaanii hubatameera.

Ragaa teeknikaa qorachuu wajjiinis wal qabatee hanqini guddaan kan jiru ta'uun isaas ilaalamuun danda'ameera. Laaboraatoriin hojii qorannoo yakkaattiif barbaachisuu fi meeshaalee dhimma kanaatiif barbaachisaniin tajaajilamee hojii kennu hanga dhiyoo yerootti kan hin jirre akka ta'ee fi haata'uu malee yeroo ammaa Komishiniin poolisii Oromiyaa laaboraatorii ofii isaa hundeessuun hojii akka jalqabe ibsameera.[82] Inni kunis akka ka'uumsa gaaritti kan ilaalamu malee rakkoowwan bal'inaan mul'achaa jiraniif akka furmaata gahaatti kan fudhatamuu miti. Rakkoowwanii fi hanqinaalee gama kanaan mul'atan furuuf yaaliin taasifamu kan cimee itti fufu akka ta'uu qabu haalli qabatamaa jiru ni agarsiisa.

3.1.2.3 Kutaalee Hojii Qorannoo Gaggeessuuf Mijataa ta'an Jiraachuu Dhabuu

Kutaan qorannnoo dhimma kanaaf adda bahee tajaajila kennu jiraachuu dhabuun isaas akka rakkoo cimaatti kan ibsamee dha. Akkuma yakkoota birootti ilaaluun kan keessummaa'u waan ta'eef miidhamtoonni dhimma isaanii bilisa ta'anii ibsachuu waan hin dandeenyeef odeeffannoo gahaa argachuuf rakkoo akka isaanitti uumu ni ibsu. Iddoon mijataan dhabamuun isaa hamilee miidhamtoota yakka gudeeddii ofitti fudhatanii keessummeessuuf hojiin hojatamuu qabu bu'a qabeessa akka hin taane taasisa jechuun yaada isaanii ni ibsu.

Adeemsi JBHA hojii qorannoo yakka gudeeddii wajjiin hin deemu, icciitii nama tokkoo hundumatu dhagaha. Qorannoon yakkaa bu'aa dandeettii sammuu namaati (investigation is an art) jedhama. Kana jechuun dhimmi qorannoo xiinsammuu, miira fi haala yeroo sana

[81] Irranaa Caalaa, Inspeekshinii M/M/O/G/N/A/Finfinnee, 18/03/06
[82] I/O Qaaduu Aadam, komishiiniiPoolisii Oromiyaa, A/A Hojii ijoo qorannaa fi Haqa kennisiisuu

miidhamtoonni keessatti argaman (emotion) hubannoo keessa galchuun kan gaggeefamu ta'u qaba.[83] Bu'uura JBHA tiin haa deemamuu yoo jenne dubartiin waa'ee gudeedamuu ishee akkamitti dubbatti? adeemsi jiru sadarkaa (standard) haqaa dubartootaa kan eegee miti.[84]

Kutaan qorannoo miidhamtoota yakka gudeeddii ykn yakka walqunnamtii saalaa biroon itti raawwatamaniif jedhamee qophaa'e iddoo hundumatti hin argamu. Miidhamtoonnis yaada isaanii bilisa ta'anii ibsachuu hin danda'an. Haalli qorannoon itti gaggeeffamu iddoo mijataa hin taane keessatti waan ta'eef adeemsa qorannoo hin fakkaatu.[85]

Haala qabatamaa rakkoo kanaa yoo ilaallu godinaalee fi aanaalee baay'inaan odeeffannoon kun irraa sassaabamee keessatti iddoowwan hojii qorannoo yakkaatiif jedhamanii addatti dhimma kanaaf qophaa'an kan hin jirre ta'uu isaa fi iddoo tokko tokkootti biroo dhimma koorniyaa fi akkasumas biiroo hoogganaa waajjiraa keessatti keessummeessuuf yeroo yaaliin taasifamu ilaaluun danda'ameera.

Ibsa kana irraa kan hubatamu adeemsi JBHA rakkina qaba jechuu akka hin taanee fi amala yakkichaa irraa kan ka'ee fi miidhamtoonni rakkoowwan adda addaa isaan muudatu irraa kan ka'e qofaatti keessummeessuun barbaachisaa waan ta'eefi adeemsi JBHA immoo bakka tokkotti qorachuuf irratti kan xiyyeeffatu waan ta'eef qorannoon yakka gudeeddi adeemsa kana wajjiin kan deemuu miti yaadaa jedhu kan callaqqisu dha.

3.1.2.4. Iddoo Turmaataa Dhabamuu, Hamilee fi Nageenya Miidhamtootaa Eegsisuuf Rakkoowwan Jiran

Dabalataanis ogeeyyi xiinsammuu (pschologist) fi saayikaatiriistota gorsa laatanii fi gargaarsa hamilee fi xiinsammuuisaaniif godhan hin jiran.[86] Hanqini gama kanaan kan jiru ta'uun isaa dubartoonni gudeedamanii dhufanii miidhaan qaamaa fi xiinsammuu isaan irra gahe gargaarsa argachuu qaban akka hin arganne kan godhu waan ta'eef, akka waliigalatti rakkoo cimaa ta'ee kan fudhatamuu dha. [87]

[83] I/A/k. Asaffaa Gannatii, A/Ad./H/Qorannoo Yakkaa fi Kennisiisaa Murtii Haqaa, 01/04/06
[84] Hiruut Biraasaa, I/A/I/ Biiroo Dh.D.D.O fi A/I/koorniyaa Idileessuu, 12/03/06
[85] Saajin Ayyalaa Dhufeeraa W/P/G/SH/Kaabaa, 22/04/06
[86] Bayyanach Jiraa, Raawwattuu dhimma koorniyaa Idileessuu W/H/aanaa Guutoo Giddaa, 07/04/06
[87] Miiljalee lakk 84

Rakkini bal'ina qaba jechuun kan yaada isaan kaasan haalli kunuunsa miidhamtootaa yeroo gara waajjira poolisitti dhufan irraa jalqaba, miidhamtunis himatamaanis konkolaataa tokkoon dhufu.[88] Akkasumas namoota ragaa bahuuf dhufanis kunuunsi taasifamu kan hin jirre ta'uun isaa fi inni kunis namoonni ragaa bahuuf kaka'uumsa akka dhaban kan gochaa jiru ta'uu isaa haalli itti ibsame ni jira.[89]

Iddoo turmaataa miidhamtootaa wajjiinis wal qabatee rakkoon jiru kan bira darbamu akka hin taane odeeffannoon afgaaffii qaamolee gara garaa irraa argame ni agarsiisa. Keessattu miidhamtoonni miseensa maatii, nama isaan horatu (guddistuu), ykn fira dhiyoon erga gudeedamanii booda deebi'anii manuma sanatti galu (wabii hin qaban).[90] Iddoon turmaataa waan hin jirreef hawaasa kadhachuun ykn hojjattoonni dhimma dubartootaaf daa'immanii fi poolisoonni gara mana isaanitti fuudhaniiti galu.[91]

Rakkoowwan armaan olitti caqasaman walitti qabnee yoo ilaallu, raawwi yakka gudeeddiin booda dubartoonni ykn miidhamtoonni rakkoowwan gara garaaf akka saaxilaman akkuma boqonnaa darbe keessatti ilaaluuf yaalametti qorannoowwan adda addaa fi barreeffamoonni tokko tokko ni agarsiisu. Kana jechuun immoo miidhamtoonni dhiibba kana hunda darbanii gara sirna haqaatti dhufan haala hamilee fi mirga namoomaa isaanii kabajuu fi eegsisuu danda'uun keessuummeessuun dirqama qaamolee adeemsa keniinsa haqaa keessatti hirmaatan hundaati. Rakkoowwan armaan olitti caqasamanii baay'inaan kan mul'atan ta'uun isaa miidhamtoonni yakkaa tajaajila barbaadan akka hin argannee fi isaan ta'ee hawaasni amantaan ogeeyyii haqaa fi sirna haqaa irratti qaban akka gadi bu'aa ta'u gochuu danda'a.

Iddoo mijataa miidhamtoonni itti keessummaa'an qabaachuun barbaachisaa akka ta'e hubachuun waan nama rakkisuu miti. Miidhamtoota hamilee isaanii eeganii keessummeessuuf akkasumas qofa taa'uudhaan rakkoo ishee muudate akka ibsattu fi qaamni qorannoo gaggeessus odeeffannoo qorannoo isaatiif barbaachisu akka argatu gochuuf faayidaa guddaa ni qabaata.

Gargaarsi xiinsammuu fi gorsi ogeessaan miidhamtootaaf laatamu hamilee isaanii jajjabeessuu fi tasgabbeessuun rakkoo isaan muudate akka ibsatan gochuu fi akkasumas ilaalcha gama

[88] Miiljalee lakk. 85
[89] Marii garee poolisoota aanaa ejeree wajjiin gaggeeffame, 04/04/06
[90] Miiljalee lakk. 90, G/I/ Mitikkee Fufaa, W/P/ aanaa Ejeree, 04/04/06.
[91] Miiljalee lakk. 83

hawaasaa, hiriyootaa akkasumas maatiin isaanii qabaatu akkamitti akka keessummeessuu qaban gama hubachiisuutiin gaheen xabatu guddaa waan ta'eef xiyyeeffannaa dhimma argachuu qabu dha. Ogeeyyiin adda addaa dhimma kana irratti barreessanis yaada kan deeggaruun akka techisan boqonnaa darbe keessatti ilaaluun keenya ni yaadatama.

Nageenyaa fi hamilee namoota ragaa bahanis eegsisuun dirqama qaamolee haqaa keessattu abbaa alanagaa fi poolisii akka ta'e ifa dha. Namoonni ragaa bahuu akka hin sodaannee fi odeeffannoon barbaadamu dhokatee akka hin hafne kunuunsi gama kanaan godhamu baay'ee murteessaa dha. Haalli qabatamaan mul'atu garuu kana kan agarsiisu waan hin taaneef rakkoo kanneen furuun adeemsa haqa keennisiisuu yakka dirqisiisanii gudeeduu bu'a qabeessa taasisuuf faayidaan qabu guddaa dha.

3.1.2.5. Rakkoo Gahuumsa Qorattoota Poolisii

Rakkoowwan gurguddoo gaggeessa hojii qorannoo yakka gudeeddii keessatti mul'atanii fi akka waliigalatti qorattoota poolisii sadarkaa hunda irratti argamaniin ibsaman keessaa inni tokko rakkoo gahuumsa qorattoota poolisii wajjiin wal qabatee jiru dha. Qorannoo qulqullina qabuufi raawwii yakka dhiyaatee haala amansiisaa ta'een mirkaneessu qoratanii dhiyeessuuf qorattoota poolisii biratti hanqini kan jiru ta'uu isaa ibsameera. Ragaawwan barbaachisoo ta'an funaanuu fi gadi fageenyaan qorachuu irratti hanqina kan qaban ta'uu isaa fi keessattu dhimma qorannoo yakka gudeeddii ykn akka waliigalattii yakkoota walqunnamtii saalaa wajjiin wal qabatan qorachuuf beekumsa addaa (specialization) qorattoonni qaban hanga barbaadamutti kan hin jirre ta'uun isaa akka rakkoo tokkotti ibsameera. [92]

Odeeffannoon bifa afgaaffiitiin qaamolee adda addaa irraa argames yaaduma armaan olitti caqasame kana kan cimsu dha. Gahuumsa wajjiin wal qabatee rakkoon akka jiru ni ibsu. Gahuumsa barbaachisu osoo hin qabaatiin qorannoo bilchaatee qoratanii dhiyeessuun rakkisaa ta'a, Qorattoonni poolisii jecha fuudhuun alatti dhimmoota teeknikaa qorachuuf gahuumsa hin qaban.[93] Haalli gaafii itti gaafatan iyyuu baay'ee gadi bu'aa dha. Gahuumsi namoota yakka

[92] Addee Shittoo Likkisaa K/P/Oromiyaatti A/H/X. Dh .D.D. fi Dargaggootaa, 28/07/06
[93] Miiljalee lakk. 72, Miiljalee lakk. 80

raawwatanii kan poolisii caalee jira.[94] Gama Komishiinii Poolisii Oromiyaatiin leenjiin laatamu baay'ee boodatti hafaa dha. [95]

Rakkoon gama gahuumsa qorattoota poolisitiin ka'ee yaada abbootii seera fi abbootii alangaanis laatame irratti ka'ee jira. Akka yaada abbootii seeraatti qorattoonni qorannoo quubsaa ta'e gaggeessuu irratti hanqina guddaa qabu. Dhimmichi sadarkaadhuma qorannootti laamsha'ee dhufa.[96] Gahuumsi qorattootaa baaay'ee gadi bu'aa jira. Yakkoota cicciimoo fi wal xaxaa ta'an qoratanii qulqulleessuun dhiyeessuu irratti hanqina guddaa qabu.[97] Dhimma qorattoota poolisii keenya rakkise akka qorataniif qaamolee biroo haalli itti gaafatame ni jira. Rakkoon gahuumsa akka jiru hanga ta'e agarsiisuu ni danda'a.[98] Sadarkaan qorannoo kan gadi bu'e akka ta'ae haalli itti ibsame ni jira. Jijjiirama dhufaa jiru wajjiin kan deemu miti.[99] Saayinsii qorannoo yakkaa beekuufi hojii irra ooolchuu irratti hanqini ni mul'ata.[100]

Rakkoo gama gahuumsa qorattoota poolisiitin jiru abbootiin seeraas ni ibsu. Gahuumsi qorattootaa baay'ee gadi bu'aa ta'uu isaa irraa kan ka'e ragaa ijoo ta'e keessaa hambisu. Abbootiin seeraa dhaddacha irratti qorannoo dabalataa bifa fakkaatuun gaafachuufii qulqulleessutti galu.[101]

Qorattoonni poolosii raawwii yakkoota biroo keessatti yakki gudeeddii raawwatamuu fi rawwatamuu dhabuu isaa hin qoratan. Wanti yakki gudeeddii raawwatamuu isaa agarsiisu "Rape element" jiraachuu isaa hin ilaalan. Fakkeenyaaf yeroo yakka ajjeechaa qoratan yakki gudeeddi raawwatamuu isaa qulquleessuun hin jiru.[102] Yeroo tokko tokko abbootiin seeraa qorannoon (sakkataan dabalataa akka gaggeeffamu ni ajaju. Inni kun immoo jalqaba irraa kaasee qorannoon gahuumsa qabu akka hin gaggeeffamne agarsiisa[103].

Ragaawwan teeknikii qorachuu irratti hanqina ogummaa qabu waan ta'eef ragaa namaa irratti xiyyeeffachuun ni jira. [104] Ragaan dhiyaatu adabsiisuuf humna dhabuun darbee darbee ni mul'ata.

[94] Miiljalee lakk.83
[95] Akkuma olii
[96] Gabii Eda'oo Abbaa seeraa M/M/Aanaa Heexosaa, 17/04/06
[97] Mokonnin Gammachuu, Hoogganaa W/H/aanaa Loodee Heexosaa, 17/04/06
[98] Alamaayyoo Uumaa, Prez. M/M/aanaa Sabbataa Hawaas, 24/03/06
[99] Miiljalee lakk. 72
[100] Hamziyaa Hajjii W/H/B/ Magaalaa Sabbataa, 23/03/06
[101] Kaasaa Yaadatee A/Seeraa M/M/O/Godina Shawaa Kaabaa, 22/04/06
[102] Ayinaalam Zannabaa, A/A W/H/G/N/A/Finfinnee, 17/03/06
[103] Daanyaachoo Tsaggaayee, A/s M/M/O/G/A/N/Finfinnee, 18/03/05
[104] Miiljalee lakk. 74

Inni kunis gahuumsa qorattoota poolisii wajjiin wal qabatee kan jiru fakkaata.[105] Qorannoo gaggeessuu irratti ragaa bifa tokko irratti hundaa'uu fi ragaan sun yeroo kufaa ta'u ragaa biraa dhabuun, akkasumas ragaa namaa, ragaa teeknikaa fi ragaa mana yaalaa walitti fiduun qorannoo sadarkaa isaa eeggate gaggeessuun qindeessanii dhiyeessuu irratti hanqina guddaa qabu.[106]

Dabalataanis dhimmootaaf xiyyeeffannaa laatanii hojjachuu irratti hanqina qabu jechuun namoonni yaada kennan jiru. Poolisoonni waajjira taa'anii odeeffannoo funaanu malee gadi bu'anii hin qoratan.[107] Duukaa bu'anii hordofuu irrattis hanqini akka jiru yaada namoonni kennan ni ibsu.[108] Namoonni yakka erga raawwataniin booda ni badu. Yeroo turtiin booda dhufan garuu qaamni hordofee adabsiisuuf yaalii godhu hin jiru.[109] Xinnoo erga itti deemaniin booda abdii kutachuun qorannoo addaan kutuun ni jira.[110]

Akkasumas karoora baasanii qorachuu irrattis hanqini guddaan jira. Sadarkaawwan (steps) adeemsa hojii qorannoo keessatti argaman hordofuun hojjachuu irratti rakkoon ni jira.[111] Ragaa argachuu wajjiin wal qabatee rakkoon yeroo isaan muudatu tooftaa adda addaatiin (ofii isaaniitiin) fayyadamuudhaan haalli itti qoratan hin jiru.[112]

Gama beekumsa seeraatinis(beekumsa bu'uuraa seeraa mana murtii wajjiiin jiru irratt) hanqini kan jiru ta'uu isaa odeeffannoo bargaaffiidhaan abbootii seeraa irra argameen ibsameera. Fakkeenyaaf sababa beellamaafi deebii laachuu irratti akka rakkoon isaan muudatu ni teechisu.[113]

Akka waliigalatti waa'ee qulqullinaa fi gahuumsa qorannoowwan yakka gudeeddiis ta'ee yakkoota biroo yoo dubannu dandeettiin qaama qorannicha gaggeessuu sadarkaa irratti argamu kaasaa akka jiru hubatamuu qaba. Boqonnaa darbe keessatti waa'ee kaayyoo hojii qorannaa yakkaa fi dirqama qorattootaa yeroo dubannu dhimmoota ijoo hojii qorannoo yakkaa bu'a qabeessa taasisan keessaa ragaa qabatamaa funaanuu irratti ciminaan hojjachuu, kaayyeeffatanii

[105] Girmaa Hurrisaa /M/M/aanaa Sabbataa Hawaas 24/03/06
[106] Miiljalee lakk. 90
[107] Umar Eda'oo A/S M/M/aanaa Heexosaa, 18/04/06
[108] Miiljalee lakk. 92
[109] Immabeet Abdiisaa, I/G/Waajjira Haqaa Dh,D.D.aanaa Sabbataa Hawaas, 24/03/06
[110] Miiljalee lakk. 100
[111] Miliyoon Wondaafraash, W/H/G/H/Bahaa, 06/05/06
[112] Miiljalee lakk.109
[113] Miiljalee lakk. 98

itti deemuu, nama yookaan namoota yakka raawwatan adda baasuun, ragaa gahaa ta'e funaanuun dhimmicha gara mana murtiitti geessuun mirkaneessu akka ta'e ni hubanna.

Haala qabatamaa yeroo ammaa gahuumsa qorattoota poolisii naannoo keenyaa ilaalchisee odeeffannoo poolisoota sadarkaa adda adda irratti argaman, abbootii alangaa isaan wajjiin qorataniifii abbootii seeraa ragaa dhiyaate madaalanii murteessan irraa argame akka ibsutti, gahuumsi qorattoota poolisii sadarkaa barbaadamu irra kan hin geenyee fi kan baay'ee irratti hojjatamuu qabu ta'uu isaa agarsiisa.

Kaayyoowwan caqasamanii fi qorataa poolisii irraa eegaman raawwachuufis ta'ee dhimmoota ijoo hojii qorannoo fiixaan baasuuf gargaaran, hojiin qorannoo adeemsa ta'uu isaa hubachuun obsaan itti deemuu, ragaawwaniif ulfina laachuu, rakkoowwan hiikuu irratti xiinxalaa fi deemsa kalaqaa hordofuu, qabeenya fi meeshaalee harkatti argaman duguuguun itti fayyadamuun hojii qorannoo gaggeessuu irratti hanqini guddaan akka jiru hubatameera.

Inni kun immoo kallattidhaan qulqullina ragaa qoratamee dhiyaatu irratti kan callaqqifamu ta'uun isaa ifa dha. Ragaa qulqullina qabuu fi raawwaatamuu yookaan raawwatamuu dhabuu yakkaa agarsiisuu fi haqni akka bahu godhu qoratanii dhiyeessuuf qorattoota poolisii gahuumsa qaban horachuu fi qabaachuun murteessaa dha. Qorattoonni saayinsii qorannoo yakkaa qabanii fi ragaawwaan barbaachisan hunda (ragaa namaa, teeknikaa fi ragaa naannoo dabalatee) sirritti qoratanii dhiyeessan yeroo ammaa kana hanga barbaadamuun kan hin jirre ta'uun isaa hubatameera.

3.1.2.6. Qorattoota poolisii Dubartoonni dhabamuu;

Qorattoonni poolisii dubartoonni baay'inaan jiraachuu dhabuu isaanii adeemsa hojii qorannoo yakka gudeeddii keessatti rakkoo guddaa akka ta'e odeeffannoon qorattoota poolisii sadarkaa adda addaa irratti argaman irraa bifa bargaaffiin funaaname ni agarsiisa. Dubartiin dhiiraan gudeedamtee dhufte nama saalaa wal fakkaatuuf (saala dhiiraaf) rakkoo ishee muudate hunda ifa baaftee dubbachuun ishee rakkiisuu ni danda'a. Fakkeenyaaf aanaa Haromaayaa keessatti dubartiin himachuuf dhuftee dhiiraaf himachuu sodaatte hin gudeedamne, homaa hin taane naan

jettee erga wanti hundu itti himamee hubatteen booda kan dubbachuu hin barbaadne "qaana'eeti" jechuun deebisteeti.[114]

Qorattoonni dubartoonni jiraachuun isaanii miidhamtoonni, yakka isaan irratti raawwatamee fi akkaataa raawwii isaa qaanii fi sodaa tokko malee himachuu waan danda'aniif odeeffannoo bu'a qabeessa ta'e argachuu dandeechisa. Haata'uu malee sadarkaa aanaattis ta'ee godinatti lakkoofsi qorattoota poolisii dubaraa xiqqaa waan ta'eef rakkoon gama kanaan jiru bal'aa akka ta'ee daataan argame ni muli'sa. Odeefannoon komishiinii poolisii oromiyaa irraa argame kan agarsiisus kanuma dha. Ogeeyyiin ykn qorattoonni dubartootaa leenjii addaa (specialization) dhimma kan irratti qaban 70 (torbaatama) dhaabbata Akshin eeyid (Action Aid) jedhamu wajjiin ta'uudhaan leenjisuun gara hojitti bobbaasnee jirra. Haata'uu malee bal'ina naannoo fi haala qabatamaa hojii irra jiru yoo wal bira qabnee ilaallu lakkoofsi qoraattoota poolisii dubartootaa baay'ee xiqqaa akka ta'e hubachuun ni danda'ama.[115]

Qorattoota dubartii jiran muraasa dha. Miidhamtoonni dubartoonni dhiraaf himuu irratti sodaa qabu.[116] Rakkoo gama kanaan dubartoota mudachuu danda'uu fi dabalataan akka miidhaan hamilee akka irra hin geenye (secondary victimization) hambisuuf nama dhimma sana irratti hojjatu 'focal person' qabaachuun barbaachisaa dha. [117]

Akka waliigalatti yoo ilaaluu adeemsi kun qorattoonni dhimma yakka gudeeddii fi yakkoota saal qunnamtii biroo qoratan hundi dubartoota ta'uu qaban ejjannoo jedhu kan qabate osoo hin taanee, haala qabatamaa (keessattu aadaa fi safuu hawaasaa hubannoo keessa galchuun) jiruu wajjiin akka deemsiisu danda'uuf dhimma kana irratti leenjii addaa akka argatan gochuun rakkoo gama dubartoota miidhaan irra gahee fi rakkoo isaanii ibsachuu hin dandeenyee fi gargaarsa addaa barbaadan akka tajaajilanii fi akka waliigalaatti ammoo dadeettii addaa yookaan 'specialization' dhimma yakkoota saal-qunnamtii irratti qaban fayyadamuudhaan adeemsa qorannoo fi haqa kennisiisuu yakka gudeeddii keessatti shoora guddaa akka taphatan gochuu dha.

Akkasumas keessuummeessa dhimmoota kanaatiif jecha nama kallattiin dhimma kana irratti hojjatu (focal person) qabaachuun hojii simannaa irraa kaasee hanga dhuma adeemsa qorannoo

[114] Miiljalee lakk. 75
[115] Miiljalee lakk.108
[116] Saajin Kinfuu Taayyee, W/P/G/SH/Kaabaa, 22/04/06
[117] Miiljalee lakk. 111

yakkaa haala jiru salphaa fi mijataa taasisa. Waajjiraalee poolisii daataan irraa funaaname baay'een isaanii 'focal person' kan qaban yoo ta'u, namoota dhimma kana irratti hojjatan keessaa dhiirris kan jiru ta'uun isaa hubatameera. Inni kunis kutannoo fi haala ogummaa isaaniitiin namoota hojjatan qabaachunis barbaachisaa akka ta'ee fi dubra ta'uun dirqama akka hin taane ni hubanna.

3.1.2.7. Ragaa Gahaa Argachuu Dhabuu

Ragaa adeemsa hojii qorannoo yakka gudeeddii keessatti barbaachisu qoratanii dhiyeessuuf rakkoon gara biraa qorattoota poolisiin ibsame rakkoo ragaa gahaa argachuu wajjiin wal qabatee jiruu dha. Inn kunis uumama yakkichaa irraa ka'a jechuun kaa'u. Akka odeeffannoon bifa bargaaffiitiin sassaabame agarsiisutti yakki gudeeddii yeroo baay'ee itti yaadamee fi dhoksaan kan raawwatamu waan ta'eef jecha miidhamtuun ala ragaa ijaa argachuuf rakkisaa haalli itti ta;u jira. Rakkoon dhimma kana wajjiin wal qabate jiru inni biraan immoo yakki gudeeddii raawwatamus sababa adda addaa irraa kan ka'e miidhamtoonni turanii gara qaamaolee haqaatti kan dhufan waan ta'eef ragaan akka manca'uu fi haala barbaadamuun akka hin qoratamnee fi ragaa teeknikaa battalumatti argamuu qabu akka dhabamu godha.

Kanuma wajjiin wal qabatee miidhamtoonni qaanii, sodaa fi ilaalcha hawaasaa sodaachuudhaan ragaa bahuu diduu, fedhii dhabuu fi erga eeruu kennaniin booda achumaan hafuun ni mul'ata. Bifuma wal fakkaatuun namoonni waa'ee dhimma sanaa odeeffannoo qaban sodaan ykn faayidaan qabamuun ykn dhiibbaa jaarsolii biyyaa irra kan ka'e ragaa bahuu diduun ni jira.

Hawaasnis hubannoo dhabuu irraa kan ka'e ragaa dhoksuunis kan mul'atu ta'uu isaa ibsameera. Rakkoon gama kanaan jiru ragaan yeroon qaamolee haqaa fi manneen yaala qaqqabuu qabu akka turu gochuun ragaan gahaan akka hin argamne taasisa.

Ragaa bargaaffii armaan olitti caqasameen dabalataan afgaaffiiwwan gaggeeffaman irrattis rakkoowwan ragaa argachuu dhabuu wajjiin wal qabatan kunneen ka'aniiru. Ragaan ka'uumsaaf ta'u hin jiru. Yeroo tokko tokko miidhamtuu qofatu madda ta'a. Isheenis turtee dhufti waan ta'eef ragaa gahaa argachuun rakkisaa ta'a.[118]

[118] I/A/Inspeektar Addis Alam Alamaayyoo, W/P/G/A/N/Finfinnee, 17/03/06

Yakkoonni baay'inaan kan raawwataman daa'imman irratti waan ta'eef baasani himachuu irratti rakkoon jira. Keessattu yeroo baay'ee guddeediin kan raawwatamu miseensa maatii, firoota dhihoo, abbaa guddiftuu (abbaa biddeenaa) fi ollaa waan ta'uuf ragaa walii dhoksuun ni mul'ata.[119]

Haala qabatamaa yakka gudeeddii wajjiin wal qabatee jiru yoo ilaallu yakka itti yaadamee raawwatamu' *intentional crime*' ta'uu isaa ni hubanna. Kuni immoo kan agarsiisuu yeroo baay'ee jechuun ni danda'ama raawwataan yakkaa haala dhoksaa fi ragaa namaa argachuuf mijataa hin taane fayyadamuun kan raawwatu ta'uu isaati. Dabalataan immoo yakkichi erga raawwatameen booda miidhamtoonni gara qaama haqaa deemuu irra qaanii, sodaa irraa kan ka'e dhoksuu kan filatan ta'uu isaa fi isaan sodaa kana bira darbanii gara qaamolee haqaatti dhufan immoo turanii kan dhufan ta'uu isaa irraa kan ka'e ragaan raawwii yakkichaa mirkaneessuuf gargaaru kan badu ta'uu isaati.

Turanii dhufuun isaanii ragaan battalumatti argamuu danda'u akka baduu fi mana yaalaa deemuun yeroo qorataman ragaan barreeffamu miidhaan qaamaa kan ture ta'uu isaa kan ibsu ta'uu, dhangala'aa qaamaa adda addaa yeroo gabaabaa (yeroo baay'ee sa'aatii 72) keessatti sassaabamee qoratamuu qabu akka badu waan godhuuf dabalataan immoo laaboraatoriin sadarkaa isaa eeggatte kan hanga yeroo dhiyootti hin jirre ta'uun isaa ragaan gahaa ta'e akka hin argamne gufuu guddaa ta'eera.

Miseensonni hawaasaas dhimma ragaa kunuunsuu irratti hubannoo wal fakkatu qaban jechuunis waan danda'muu miti. Miidhamtuun erga gochi dirqisiisanii gudeeduu erga itti yaalameen yookaan itti raawwatameen booda akka hawaasni hin beekne jechuun dubbii dhoksuu, mana yaalaa osoo hin geessin manumatti tursiisuu, mana yaalaa kan geessanis yoo ta'e dursanii dhaqna ishee dhiquun ragaan barbaachisaa ta'e akka manca'u haalli itti godhan ni jira.

Gama biraan immoo yakkoonni baay'een namoota fira yookaan miidhamtootaaf dhiyoo ta'aniin kan raawwatamu ta'uun isaa irraa kan ka'e namoonni miseensa maatii ta'anii fi wal beekan ragaa bahuu diduun ni mul'ata. Fakkeenyaaf dhimma lakk. Galmee 32092 Mana Murtii Ol'aanaa G/Wallagga Bahaatti ilaalamaa ture irratti namni daa'ima guddiisuuf fudhate gudeeduun kan himatame yoo ta'u haati manaa isaa raawwii yakkichaa beektu ragaa bahuu diddee turte.

[119] Miljalee lakk. 117, Miiljalee lakk. 100

Bifa wal fakkaattuun dhimma lakk. Galmee 22545 M/M aanaa Xiyyootti dhiyaate irratti ragaa ittisaa himatamaa ta'anii kan dhiyaatan haadha manaa himatamaa, adaadaa miidhamtuu fi intala himatamaa turan.[120]

3.1.2.8. Giddu lixummaa Jaarsolii Biyyaa

Dhimmoota adeemsa haqaa yakka dirqisiisanii gudeeduu keessatti rakkoo guddaa uumaa jiran keessaa tokkoo fi inni guddaan dhimma jaarsummaa yookaan dhimma mana murtiitiin qofa ilaalamuu qabu araaraan hiikuuf gocha raawwatamu akka ta'e ogeeyyii sirna haqaa addaa addaa irraa odeeffannoon argame ni agarsiisa. Dhimmi jaarsummaa yeroo ammaa rakkoo guddaa nutti ta'ee jira. Yakki erga raawwatameen booda giddu lixummaan jaarsolii kan jiru yoo ta'u 'oltee bultee harreen kan waraabessaati' jechuun miidhamtuun nama ishee dirqisiisee gudeede wajjiin araarsuun ni mul'ata.[121]

Ragaan mana yaalaa umuriin ishee hin geenye jedha. maanguddoonni gidduu lixuun geessee jirti, waljaalataniiti jechuun haalli itti adeemsa seeraa irratti rakkoon itti uuman jira. Erga gudeeddin raawwatameen booda jaarsoliin giddu lixuudhaan dhimmi gara gaa'elaatti jijjiirama. Maatiiinii fi jaarsoliin miidhamtuu ni amansiisu fedhii kootiin akka jettu godhu.[122]

Dhimmoota yakka gudeeddii araaraan hiikuuf wantoota shoora guddaa xabatan keessaa inni tokko hanga beenyaa kaffalamu akka ta'e ibsameera.[123] Miidhamtoonnii fi maatiin isaanii gara qaamolee haqaatti dhufuu akka sababa hamma beenyaa gaafatan itti guddifatanitti(kaffaltiin beenyaa akka ol ka'ee murtaa'uuf) akka 'Bargaining power' ilaaluun ni jira. Erga eeruu kennaniin booda achuumaan hafu.[124] Dhimma gudeeddii wajjiin wal qabatee kaffaltiin beenyaa qarshii 25,000-30,000 akka gahu yaada namoonni kennan ni ibsu.[125]

---

[120] Dhimma M/M/O/G/W/B *PP vs Abrahaanm Hayilee* irratti manni murtii ragaa namaa fi kan mana yaalaa dhiyaate bu'uureeffachuun hidhaa cimaa waagaa 17 itti kan murteesse yoo ta'u, dhimma M/M/A/Xiyyoo *pp vs Alamaayyoo* Kaasaayee irratti manni murtii ragaa mana yaalaa ilaaluun hidhaa cimaa waggaa 11 murteessee jira. (qulqullini ragaa dhiyaatee hammam amansiisaa dha kan jedhu kan ofii isaati bal'inaan ilaalamu qabu akka ta'e qorataan kun ni amana. Haata'uu malee dhimma armaan olitti ilaalle keessatti miseensoni maatii raawwii yakkichaa beekan ragaa bahuuf eeyyamamaa akka hin taane hubachuun ni danda'ama.)

[121] Miiljalee lakk. 82

[122] I/O/ Abraahaam Lameessaa W/P/SH/Kaabaa, 22/04/06

[123] Saajin Immiruu Nagawoo, W/P/aanaa Dandii

[124] Abbaynash Ajjamaa, Itti G/ Dh.D.D.G/Sh/Lixaa

[125] Miiljalee lakk. 106, , 02/04/06, Saajin Immiruu Nagawoo

Jaarsoliin biyyaa beekamoon ni jiru. Hawaasa biratti fudhatama guddaa kan qaban waan ta'eef dhimmoota akkanaa irratti jechi isaani kabajamuu qaba.[126]Namoonni akka mana murtii fi waajjira poolisii deemanii ragaa hin baane kaksiisuun ni jira. Giddu lixummaan maanguddootaa ragaan akka badu taasisa.[127]

Maanguddoon gidduu lixanii araarsuun rakkoo biraas akka qabu ni himu. Fakkeenyaaf erga gudeedeen booda akka wal fudhan godhu.[128] Yeroo tokko tokko inni kun fuudha irratti fuudha hordofsiisa. Itti gaafatamummaa yakkaa jalaa miliquuf kan raawwatamu waan ta'eef yeroo muraassan booda wal hiiku.[129]

3.1.2.9. Rakkoo Ragaa Mana Yaalaa Wajjiin Wal Qabatee Jiru.

Qorannoo yakkaa keessatti qaamolee shoora bakka hin bu'amne taphatan keessaa maanneen yaalaa isaan tokko dha. Qorannoo yakka dirqisiisanii gudeeduu wajjiin wal qabatee ragaan mana yaalaa baay'ee barbaachisaa fi murteessaa akka ta'e ifa dha. Haata'uu malee manneen yaalaa irraa ragaan argamu kan hanqina qabuu fi adeemsa hojii qorannoo keessatti haala barbaadamuun tajaajila kennaa akka hin jirre odeeffannoon argame ni teechisa. Ragaa mana yaalaa irraa argamu ilaalchisee qaamoleen hojii qorannoo kanaaf bifa afgaaffiinis ta'e bargaaffiin gaafataman hundi rakkoowwan adda addaa kan jiru ta'uu isaa ni ibsaniiru.

Odeeffannoon bifa bargaaffiitiin argame irratti ragaan mana yaalaa irraa dhiyaatu qulqullina barbaadamuun kan hin dhiyaannee fi miidhaa qaqqabe haala ifa ta'een kan hin agarsiisne ta'uun isaa ka'eera. Akkasumas yeroo mana yaalaa qorachiisuuf deemamu poolisiin baasii kan gaafatamu ta'uu isaa, ragaa mana yaalaa yeroon argachuu dhabuu kan jiru ta'uun isaa caqasameera.

---

[126] Miiljalee lakk. 98

[127] G/I Zaaraa Habiib, W/P/Aanaa Haroo Maayaa, 07/05/06

[128] Dhimma lakk. Galmee 182481 Mana Murtii Waliigala Oromiyaatti ilaalame irratti manni murtii aanaa GlGuutuu himatamaan yakka dirqisiisanii gudeeduu akka raawwate ragaadhaan mirkaneessee (miidhamtuu dabalatee) adabbii hidhaa waggaa sadiifi ji'a kudhan kan itti murteese yoo ta'u, manni murtii Ol'aanaa G/Harargee Bahaa illee murtii kana cimsee jira. Galmeen kun ol'iyyannoon Mana Murtii Waliigalaa yeroo dhufu miidhamtuuf himatamaan wal fudhanii (ga'eelaan) wajjiin jiraachaa kan jiranii fi miidhamtuun ulfa ji'a lamaa ta'uu ishee caqasuun, Manni Murtii Waliigalaa murtii mana murtii jalaa diiguun himatamaa bilisa baasera. Dhimmi kun araaraan kan dhume ta'uu isaa fi Manni Murtii waliigalaas haala qabatamaa amma irra jiran ilaaluun murtii kana akka dabarse hubachuun ni danda'ama.

[129] Ahmad Umar, PP/M/M/ aanaa Qarsaa, 08/05/06

Afgaaffiin namoota godhamaeef irraas yaadni argame kan armaan gadiiti. Akkaataa deebii argameen haalli qorannoo fi kenninsa ragaa mana yaalaa isa durii irraa fooyya'aa dhufus ammas rakkoo baay'een kan xaxame ta'uu isaa ni agarsiisa.

Ragaan mana yaalaa irraa dhufu akka waliigalaatti qulqullina barbaadamu kan qabuu miti jechuun kan ibsan yoo ta'u rakkoowwan baay'inaan mul'tan jedhaman:-

Haalli itti barraahu ifa ta'uu dhabuu, inni kunis bifa ifa ta'ee fi abbootiin seeraa hubachuu danda'aniin barreeffamuu dhabuun akka mul'atu deebii ogeeyyiin laatan ni ibsu. Yeroo barreessan afaan ogummaatiin barreessuun ni mul'ata.[130]Abbootiin seeraas ifa ta'uu dhabuu isaa irraa kan ka'e hubachuuf haalli itti rakkatan kan jiru ta'uu isaa ni ibsu.[131] Fakkeenyaaf ragaa tokko irratti barreeffamni jiru " qaamni ishee gara sa'aatii sagalitti mallattoo miidhamuu agarsiisa.' jechuun kaa'a.[132] Dabalataan ragaan Hospitaala Ciroo irraa argame fi lakk. 319842 Waajjira Haqaa Godina Harargee Bahaatiif barreeffame 'dubrummaan ishee kallattii sa'aatii lamaa fi jaha irratti baqaba haaraa qaba' jechamuun ibsameera.

Akkasumas haala hubachuuf rakkisuun 'kan gudeedame fakkaata' jechuun[133] kaa'u. Hubachuuf rakkisaa yeroo ta'utti maal jechu akka ta'e nuuf ibsaa jennee ni gaafanna.[134] 'Akka diimachuu wayii', 'yoo tuqamu ni dhukkuba', 'dubrummaan ishee mallattoo tuqamuu agarsiisa' jedhamee haala hubachuuf rakkisaa ta'een kaa'uun ni jira.[135]

Ragaan turjumaana wajjiinis dhiyaatu tokko tokkos hanqina kan qabu ta'uu isaa fi ogeessi fayyaa wanta barreesse sirritti hiikuu dhabuun akka mul'atuu fi jechoota teeknikaa haala hubachuuf rakkisaa ta'een dhiyaata. Isaan ogummaa barbaadan akka ibsi laatamu goona.[136] Fakkeenyaaf dhimma Lakk. Galmee W/H//G/ Harargee Bahaa lakk. galmee M/M 24485 keessatti dhiyaate

[130] Miiljalee lakk.114, Miiljalee lakk. 80
[131] Alamaayyoo Gaaddisaa, PP/M/M/O/G/W/Bahaa, 09/04/06
[132] Mahaammad Jundii Vs P/P M/M/O/G/N/A/Finfinnee,Shiferraw Kabbadaa, A/S. ..... 'ሰዉነትዋ በዘጠኝ ሰዓት አቅጣጫ የመነዳት ምልክት ያሳያል፡፡ Akkaataa odeeffannoo ogeessa fayyaa irraa argameen taa'umsii (shape) qaama saalaa dubartii ogeeyyii fayyaa biratti akkaa ta'uumsa sa'aatii (watch) kan ilaalamu yoo ta'u kallattiin sa'aatii agarsiistuu 3,6,9 fi 12 jedhan bitaa, mirga, oliif gadi akkaataa ibsuun kan itti fayyadaman ta'uu isaa fi ogeeyyii fayyaa biratti kan baratame (professional jurgon) akka ta'e ni ibsu. (Dr. Caalaa Ol'aanaa, Daayireektara Meedikaalaa Hospitaala Naqamtee, 08/04/06)
[133] ክብረ ንስህናዋ የተገረሰሰ ይመስላል fkn (Ragaa buufata fayyaa aanaa sabbataa Hawaas irraa argame (lakk.BFAG/2076/6) W/H/M/S/Hawaas)
[134] Miiljalee lakk. 103
[135] Miiljalee lakk. 102
[136] Miiljalee lakk. 98

hikkoon Ingiliffaa fi kan Afaan Oromoo adda adda ture. Kan Ingiliffaan barraahe umuriin himatamaa waggaa 13-15 kan jedhu yoo ta'u kan gara Afaan Oromootti hiikame immoo 15-17 jedha.

Keessattuu ragaan buufata fayyaa fi kiliniika irraa argamu iftoomina fi qulqullina barbaadamu kan hin qabne dha.[137] Hamma ta'e ragaan hospitaala irraa argamu fooyyee qaba.[138]

Fayyadama jechootaa wajjiinis rakkoon kan jiru ta'uun isaa ni ibsama. Fakkeenyaaf jechoota akka 'Tajaajileera' jedhu fayyadamuu ni jira.[139]

Gaaffiin nuti gaafannuu fi isaan deebisan wal hin fakkaatu, mallattoon gudeeddii jiraachuu isaa, yaaliin gudeeddii jiraachuu isaa fi dubrummaa qabaachuufi dhiisu gaafannee, odeeffannoon nuuf laatamu garuu tajaajileera, tureera jedha.[140]

Dhimmoota ijoo qulqulleessuuf wantoota gargaaran irra kan faayidaa hin qabne ibsu. Inni kunis hubannoo seeraa dhabuu irraa kan madde ta'uu danda'a.[141] Al tokko tokko odeeffannoo miidhamtuu irraa argamu qofaan ragaa barreessanii ergu.[142]

Dabalataan ragaan mana yaalaa irra dhiyaatu kun hanga miidhama gahe agarsiisii dhabuu[143], yaalii wajjiin wal qabatee wantoota ragaa ta'uu danda'an osoo hin ibsin hafuun jira [144]

Ragaan manneen yaalaa irra dhufu irratti akka hanqinatti yaadni ka'e kan biraa immoo, ragaan yeroo barbaadame keessatti kan hin dhiyaanne ta'uu isaati. Sababoota adda addaa tarreessuun ragaa haalli itti tursiisan ni jira. Umurii qorachuu wajjiin wal qabatee himatamaan mana amala sirreessa keessatti ji'a sadiif tureera.[145]

Qorannoo umurii wajjiin wal qabatee rakkoon jiru ogeeyyii bargaaffiinis ta'e afgaaffin dhiyaateef hundaan kan ibsame yoo ta'u, isuma kana wajjiin wal qabatee ijumaan qaama ilaaluun umurii

[137] Waaqumaa Xuurii, A/S, M/M/O/G/W/Bahaa, 10/04/06
[138] Girmaa Gabbisaa, A/S, M/M/A/Xiyyoo, 15/4/06
[139] Miiljalee lakk. 83
[140] I/O Tagany W/P/G/Wallagga/Bahaa, 09/04/06
[141] Miiljalee lakk. 103
[142] Akkuma olii
[143] Asfaaw Nagaraa PP/M/M/aanaa Amboo, 01/04/06.
[144] Tsahaay Abaatee, A/A, W/H/M/Sabbataa Hawaas,23/03/06
[145] I/G/Dasuu Lammaa, W/P/aanaa Kuyyuu, 23/04/06

kennuun akka mul'atu, umuriin daangaan kan kaa'amu fkn , 14-16, 7-11,12-15 fi kkf yookaan 16 ol jechuun faa akka barreessan ibsameera.[146]

Himanni dhiyaatu fi keewwatni caqasamu umurii himatamaa fi miidhamaa irratti kan hundaa'e waan ta'eef haalli umuriin itti barraahu rakkoo guddaa qaba. Fakkeenyaaf ragaan Hospitaala Jugal irraa lakk.136915 dhiyaate umuriin miidhamtuu 7-11 jechuun kan barreeffame yoo ta'u bifuma wal fakkaatuun lakk. Galmee A/A 25889 Godina Harargee Bahaatti dhiyaate irratti umurii himatamaa 13-16 jechuun kaa'eera. Akkasumas dhimma lakk. Galmee A/A lakk.13158 fi lakk.Galmee M/M 43431 W/H/G/shawaa Kaabaa irraa argame irratti ragaan mana yaalaa dhiyaate himatamaan umuriin isaa waggaa 16-18 akka ta'e ibsa.

Ragaa qorachuu diduunis akka jiru odeeffannoon argame ni ibsa. Qorachuu dadhabne jechuun deebisuu,[147] Namoota harka qalleeyyii ta'aniifi kafaluu hin dandeenye bilisaan yaalchisuuf (qorachiisuuf) yaalii goonee hin milkoofne.[148] Ragaa sobaa kennuunis rakkoo gama manneen yaalaatiin jiran jeedhaman keessaa isa tokko dha.[149] Dhimma tokko irratti ragaa adda addaa fi ragaa wal faallessu kennuun ni mul'ata.[150]

[146] Haala qabatamaa yeroo ammaa jiruun umurii qorachuu wajjiin wal qabatee adeemsi jiru ogeeyyi fayyaatiin akka armaan gaditti ibsameera. Kan beekamu danda'u muraasaa dha. Seenaa fudhachuu, qaama ilaaluu, haala rifeensa qaama saalaa (pubic hair) itti guddate ilaaluu, guntuta fi kan fakkaatan ilaaluu, itti aansuudhaan guddina lafee baruuf akka gargaaru Raajii kaasuu, sanaan booda guddina lafee ilaaluun umurii shallaguun ni danda'ama. adeemsa kanaan umurii 'reenjiin' kaa'uu malee isa sirrii 'precise' ta'e ibsuun akka hin danda'amne ibsameera. Akkasumas ogeessa 'specialist' raajii qabaachuun qorannoo umurii dhugummaa qabu kennuuf kan gargaaru ta'uu isaafi, haata'uu malee baay'inaan kan hin jirre ta'uun isaan ibsameera. (Dr. Caalaa Ol'aanaa Hospitaala Naqamtee,)

[147] Hospitaalli Fichee irraa ragaa hin laannu haalli itti jedhan ni jira. Ragaa barreessan ilaalchisee Dooktarri akka dhiyaatu godhamee mana murtiitiin akkeekkachiifni waan laatameef ragaa laachuu didaniiru. Hospitaala Kuyyuutti fayyadamuuf dirqamnee jirra.[147] Bifuma wal fakkaatuun Hospitaalli Amboo umurii qorachuuf meeshaa hin qabnu jechuun kan didan yoo ta'u sababni isaas manni murtii ragaa dogoggoraa laatame ilaalchisee akeekkachiisni waan laatefi akka ta'e ogeessonni gaafataman ni ibsu. Mufachuudhaan haalli ragaa itti kennuu didan jira, dabalataanis ragaa guyyoota muraasaaf (guyyoota lamaaf) qofa kan hojjatan waan ta'eef ragaan yeroo barbaadametti nuuf hin qaqqabu., Miiljalee lakk. 145.

[148] Saajin Roozaa Tilaahun W/P/G/H/Bahaa, 'focal person' Dh,D.D. 07/05/06, Saajin Immiruu Nagawoo, A/A/H/M/H/K W/P/aanaa Dandii

[149] G/I/ Girmaa Galaan, Hoogganaa W/P/aanaa Haromaayaa, 07/05/06

[150] Miiljalee lakk. 82

Ragaan hospitaalota lama irraa argamu wal hin fakkaatu.[151] Maallaqaan dubbii jallisuuf haalli itti deemamu jira.[152] Wal qunnamtii hin mallee qabaachuun qabiyyee ragaa jijjiirsiisuun ni mul'ata.[153]

Gara biraan immoo ogeeyyiin fayyaa dhimmoota seeraaf fayyaa ilaalltan (medco-legal issue) irratti hubannoo gahaa waan qaban miti. Seerri ykn Manni murtii maal barbaada isa jedhu hubatanii ragaa barreessuu irrattis hanqina qabu.[154]

Ragaan mana yaalaa irra dhiyaatu wajjiin wal qabatee rakkoon jiru bal'aa fi bifa adda adda kan qabu ta'uun isaa hubatameera. Qulqullina barbaadamu dhabuu fi bifa iftoomina qabuufii ogeeyyiin sirna haqaa hubachuu danda'aniin barreessuu dhabuun akka jiru ilaaluun danda'ameera. Ragaan barbaadamuu fi manneen yaalaa irraa dhiyaatu garaagarummaa qabaachuu, umurii yeroo asii hanga asii jedhamee (reenjiin) barreeffamu baay'ee bal'aa ta'uu isaa irraa kan ka'e abbootiin alangaa fi abbootiin seeraa himanni dhiyaate keewwata seeraa isa kan jalatti akka hammatamu baruuf rakkachuu fi hamma miidhaa gahe agarsiisuu dhabuun akka jiru ragaawwan dhiyaatan ni agarsiisu.

Gama dhaabbilee muraasaatinis ragaa qorachuu diduu akka jiruufi akeekkachisa armaan dura laatameef irraa ka'uudhaan ragaa laachuu diduun kan jiru ta'uun isaas fakkeenyaan dhiyaatee jira. gocha seeraan ala ta'e kana raawwachuuf akka sababaatti meeshaa ittiin qorannuu fi ogeessa hin qabnu jechuun kan deebii laatan ta'uu isaati.

Ogeeyyii fayyaa beekumsa seeraa qabanii fi akkasumas ogeeyyiin fayyaa jiran beekumsa bu'uuraa seeraa akka qabaatan tattaaffiin cimaan kan hin taasifamne ta'uu isaa irraa kan ka'ee rakkoon gama kanaan jiru guddaa akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Namoota ogummaa lamaanuu qaban (medco-legal) dhimmoota ta'an irratti hubannaa qaban horachuun walitti dhufeenya qaamolee haqaa fi dhaabbilee fayyaa gidduu jiruuf murteessa akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

Adeemsa qorannoo yakkaa keessatti walitti dhufeenyi qaamolee haqaa fi dhaabbilee fayyaa jiru hangam barbaachisaa akka ta'e armaan dura ilaaluuf yaaliin taasifamee jira. Waliitti dhufeenya

[151] Miiljalee lakk. 76
[152] I/A/Kom. Ifaa Bulchaa, I/A/I/G/ W/P/G/SH/Lixaa, 10/12/13
[153] Miiljalee lakk. 143,
[154] Miiljalee lakk. 102

kana bu'uura gaarii irratti utubuuf hojiin cimaan hojjatame kan hin jirre ta'uun isaa hubatameera. Yeroo ammaa godinaalee adda addaa keessatti foramii waliinii qopheessuun qaamolee haqaa, dhimma dubartootaaf daa'immanii dabalatee, dhaabbilee fayyaa wajjiin hariiroo gaarii uumuuf yaaliin taasifama jira. Dhimmi kun barbaachisummaa qabu hubachuudhaan kan irratti hojjatamuu qabu ta'uun isa yaada osoo hin caqasamin bira darbamuu miti. Keessattu ogeeyyiin fayyaa dhimmoota seeraa ijoo ta'anii fi seera wajjiin wal qabatan irratti hubannoo gahaa akka argatan gochuun barbaachisaa ta'a. Inni kunis rakkoo akka waliigalatti mul'atu xinneessuuf ykn hambisuuf gargaara.

3.1.2.10. Eeruu Sobaa

Waldiddaa dhimmoota biroo irratti qaban gara yakka gudeeditti fiduun himachuunis baratamaa akka dhufee odeeffannoo funaaname irraa hubachuun ni danda'ama. Adabbiin yakkoota dubartootaa fi daa'imman irratti raawwatamanii cimaa akka ta'e waan beekaniif dhimmoota adda addaa irratti waliigalteen yoo dhabamu na gudeede ykn intala koo najalaa gudeede jechuun himachuun ni mul'ata.[155]

Yeroo baay'ee jaalalaan kan wajjiin turan ta'ee booda irratti gaaffiin gaa'elaa yoo ka'uu fi dhiirri fuudhuu dide nagudeede jechuun himachuun ni mul'ata. [156] Akka fakkeenyaatti dhimma Mana Murtii aanaa Sabbataa Hawaas lakk. Galmee 29683 dhiyaate irratti jalalaan kan turan ta'us na gudeede jira jette himattee jirti manni murtii garuu himatamaa bilisa baasee jira.

Rakkoon gama kanaan mul'atu ammas kan jiru ta'uu isaa fi keessattu haaloo bahuuf jecha namoota himachuun kan mul'atu ta'uun isaa hubatameera.[157]

Rakkoon gama kanaa jiru kan xiyyeeffannaa argachuu qabuu fi namoonni gocha akkanaa raawwatanis kan isaan gaafachisu akka ta'ee fi mirga namoota himatamaniis kan sarbu ta'uun isaa agarsiifamuu qaba. Namoota gocha kana raawwatan adabuu fi hawaasni akka irraa baru gochuu irrattii poolisii fi abbaa alangaa irraa hojiin guddaan akka eegamuu beekamuu qaba. Keenninsa haqaa yakka gudeeddii keessatti adeemsi hordofamuu qabu kan xiyyeeffannaan

[155] A/S Kaasaa Yaadatee M/M/O/G/Shawaa Kaabaa, 22/05/06
[156] Ahmad Umar Pp mana murtii aanaa Qarsaa, 08/05/06, Alam Tsahaay Dabaalqee, W/H/Aanaa Sulultaa, 14/05/06
[157] Dhimma lakk. galmee Poolisii lakk. 1226/06 aanaa Dandiitti dhiyaate irratti hojjataan manaa mindaa koo naaf kennaa nan deema jedhee yeroo gaafatu, mindaa kafaluu diduuf jecha intala isaanii umuriin ishee waggaa 6 ta'e nu jalaa gudeede jechuun kan himatan yoo ta'u, ragaan qulqullaa'e garuu intalli akka hin tuqamne agarsiisa.

raawwatamu ta'uu qaba. Ragaa gahaa argachuu wal qabatee rakkoon guddaan akka jiru kan beekamuudha. haata'uu malee ragaa argachuun rakkisa qofa waan ta'eef ragaan amansiisaa raawii yakkichaa agarsiisu osoo hin dhiyeessin himata banuu irraa of eeggachuu qabu. Mirga namoota himataman eegsiisuun dirqama isaanis akka ta'e hubachuu qabu.

3.2. Qulqullina Ragaawwan Yakka Dirisiisanii gudeeduu Irratti Dhiyaatan

Qulqullina ragaa dhimma yakka dirqisiisanii gudeeduu wajjiin walqabatee jiru irratti gaaffii dhiyaateef abbootiin alangaa fi abbootiin seeraa akka armaan gaditti deebisaniiru.

Ragaawwan dhiyaataniifii qulqullini isaanii akkamitti ibsama *g*aaffii jedhuuf abbootiin alangaa %79 (**namoota 46 keesaa 36**) ta'an ragaan qulqullina kan hin qabne dha jechuun kan kaa'an yoo ta'u, inni kunis kan ta'e ragaa namaa irratti xiyyeeffachuu irraa kan ka'e, ragaan sobaa jiraachuun isaa, haaloo ba'uuf ijaaramanii dhufuun kan jiru ta'uu isaa, gahuumsi qorattootaa sadarkaa barbaadamu irra kan hin geenye ta'uu isaa akkasumas ragaan buufata fayyaa irraa argamu hanqina guddaa kan qabu ta'uu isaa fi kkf kan teechifaman yoo ta'u kan irra kan ka'e ragaan dhiyaatu himata dhiyaatee shakkiii ol amansiisuu dhabuu kan mul'atu ta'uu isaa ibsameera.

Haata'uu malee ragaawwaan qulqullinaan qaban kan jiran ta'uu fi mana murtiis haala amansiisuu danda'uun qoratamanii kan dhiyaatan jiraachuun isaanii beekamuu qaba jechuun ibsu. Haala amma jiruun garuu akka waliigalatti rakkoon qulqullinaa bal'inaan kan jiru ta'uu isaa irratti waliigalu.

Bifuma wal fakkaatuun gaaffiii ***qulqullinii fi gahuums adabsiisuu ragaa yakka dirqisiisanii gudeeduu irratti dhiyaatu akkamitti madaaltu*** jedhuuf abbootiin seeraa % 90 **(namoota 44 keessaa 40**) ta'an ragaawwan dhiyaatan qulqullina barbaadamu kan gonfatan akka hin taane bifa agarsiisuun gahuumsi ragaa gadi'aanaa, iftoomina kan hin qabne, qulqullinna kan hin qabne, gahaa fi quubsa kan hin taanee dha jechuun deebisaniiru. Keessattu miidhamtuu irratti qofa hundaa'uu, ragaa namaa irratti hundaa'uu fi ragaan mana yaalaa yaadota rogummaa hin qabneen ibsamee dhiyaachuun qulqullina ragaawwanii gadi buusuu irratti gahee guddaa akka qabu ni kaa'u. Ragaan dhiyaatu gaarii dha jechuun kan deebii laatan abbootii seeraa lama qofa.

Qulqullina ragaa wajjiin wal qabatee rakkoon jiruu fi bifa armaan olitti teechifame kallattiinis ta'ee al kallattiin rakkoowwan armaan olitti ragaa funaanuu , qindeessuu fi qorachuu iraatti ibsaman wajjiin wal qunnamtii kan qaban akka ta'an hubachuun wanta nama rakkisuu miti. Hanqinaaleen adda addaa ibsaman akka waliigalatti ragaa dhihaatu irratti kan calaqqifamanii dha. Ragaan immoo qulqullina barbaadamu dhabuun isaa kenniinsa haqaa irratti gufuu guddaa kan ta'u akka ta'e ifa dha.

3.3. Gahee Abbootiin Alangaa Kenniinsa Haqaa yakka Gudeeddii Keessatti qaban Ilaalchisee

Qorattoonni poolisii wajjiin qorachuu irratti abbootii alangaa wajjiin qindoomina gaarii uumuuf tattaaffiin cimaan kan godhamaa jiruufi iddoowwan tokko tokkootti fkn aanaa Dandii keessatti qindoominni gaariin ni jira jechuun ibsu. Haata'uu malee akka waliigalatti rakkoowwan gurguddoon kan mul'atan ta'uu isaa kan ibsame yoo ta'u isaanis gadi bu'anii qorachuu dhabuu gama abbootii alangaatiin kan mul'atu ta'uu isaa, xiyyeeffannaa barbaadamu laachuu dhabuu, qorattoota poolisiif tuffii qabaachuu, iddoo fagoo ta'e deemanii qorachuuf fedhii fi kaka'uumsa dhabuu, dhimma gudeeddii akkuma yakkoota birootti ilaaluu fi galmee qoratame hattatamaan dabarsuu irratti hanqinaaleen kan jiran ta'uu isaa poolisoonni deebii bargaaffii dhiyaateef irratti caqasaniiru.

Odeeffannoon af gaaffiin argame Abbaan alangaa himata saaquu irratti hanqina qabu, keewwata sirrii caqasuu dhabuu, gadii buusanii himata saaquu rakkoo naamusaa kan jiru ta'uun isaa ni agarsiisa.[158]

Gama kanaan rakkoowwan qabatamaan kan mul'atu akka ta'e ilaaluun danda'ameera. Himata saaquu wajjiin wal qabatee keewwata dogongora qabuun himachuun kan mul'atu ta'uu isaa ilaaluun ni danda'ama. maqaan yakkichaa fi keewwanni caqasame adda adda ta'uun galmeewwan xiinxakaman irraa hubachuun danda'ameera. Himata lakk. galmee A/A 05664 ta'ee fi gaafa guyyaa 7/2/06 Mana Murtii aanaa Adaamaatiif dhiyaate irratti keewwata 620 caqasuun miidhamtuu dhunfaa .... umuriin ishee waggaa 15-17 taatuu waan gudeedeef yakka dirqiisiisanii

[158] Miiljalee lakk. 83

gudeeduutiin himatamee jira jechuun kaa'ameera.[159] Galmee kana irraa akka hubanutti tarreen yakkichaa fi keewwanni caqasame kan wal hin simne akka ta'e ilaaluu ni dandeenya. Raawwataan miidhamtuu baajaajiin gara hoteelaatti geessee waan gudeedeef jechuun ibsee jira.

> Dhimmi gara biraa immoo dhimma yakkaa M/M/Adda Adaamaa galmee lakk. 11477'n laalee murteessee dha. Dhimma kana irratti A/Alangaa himatamaaan obboo ..... miidhamtuu dhuunfaa ..... kan jedhamtu sin fuudha jedhee sossobuudhaan gowwoomsee umuriin ishee osoo hin ga'in wal-quunnamtii saalaa wajjin raawwachuudhaan *dubrummaa ishee balleesseera jedhee kwt s/y yakka 626/1 jalatti yakka dirqisiisee gudeeduu raawwateera* jedhee himateera.

Galmee kanaa keessaa hubachuun akka danda'ametti miidhamtuun dubara waaggaa 16 hanga 18 kan taatu jedhameet tilmaamame. Kana jechuun immoo miidhamtuu tana irratti yakki dirqiisiisuun gudeeduu irratti raawwatamus himanni dhimma kana laalatu kan banamuu qabu kwt. 620/2/a/ jalatti ture. Sababni isaas A/Alangaa yakki raawwatame yakka dirqisiisun gudeedutu raawwatame jechaa jira waan ta'eef yakka dirqisiisanii gudeeduu dubartii umuriin ishee waggaa 13 guute garuu 18 hingunne kan laallatu tumaa seera yakkaa armaan olitti kaa'amee dha.Tumaan seera yakkaa A/Alangaa caqase yakka *se'annaa qaama saalaa ijoollee waaggaa kudha 13 guutaan garuu 18 hin guunne irratti raawwatamu* ilaallatuu dha.

Gama biraatiin immoo himata A/Alangaan dhiyaate irraa akka hubachuun danda'amutti himatamaan yakka dirqisiisanii gudeeduu raawwateera kan jedhameef himatamtuu waliin *quunnamtii saalaa … raawwachuudhaan dubrummaa ishee waan balleessefi dha.* Kun immoo ulaagaa seerichaan jiraachuu yakkichaaf hin kaa'amne akka ulaagaatti kaa'uu ta'a.

Dabalataan dhimma lakk. galmee M/M 16944 tiin fi lakk galmee A/A 00344 Mana Murtii aanaa Dodolaatti dhiyaate keessatti abbaan alangaa dhimma gudeeddi seera yakka kew. 620 jalatti kufuu qabu kew. seera yakkaa 622 caqasuudhann akka armaan gaditti himatee jira.

[159] Booda irra himanni kuni bu'uura seera S/D/F/Yakkaa keewwata 119(1) A tiin fooyya'ee keewwata seera yakkaa 626(1) jalatti miidhamtuu dhunfaa ..... umuriin ishee waggaa 15-17 ta'u waliin walqunnamtii saalaa raawwachuu jedhamee dhiyaatee jira.

> Himatamaan guyyaa 24/6/06 guyyaa keessaa tilmaamaan sa'aatii kudha lama yoo ta'u asuma aanaa Dodolaa ganda qonnaan bulaa Fifotaa Washarbii bakka Handoodee jedhamutti yakka raawwatee miidhaa geessuuf itti yaadee Shamarree..... fedhii ishee malee ...humanaan dirqisiisee gudeedee dubrummaa ishee waan balleessee argameef himatamee jira.

Keewwata seera yakkaa 622 jalattii yakki caqasame argamu yakka gudeeddii himata irratti caqasame osoo hin taane yakka gocha humnaa kabaja qaama namaa irratti raawwatamu kan jedhu dha. Haata'uu malee galmee kana irraa kan hubachuu dandeenyu himanni dhiyaatee fi keewwatni caqasame kan wal hin simne yoo ta'u manni murtiis bu'uuruma kanaan murtii kennee jira.

Rakkoowwan galmeewwan armaan olitti ilaalle irratti mul'atan rakkoon caqasame qabatamaan kan jiru ta'uu isaa agarsiisuu irra darbee rakkoowwan caqasaman kunneen hiikkoon seeraa gudeeddii fi yakkoota saal qunnamtii wajjiin wal qabatanii fi seera yakkaa keessatti hammataman gidutti garaagarummaan jiru ifa akka hin taane kan agarsiisuu dha.

3.4. Rakkoowwan Gama Manneen Murtiitiin Mul'atan Jedhaman

Manneen murtii keenninsa tajaajila haqaa keessatti murtee dhumaa kan laatan ta'uun isaanii beekama. Dhimma adeemsa haqaa yakka dirqisiisanii gudeeduu keessatti haala qabatamaa yeroo ammaatiin hanqinaaleen gama manneen murtiitiin jiran maal faa akka ta'an hubachuuf yaaliin taasifamee jira. Qorattoota poolisii fi abbootii alangaa irraa odeeffannoon funaaname haala armaan gadiin ibsama.

Ragaa yeroo madaalan akkuma yakkoota birootti ilaaluun kan jiru ta'uu isaa, shakkamtoota mirga wabii eeguu fi addabbii cimaa akka hordofsiisu waan beekaniif shakkamtoonni baduun ni jira. Fakkeenyaaf mana murtii aanaa Loodee Heexosaa dhimma Lakk. Galmee A/A 142/05 ilaalamaa ture mirgi wabii himatamaa akka ka'uuf gaafannus manni murtii waan hin kaafneef himatamaan baduu danda'eera.Yakka gudeeddii raawwachuun isaas mirkanaa'ee jira.[160] Bifuma wal fakkaatuun mirga wabii wajjiin wal qabatee mana murtii Ol/aanaa Godina Wallagga Bahaatti

[160] Makonnin Gammachuu, Hoogganaa W/H/A/Loodee Heexosaa, 17/04/06

dhiyaate Lakk.Galmee A/A,06120, Lakk Galmee poolisii (CR) 29/2004 ta'e mirga wabii eeyyamuu isaatiin himatamaan badee jira.[161]

Mirga wabii morminus ni laatu. Rakkoo naamusaa wajjiin kan wal qabate ta'uu danda'a.[162] Firummaan, aantummaan fi bifa adda addaatiin rakkoowwan ni mul'atu.[163]

Haata'uu malee mirga wabii wajjiin wal qabatee haalli jiru bu'uura seeraatiin kan raawwatamu akka ta'e abbootiin seeraa tokko tokko ni ibsu. Mirgi wabii mirga himatamaa waan ta'eef seera irra dhaabbannee eeyyamna. Yoo hin taane garuu abbaan alangaa fi poolisiin mana murtii amansiisu qabu.[164] Abbootiin alangaa sababoota mirga wabii dhoorkisiisan sirritti kaa'uun hin morman. Seerri ni eeyyama taanaan abbaan seeraa dhoorkuu hin danda'u.[165]

Mana murtii irratti qaamolee alaa irraa dhiibbaan jira jedhanii namoonni amanan jiru. Miidhamtuun fira qaama bulchiinsaa ykn poolisii ykn abbaa alangaa ykn abbaa seeraa yoo taate gudeeddiin jiraachuu baatus ragaan qindeessudhaan himachuu fi namoota miidhuuf haalli itti deemamu jira.[166]

Murteen laatamu barsiisaa ta'uu dhabuu[167], qaawwa seeraatti fayyadamuun namoota bilisa baasuu ni mul'ata.[168]

Rakkoon manneen murtii irratti ka'e kan biraa immoo ragaa madaaluu wajjiin walqabatee dhimma jiruu dha. Rakkoon kun manneen murtii keessatti bal'aa dha jechuuf rakkisaa ta'us qabatamaan kan jiru ta'uu isaa garuu hubachuun ni danda'ama. Dhimma lakk galmee 16827 M/M/Ol'aanaa Godina Addaa Adaamaa haalli ragaa itti madaalee murteesse raawwii yakkichaa kan sirritti mirkaneesse hin turre. Mannii Murti waliigalaa dhimma kana ol'iyyannoon lakk. galmee 172859 jalatti ilaalee manni murtii jalaa gudeeddiin yakka dhoksaan raawwatamu ta'u

[161] Ayyaanaa Hordofaa Vs pp, Lakk Galmee M/M 30559. Aanaa irratti adabbiin hidhaa waggaa 13 itti murtaa'ee ol/iyyannoon Mana Murtii ol'aanaa dhufe. Manni murtii ol'aanaas manni murtii aanaa dhimmicha ilaaluuf aango hin qabu jechuun kan deebise yoo ta'u, abbaan alangaas himatamaan mana amala sirreessaatii osoo hin ba'in himata saaquuf jedhu manni murtii wabii qarshii 3,000 kan lakkise yoo ta'u himatamaanis achumaan badee jira.(Abbayinash Tafarraa, A/A, Godina Wallagga Bahaa, Fookaal Parsanii Dhimma koorniyaa, 07/04/06)
[162] Miiljalee lakk 160,
[163] Miiljalee lakk. 85
[164] Miiljalee lakk. 131
[165] Akkuma olii
[166] Milljalee lakk. 96
[167] Miiljalee lakk. 84, Miiljalee lakk. 72,
[168] Miiljalee lakk. 72

ibsuun haaluma kanaan madaalanii kan adabbii murteessan ta'us, haala amansiisaa ta'een hin mirkaneeffanne jechuun himatamaa bilisaa baaseera.

Akkasumas dhimma lakk. Galmee 34317 ta'ee fi Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Bahaatti dhiyaate irratti himatamaan daa'ima umuriin ishee waggaa lamaafi walakkaa ta'u gudeeduun himatamee kan adabbiin itti murtaa'e yoo ta'u, haala ragaan itti madaalame yoo ilaallu immoo hanqina kan qabu ta'uu isaa hubanna. Ragaan abbaa alangaa yakki akka hin raawwatamne bifa ibsuun ragaa kan ba'an ta'us mannii murtii garuu murtii balleessummaa fi adabbii dabarsee jira. Manni Murtii Waliigala Oromiyaa(lakk.Galmee171427 jalatti) dhimmi kun madaallii ragaa irratti hanqina akka qabu bifa agarsiisuun abbaan alangaa yakki raawwatamuu isaa akka hin mirkaneessine caqasuun, manni murtii bu'uura ragaa kanaan murtee laachuun isaa sirrii akka hin taane caqasuun ol'iyyataa (himatamaa jalaa) bilisa baasee jira.

3.5. Madda Rakkoowwan Qorannoo Yakka Dirqisiisanii Gudeeduu Keessatti Mul'atanii

Rakkoowwan gaggeessa hojii qorannoo yakka gudeeddii keessatti mul'ataniifii armaan olitti teechifaman maal irraa akka maddan hubachuun bu'a qabeessummaa hojii qora'annoo kanaatiif barbaachisa ta'a.

Maddootni rakkoo kanaa rakkoowwan hojii qorannoo yakka gudeeddii keessatti muudatan wajjiin walitti hidhamiinsa cimaa kan qabaniifi kan walfakkaatanis jiru. Akka waliigalatti dhimma qorannoo yakka gudeeddii wajjiin wal qabatanii rakkoowwan mul'atan maal irraa maddan isa jedhu yeroo ilaallu bu'uura odeeffannoo ***qorattoota poolisii, abbootii alangaa fi abbootii seeraa*** irraa argameen akka waliigalatti sababoonni armaan gaditti teechifaman akka madda rakkootti dhiyaataniiru.

Abbaan alangaa poolisii wajjiin gadi bu'ee qorachuu dhabuu, rakkoo hubannoo seeraa gama poolisii fi hawaasaatiin jiraachuu, manneen yaalaa ragaa sobaa kennuu, Iddoon keessumeessa miidhamtootaa dhabamuu, rakkoo baajataa, xiyyeeffannaa laachuu dhabuu, tooftaan qorannoo boodatti hafaa ta'uu fi fayyadamni teeknolojii baay'ee xiqqaa fi iddoo baay'etti kan hin jirre ta'uu, gahuumsi qorachuu abbaa alangaa fi poolisii gadi aanaa ta'uu, shakkamaan baduu, humni gahaa keessattu qorattoota poolisii dhabamuu, ragaa dhabuu, himannaa sobaa, ilaalcha hawaasaa, dhimmoota jaarsummaan hiikuuf yaalii gochuu, faayidaa fi firummaan hojjachuu, iccittii dhokfachuuf sababa jedhuun dhimmicha tursiisuu, turanii dhufuu, rakkoo maallaqaa wajjiin wal

qabatee miidhamtoonni harka qalleeyyi dhimma isaanii hordofuu dadhabuu fi himata addaan kutuu, amaluma yakkichaa irraa kan ka'e (dhoksaan kan raawwatamu ta'uu isaa), beenyaa araaraa argachuufi haaloo ba'uuf jecha himachuu ykn eeruu kennuu, kan jedhan dhimmoota akka madda rakkoo qorannoo yakka dirqisiisanii gudeeduutti abbootii alangaa, qorattoota poolisiitiin fi abbootii seeraan kan kaa'amanii dha.

Maddaa rakkoo jedhame kan caqasamu qabu tokko seera yakkaa biyya keenyaati. Seerri yakkaa ulaagaalee yakka dirqiin gudeeduu ittiin ibse keessa tokko 'yoo raawwate kan jedhu yoo ta'u seerri gochi gudeedu kan raawwatame yoom isa jedhuuf deebii hin laatuu. Biyyoota kutaa sakkataa'aa barruu qorannoo kanaa keessatti seerota isaanii caqasuuf yaalle keessatti, seerri isaanii haala ifa ta'een yoo qaama 'ishee/ isaa keessa seene 'if he/ she penetrates' jechuun kan kaa'aan ta'uun isaa, keessattuu seerri biyya Hindii *'to any extent'* jechuun ifa godhee haalli itti teechise jira.

Seera biyya keenya keessaa iftoomini akkanaa dhabamuu isaa irraa kan ka'e ogeeyyiin haqaa ejjannoo adda addaa dhimma kana irratti akka qabaatan godheera. Dabalataan immoo ogeeyyiin kunneen badu fi baduu dhabuu dubrummaa akka ulaagaatti akka fudhatan karaa banee jira. Dhimma kana haala qabataa ta'een ibsuuf dhimmoota armaan gadii haa ilaallu.

Dhimma M/M/Ol'aanaa Godina Shawaa Bahaa lakk.galmee 29071'n gaafa guyyaa 04/11/03 murtesseen A/A himatamaan miidhamtuu dhunfaa umuriin ishee wagaa 13 gadi ta'e irratti walqunnamtii saalaa waan raawwateef himatameera jechuun bu'uura seera yakkaa keewwata 627(1) himata dhiyeesse ture.

Ragaan mana yaalaa irraa dhuyaate, miidhamtuun umuriin ishee waggaa 13 gadi akka taatee fi dubrummaan ishee kan jiru ta'uu isaa fi qaamni saalaa ishee dhiiga kan kuufatee fi kan dirmammaaa'e ta'uu isaa ni ibsa. Ragaan namaa immoo himatamaan yakka itti himatame kana akka raawwate ni ibsa. M/M godinaas himanni abbaan alangaa himatamaa irratti dhiyaate dhugaa ta'uu isaa hubatamuu isaa fi himatamaan of irraa ittisuu akka hin dandeenye ibsuun keewwata himanni jalatti saaqame S/Y keewwata 627(1) tiin balleessaadha jedhameera.

Galmee kana irraa akka ilaalutti ogeessonni dhimmicha ilaalan hanga gudeedaan waan isa irraa eegamu hunda gudeeddamtuu irratti raawwatetti sababa inni dubrummaa balleessuu dadhabeef

qofa yakkichi hin raawwatamne nama hin jechisiisu ejjannoo jedhu akka qaban hubachuun ni dandeenya.

Gama biraan immoo himata abbaan alangaa Go/Shawaa Bahaa himata lakk.Galmee 02497'n gaafa 14/07/03 dhiyaate irraa akka hubatamutti himatamaan kun miidhamtuu dhunfaa mana isaatti galchee gudeedaa osoo jiruu qaama ishee irratti dhangala'aa isaa (isparmii) waan gadi naqeef yakka *yaalii gudeeddii* raawwateen himatameera jechuun keewwata S/yakkaa keewwata 27(1) fi 627(1) caqasuun himachuun balleessaa jechisiiseera. Ragaan mana yaalaa galmee kana wajjiin walqabate miidhamtuun waggaa 7 gadi akka taate, qaama saalaa daa'ima tanaa irratti gudeeddaan kun akka isparmii isaa gadi naqee fi qaawwi qaama saalaa ishee akka diimate ni ibsa.

Galmee kana irraa immoo kan hubatamu yakki himatamaan raawwate jedhame yakka *yalii gudeeddaati*; dirqma gudeeddan raawwate jechuuf dubrummaan cabuu qaba; yakka yaalii gudeeddii kana immoo Seera yakkaa keewwata 627/1 fi 27/1 akka bulchu akka ogeessonni seeraa kunniin ejjanno qaban dhimma agarsiisu dha. Kun immoo ejjannoon ogeessota galmee kanneen lamaanii dhimmicha irratti gargar ta’uu isaa dhimma agarsiisu dha.

Seerri dhimma kana irratti bifa ifa ta'een osoo kaa'uu danda'ee rakkoowwan gama kanaan mul'atanii fi hojiimmanni adda addaa akka jiraatu taasisan dhabamsiisuun ni danda'ama.

Maddi rakkoo inni biraa seera yakka irratti dirqisiisanii gudeeduu fi yakkoota walqunnamtii saalaa biroo gidutti daangaan jiru ifa ta'ee kaa'amuu dhabuu isaa irraa kan maddee dha. Haala qabatamaa amma mul'atuun keewwata 620 fi 622 jalatti dhimoonni hammataman garaagarummaa guddaa kan qaban miti. Seerri yakki gudeeddii raawwatameera kan jedhamu yoom akka ta'e ifa godhee haala hin keenyeen gochoota biroo 'gocha saal qunnamtii fakkaatan' *'Corresponding to'* jechuun kan kaa'ee ta'uun isaafi, qabiyyeen keewwata tokkoo isa kaaniif ulaagaa 'element' haala ta'ee kan ibsame ta'uun isaa iftoomina gama kanaan jiraachuu qabu ni xineessa.

Rakkoon gara biraa seera yakkaa wajjiin wal qabatee jiru saala irraa bilisa kan hin taane 'gender neutral' ta'uu isaa fi gochoota saal qunnamtii bifa adda addaatiin raawwataman kan akka walqunnamtii saalaa taa'umsaa (anal sex), kan afaanin raawwatamu (oral sex), kan qubaan

raawwatamu (digital sex), akka wal qunnamtii saalaa qaama dubartii fi dhiraan raawwatamutti (*vaginal sex*) kan hin ilaalle ta'uun isaati.

Gama kanaan qaamni seera baasee miidhaa saal qunnamtiin humnaa bifa armaan olitti caqasaman miidhamtoota irratti qaqqabsiisan garaagarummaan qaban maal akka ta'e haala ifa hin taaneen, miidhaa saal qunnamtii qaama saalaa dubartii irratti raawwatamu qofaatti baasee ilaaluun isaa amansiisaa miti. Miidhaan hamilee, qaamaa fi xiinsammuu miidhamtoota yakki gudeeddii humnaa bifa armaan olitti kaafneen raawwatamu (anal, oral fi digital) qaqqabsiisuu isa kaan irraa (vaginal) wanti adda isa godhu kan hin jirree fi inumaayyuu irra caalaa kan miidhaa hamaa kan geessisu ta'uu danda'a. As biratti qaamni seera tumu baduu dubrummaa fi uumamuu ulfaatiif (pregnancy) irratti kan xiyyeeffannaa laate fakkaata.[169] Gochoota wal qunnamtii isaan kanaan ala ta'aniin ulfi akka hin umamne ni beekama. yaadrimeen yakka gudeeddi kun gocha saal qunnamtii armaan olitti caqasaman bifa hammateen osoo fooyya'ee haala qabatamaa yeroo ammaa jijjiirama hawaasummaa wajjiin wal qabatee jiru keessuummeessu akka danda'uu fi gochoota amma babal'achaa dhufan kanaaf deebii laachuu akka danda'u godha.

Haala amma itti barreeffameen keewwatni 620(1) seera yakkaa *'gender neutral'* ta'us (namni kam iyyuu jechuun kan jalqabu waan ta'eef), qaamni seera baasu garuu waa'ee dhiiraa akka dubbachaa jiru keewwattoota itti aananii dhufan irraa hubachuun ni danda'ama. Gochi saalqunnamtii humnaa namoota saala wal fakkaatu qaban giddutti raawwatamu bu'uura seera yakkaa keewwata 629 jalatti kan ilaalamu ta'uu isaa hubatamuu qaba.

3.6. Odeeffannoo Dhimma Dubaratootaaf Daa'immanii Irraa Argaman

Rakkoowwan qorannoo yakka dirqisiisanii gudeeduu wajjiin wal qabatee jiranii fi gama waajjira dhimma dubartootaa fi daa'immaniitiin hubatanman maal faa akka ta'an adda baasuuf odeeffannoon bifa bargaaffiitiin funaanamee jira.

Rakkoowwan gama dhimma dubartootaaf daa'immaniin caqasaman keessaa hawaasni dhimma kana akka qaanitti ilaaluu, qorattoonni poolisii himatamtoota barbaadanii dhiyeessuu irratti hanqina qabaachuu, manneen yaalaa umurii qorachuuf meeshaa hin qabnu jechuun qaama ilaaluun qofa tilmaamaan ibsuu,[170] Abbootiin alangaa hadheeffatanii itti deemuu irratti rakkini

[169] Miiljalee lakk. 37
[170] Aaddee Masarat Abarraa I/A/I/G. DH.D.D.G. Shawaa kaabaa 22/04/06

jira. Dirqisiisanii gudeeduun qofaa isaatti waan ilaalamuu miti. dhukkuboota wal qunnamtii saalaatiin daddarban fkn HIV, dhukkuba tiruu kkf wajjiin wal qabsiisanii himachuu irratti hanqini jira.[171]

Komin adda addaa gama dubartoota miidhamaniin akka ka'u afgaaffii hojjattoota dhimma dubartootaaf daa'immanni sadarkaa adda addaa irra jiraniif dhiyaate irratti ibsameera. Qorattoonni poolisii qorachuu diduu, harkifachuu fi jecha miidhamtuun laattu amanuu dhabuu, dhaqii araarami faa jechiin ni jira. Rakkoon gama qaamolee haqaatiin jiru rakkoo ogummaa qofa osoo hin taane rakkoo ilaalchaati.[172]

Gama mana murtiitinis rakkoowwan kan hubatam yoo ta'u, murtee barsiisaa ta'e laachuu dhabuu, murteen laatamu immaamata dhimma dubartootaaf daa'immanii hubannoo keessa galchuun hin jiru. Manneen murtii 'Gender Department' hin qaban.[173]

[171] Miiljalee lakk. 84
[172] Akkuma olii
[173] Miiljalee lakk. 84

BOQONNAA AFUR

YAADA GUDUNFAA FI FURMAATAA

4.1. YAADA GUDUUNFAA

Yakkoota baay'inaan dubartootaafi daa'imman irratti raawwataman keessaa tokko yakka dirqisiisanii gudeeduu akka ta'e irra deddeebi'amee ka'ee jira. Haala qabatamaa naannoo keenyaatiin lakkoofsi yakka gudeeddii gabaasamu dabalaa dhufuu isaa odeeffannoon komishiinii Poolisii Oromiyaa irraa argame ni agarsiisa. Haata'uu malee baay'inni yakka gabaasamuu dabaluun raawwiin yakkaa dabaleera kan nama jechisiisu akka hin taane ogeeyyiin ibsan jiru. Hubannoon hawwaasaa waan dabaleef yakkoonni armaan dura raawwatamanii hin ibsamin hafan hawaasni gara qaamolee haqaatti dhiyeessaa waan jiruufis ta'uu danda'a. [174]

Akka waliigalattii yakkoonni dubartootaa fi daa'imman irratti raawwataman akka Naannoo Oromiyaatti kan bal'inaan mul'atan ta'uun isaa hubatameera. Yakkoota dubartootaafii daa'imman irratti raawwataman keessaa inni tokko fi xiyyeeffannaa guddaa barabaadu dhimma dirqisiisanii gudeeduti. Raawwii yakka kanaa hambisuuf ykn xinneessuuf sirni haqaa bu'a qabeessa ta'e diriirfamuun isaa murteessaa dha.

Qorannoo kana keessattis adeemsi yakka dirqisiisanii gudeeduu sadarkaa raawwii yakkaa irraa kaasee ragaan funaanamee, qoratame , himatni banamee , mana murtii gahee hanga adabsiisutti sadarkaa sadarkaadhaan rakkoowwan hubataman irratti xiyyeeffatee kan gaggeefameedha. Gaggeessa qorannoo kana keessattis adeemsi kenniinsa haqaa yakka dirqisiisanii gudeeduu wajjiin wal qabatee jiru rakkoo fi hanqinaalee adda addaa kan qabuu fi xiyyeeffannaa guddaan laatameefi kan itti hojjatamuu qabu akka ta'e agarsiisa.

Hawaasa irraa kaasee hanga mana murtiitti sadarkaa sadarkaadhaan qaamole jiran keessatti rakkoowwan gara garaa kan jiran ta'uun isaa hubatameera. Hawaasni hubannoo dhabuu irraa kan ka'e ragaa kunuunsuu dhabuu, ragaa bahuu dhabuu, dhimmoota tursiisuun fiduun kan jiru ta'uu isaafi inni kunis ragaan qulqullina qabuufi barbaadamu akka hin argamne gochuun adeemsa kenniinsa haqaa yakka dirqisiisanii gudeeduu irratti dhiibbaa mataa ofii isaa ni qabaata. Yakkoota dirqiin gudeeduus ta'ee yakkoota biroo wajjiin wal qabatee ragaan miseensota

[174] Miiljalee lakk. 92

hawaasaa irraa argamu murteessa waan ta'ee gama kanaan rakkoowwan mul'tan furuun adeemsa haqa kennisiisuu keessatti jijjiirama gaarii fiduu danda'a.

Jijjiirama ilaalchaa fiduun hawaasni dhimmoota ragaa bahuu kunuunsuu fi qaama haqaatti ibsu yookaan dhiyeessuu akka aadaa godhatu barsiisuun murteessaa dha. Adeemsi qorannoo yakkaa kamiyyuu, hirmaannaa hawaasaan yoo hin deeggaramne, bu'a qabeessa ta'uu hin danada'u.

Gama qorattoota poolisiitiin rakkoon gahuumsaa, xiyyeeffannaa barbaachisu kennuu dhabuu, naamusaa, rakkoo dhiyeessa meeshaalee qorannoo fi loojistiksii, qorattoota dubartootaa leenjii addaa qaban dhabuu, mala saayinsaawa ta'etti fayyadamuu dhabuu fi barmaatileen hojjachuu, iddoo qorannoo mijataa (kutaa qorannoo mijataa ta'e dhabuu) iddoo turmaataa miidhamtootaaf ta'u dhabuun adeemsa hojii qorannoo fi haqa baasuu irratti dhiibbaa guddaa kan fidaa jiru ta'uun isaa hubatameera. Rakkoowwan armaan olitti caqasaman baay'inaan mula'achuun isaanii adeemsii qorannoo yakka gudeeddii fi haqa kennisiisuu sadarkaa barbaadamu irra akka hin jirre kan agarsiisuu dha. Rakkoowwan kunneen osoo furuu yookaan xinneessuu hin danda'in waa'ee kenninsa tajaajila haqaa si'aayina qabuu fi sadarkaa isaa eeggate haasa'uun gonkumaa hin danada'amu.

Poolisiin qorannoo gaggeessuu wajjiin walqabate staandaardii waliigalaa hordofamuu qabu kan hin qabne ta'uun isaa hubatameera. Iddoo adda addaatti bifuma baratameen kan itti hojjatamu yoo ta'u qorannoon yeroo gaggeeffamu sadarkaawwan (steps) hordofamuu qaban maal akka ta'an fi adeemsii akka waliigalaa qorannoon itti gaggeeffamuu qabu ilaalchisee qajeelfamni kan hin jirre ta'uun isaa hubatameera.

Biyyoota adda addaa keessatti yakkoota adda addaa qorachuuf sadarkaawwan fi tarkaanfiiwwan fudhatamuu qaban ilaalchisee qajeelfama bifa maanuwaalii qorannootiin qopheessuun kan itti fayyadaman yoo ta'u, jijjiirama yeroo yeroodhaan mul'atu bu'uureeffachuun jijjiirama barbaachisu gochuun itti fayyadamu. Qorannoo yakka dirqisiisanii gudeeddii wajjiin wal qabatee fakkeenyaaf biyyoonni Inglaand, Filippiins maanuwaalii kan qaban yoo ta'uu, bifa ragaa funaanamu, akkamitti akka funaanamu, tarkaanfiiwwan fudhatamuu qaban maal faa akka ta'an, ragaa gahaa argachuuf qorataan poolisii maal irratti akka xiyyeeffachuu qabu, ragaawwan argaman bifa kamiin akka sassaabamuufi of-eeggannoon kunuunfamu qaban ni tarreessu.

Haala qabatamaa biyya keenyaatiin maanuwaaliin bifa kanaan qophaa'ee fi tajaajilu waan hin jirreef qorannoon yakka Dirqisiisanii gudeeduus ta'ee yakkoota biroo bifa faffaca'een kan gaggeeffamaa jiru ta'uu isaa ni hubanna. Hanqina gama kanaan jiru furuuf, muuxannoo biyyoota armaan olitti caqasamaniifi haala qabatamaa biyya keenyaa hubannoo keessa galchuudhaan maanuwaalii qorannoo yakkaa qopheessuun faayidaa guddaa ni qabaata.

Gama abbootii alangaatiin gadi bu'anii qorachuuf fedhii dhabuu, xiyyeeffannaa laachuu dhabuu, keewwata hin malle caqasuun himata banu, rakkoo naamusaa fi gahuumsaa akka mul'atuu akka ta'e rakkoon kunis adeemsa haqa kennisiisu yakkoota gudeeddi wajjiin wal qabatan irratti dhiibbaa mataa isaa kan qabu ta'uun isaa hubatameera. Keewwata hin malle caqasuun himachuufi ragaa himata sana hin deeggarre dhiyeessuun yakki raawwatamus himatamaan akka bilisa bahu gochuu fi akkasumas ragaa qulqullina isaa hin eegganne dhiyeessuun namni yakka hin raawwanne akka adabamu gochuun haqni akka dabu gochuu ta'a. Gama kanaan rakkoowwan jiran furmaata argachuu kan qabanii fi abbootiin alangaa gama kanaan hanqina qaban jijjiirama barbaachisu akka fidan irratti hojjatamuu qaba.

Abbootiin seeraa wajjiin wal qabatee immoo akkuma yakkoota birootti ilaaluun ragaa madaaluu, mirga wabii eeguu, sababa adda addaa dhiyeessuun bilisa baasuu, xiyyeeffannaa laachuu dhabuu, rakkoo namusaa akka qaban odeeffannoon funaanameni agarsiisa. Rakkoowwan mirga wabii wajjiin wal qabatanii jiran bu'uura seeraatiin kan raawwataman ta'us rakkoowwan kan mul'tan ta'uun isaa hubatameera. Himatamaan akka baduu danda'u osoo beekamuu akka mirgi wabii isaa eegamuuf gochuun haqa dabsuu ta'a. Ragaa madaaluu wajjiin walqabatee, dhimma yakka dirqisiisanii gudeeduu wajjiin wal qabatee ragaa gahaa argachuun rakkisaa waan ta'eef qofa haala mirga himatamaa miidhuu danda'uun madaaluun murtii dabarsuun akka mul'atuu fi inni kunis kenniinsa haqaa irratti rakkoo guddaa kan qabu ta'uu isaa ni hubannaa.

Waajjira dhimma duubartootaaf daa'immanii wajjiin wal qabate, iddoo tokko tokkotti tattaaffii gaarii gochuun adeemsa haqa yakkoota dubartootaaf daa'imman irratti raawwataman keessatti gahee guddaa kan xabatan ta'us ogeeyyii gahuumsa qaban dhabuu, hojii dhimma dubartootaa keessattu nageenya dubartoota eegsisan hojjachuu irra dhimmoota birootiif xiyyeeffannaa kennuu,

Gama biraan dhimmoota araaraan hikuuf tattaaffiin jaarsolii biyyaatiin godhamus adeemsa kenninsa haqaa yakka dirqisiisanii gudeeduu keessati rakkoo guddaa kan uumaa jiru ta'uu isaa, ragaan manneen yaalaa (hospitaala, buufata fayyaa fi kiliniika) irraa argamu qulqullina barbaadamu kan hin qabne ta'uu, yeroo barbaadamutti kan hin qaqqabne, ifa ta'ee kan hin barreefamne (afaan ogumaatiin barreessuu), ragaan sobaan laatamu jiraachuu, hanga miidhama gahe sirritti agarsiisuu dhabuu, miidhamtoota harka qalleeyyiif tajaajila bilisaa laachuu diduu, Umurii daangaan (range) kaa'uu, tilmaaman himuun jiraachuu isaa hubatamuu danda'meera.

Himata sobaa dhiyeessuun kan jiru ta'uu isaa, keessatti yeroo ammaa dhimmi dubartootaaf daa'immanii xiyyeeffannaa guddaa argateera amantaa jedhuun dhimmoota biroo irratti wal diddaan yoo jiraatu na gudeede jedhanii himachuun baratamaa dhufee jira. Jaalalaan erga wajjiin turaniin booda waliigalteen yoo dhibu ykn dhiirri sinfuudhu yoo jedhe nagudeede jechuun himachuun kan jiru ta'uu isaa ilaaluun danda'ameera.

Seerri yakkaa yakka dirqisiisanii gudeeduu wajjiin wal qabtaee jiru dhimmoota tokko tokko irratti iftoomina kan hin qabnee fi yakkoota saalqunnamtii gara garaa miidhaan isaanii garaa garummaa hin qabaanne bifa adda addaatiin teechisuun kan jiru ta'uu isaa fi dhimmoonni tokko tokko ifa ta'anii kaa'amuu dhabuu irraa kan ka'e ogeeyyiin seeraa ejjannoo adda addaa akka qabaatan gochuun hojimaanni sadarkaa isaa eeggatee fi wal fakkaatu akk ahin jiraanne taasisee jira.

4.2. YAADA FURMAATAA

Rakkoowwan qorannoo yakka dirqisiisanii gudeeduu wajjiin wal qabatee sirna haqaa naannoo keenya keessatti mula'tan adda baasuuf yaaliin taasifameera. Rakkoowwan mul'tan isaan kana qofa jechuu miti. Haata'uu malee rakkoowwan bal'inaan mul'atan adda baasuuf yaalameera. kaayyoon qorannoo kanaa keessaa tokko kan ta'e rakkoowwan mul'atan adda baasuu fi booda yaada furmaataa hojii irra ooluu fi rakkoo sirna haqaa yaakka dirqisiisanii gudeeduu keessatti mula'atan hambisuu yookaan xinneessuu danda'u akeekuu dha.

Bu'uuruma kanaan rakkoowwan mul'atan hubachuuniifi yaada namoota gaaffiiwwan qorannoo kanaa keessatti dhiyaateef deebii laatan bu'ureeffachuun yaadoliin furmaataa armaan gaditti teechifamaniiru.

1. Gahuumsa Qorattoota poolisii, Abbootii alangaa fi Abbootii Seeraa Fooyyessu:

Qorannoo yakka dirqisiisanii gudeeduu fi akka waliigalatti qorannoo yakkaa sadarkaa barbaadamuun bu'a qabeessa akka hin taane rakkoowwan taasisan keessaa inni guddaan rakkoo gahuumsa qorattootaa keessattu qorattoota poolisiiti. Leenjii saayinsaawaa fi sadarkaa isaa eeggate yeroo yeroon jijjiirama dhufu giddu gala godhatee qophaa'e kan hin laatamne waan ta'eefi barmaatilee fi leenjii jalqaba yeroo muraasaaf fudhataniin kan hijjatan ta'uun isaa hubatameera. Rakkoon kunis qorattoonni poolisii yakkoota ciccimoo fi walxaxaa ta'an qoratanii baasuu irratti hanqina guddaa akka qabaatan godhee jira. Akkasumas uumama isaanii irraa kan ka'e yakkoonni tokko tokko leenjii addaa kan barbaadan yoo ta'u , gama kanaanis qorattoonni leenjii addaa (fkn yakka dirqisiisanii gudeeduu qorachuu irratti) qaban baay'inaan hin jiran. Gahuumsa gama beekumsa seeratiinis qaban fooyyessuu qabu.

Gahuumsa wajjiin wal qabatee rakkoowwan jiran furuuf qorattoota poolisiif leenjii sadarkaa isaa eeggatee fi wayitaawaa ta'e, akkasumas rakkoo qabatamaan hojii irratti isaan muudachaa jiru giddu gala godhe laachuun murteessaa dha. Fayyadama teeknolojii wajjiin wal qabatee hanqinni cimaan kan jiru waan ta'eefi, yakkoonni yeroo ammaa rawwaatamaa jiraniifi sadarkaan hubannoo qorattoottaa waan wal hin gitneef gama kanaan hanqinaale jiran furun faayidaa guddaa qaba.

Yakkoota qorannoon isaanii xiyyeeffannaa fi leenjii addaa barbaadaniif qorattoota dhimma sana irratti 'specialize' godhan horachuun barbaachisaa dha. Keessattu yakkoota dubartootaa fi daa'imman irratti raawwataman wajjiin wal qabatee qorattoota dhimma kana irratti hubannoo fi beekumsa gahaa qaban geessuun hojii boriif jedhamuu miti.

Dabalataan abbootiin alangaa akka poolisii wajjiin qoratan ni beekama. Haata'uu malee hubannoon isaan qorannoo irratti qabanis gahaa miti. Dandeettii isaanii cimsatanii qorattoota poolisii wajjiin wal-deeggaruun qorachuun haqa baasuu irratti gumaacha dabalataa akka taasisan gochuuf saayinsii qorannoo fi adeemsa isaa irratti hubannoo akka qabaatan gochuun faayidaa guddaa qaba.

Dhimmoota seera bifa wal fakkaatuun hojii irra oolchuu wajjiin wal qabatee hanqina jiru furuuf leenjiin itti fufiinsa qabu laatamuu qaba. Himata saaquu wajjiin wal qabatee rakkoowan

keewwata sirrii caqasuu fi yakki raawwatame seera kamiin akka ilaalamuu qabu irratti rakkoowwan mul'atan furuuf leenjiin laatamuun isaa barbaachisaa dha.

Abbootii seeraa wajjiin wal qabtee dhimmoota qorannoo kana keessatti akka hanqinatti ka'aa turan keessattuu madaallii ragaa fi mirga wabii eeguu wajjiin wal qabatee jiran furuuf leenjiin kennamuu qaba. Ragaa madaaluu fi mirga wabii eeguu wajjiin walqabatee adeemsi wal fakkaatu akka jiraatuu fi ulaagaawwan akkamitti fayyadamuun akka barbaachisuu leenjiin kallatti agarsiisu kennamuu qaba.

Leenjii ga'uumsa ogeeyyii qaamolee haqaa fooyyeessuuf laatamu kana Institiyuutiin leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa qaamolee dhimmi ilaalu, Mana murtii waliigala Oromiyaa, Waajjira Haqaa Naannoo Oromiyaa fi Komishiinii Poolisii Oromiyaa Wajjiin ta'uun gaggeessuun hanqinaalee gama kanaan mul'atan xinneessuun yookaan furuun ni danda'ama.

2. Rakkoo Baajataa, Dhiyeessa Meeshaalee Hojii Qorannoof Barbaachisan Sadarkaa Sadarkaadhaan Guutuu

Adeemsa hojii qorannoo yakka dirqisiisanii gudeeduu keessatti akka hanqinaatti dhimmoota ka'an keessaa rakkoo maateriyaalii hojii qoraannootiif barbaachisan dhabuu, rakkoo baajataa fi loojistiksii akka ta'e armaan olitti teechifameera. Rakkoo gama kanaan mul'atu yeroo tokkoon furuun rakkisaa ta'uus xiyyeeffannaan itti laatamee hojjatamuu qaba. Hojiin qorannoo yakkaa ragaa sassaabuu irratti kan hundaa'e dha. Iddoo meeshaaleeniifi loojistiksiin gahaan hin jiretti ragaa gahaa fi bu'a qabeessa ta'e argachuun hin danda'mu.

Kanaafuu qaamni dhimmi ilaalu keessattu, Bulchiinsi mootummaan naannoo Oromiyaa, Komishiniin poolisii Oromiyaa qaamolee gara garaa wajjiin ta'uun (fkn Dhimma Dubartootaaf daa'immanii, Dhaabbilee gara garaa dhimma dubartootaaf daa'immanii irratti hojjatan) meeshaalee hojii qorannootiif barbaachisan hanga danda'ameen guutuu, rakkoo baajataa furuuf baajata gahaa (keessattu qorannoo yakka dubartootaafii daa'imman irratti raawwatamanii) ramaduu, durgoo oolmaa fi faayidaa qorattoota poolisii fooyyessu, Dhaabbilee mootummaa fi mit-mootummaa wajjiin qindominaan hojjachuun rakkoo loojistiksii fi dhiyeessa meeshaalee fooyyessuun barbaachisaa ta'a.

3. Qorattoota Dubartootaa Qabaachuu

Qorattoota gahuumsa qaban qabaachuun gaggeessa hojii qorannoo yakkaa keessatti hangam murteessaa akka ta'e ni hubatama. Gama biraatiin yakkoota muraasa fkn yakkoonni gocha wal qunnamtii saalaa wajjiin wal qabatan kan safuu hawaasaa wajjiin ilaalaman waan ta'eef qorannoon isaanis bifuma kanaan kan hubatamuu qabuu dha. Dubartoonni dhiiraan gudeedamanii dhufan dhimma isaanii deebisanii dhiratti himachuuf qaaniin ni jiraata. Rakkoo kan hambisuufi dubartoonni miidhaan isaan irra gahe wanta isaan muudate hunda bilisa ta'anii akka himachuu danda'an gochuuf qorattoota dubara leenjii addaa dhimma kana irratti fudhatan qabachuun baay'ee faayida qabeessa dha.

Keessattu hawaasni keenya dhimmoota saal qunnamtii irratti ilaalchi qabu ifa baasanii dubbachuuf kan nama kakaasu waan hin taaneef yakkoonni raawwataman dhoksaan akka hin hafne gochuuf, dubartoonni miidhaan isaan irra gahe dhimma isaanii nama na hubachuu danda'a jedhanii amananitti akka himataniif qorattoota dubaraa gahuumsa barbaadamu qaban horachuun barbaachisaa dha. Gama kanaanis hojiin Komishinii Poolisii Oromiyaa irraa eegamu guddaa akka ta'e ifa dha.

4. Giddu Lixummaa Jaarsolii Biyyaa Hambisuu

Dhimmoota yakka gudeeddii araaraan hiikuuf yaaliin taasifamu adeemsa kenninsa haqaa yakka dirqisiisanii gudeeduu keessatti rakkoo guddaa uumaa jiran keessaa isa tokko dha. yakki dirqisiisanii gudeeduu erga raawwatameen booda miiidhamtuu nama fedhii isheetiin ala gudeede wajjiin akka araaramtu gochuuni akka wal fuudhan gochuun namni yakka raawwate osoo hin adabamin akka hafuu fi haqni akka jallatu gochaa jiru. Maallaqi araaraan argamu guddaa waan ta'eef jaarsoliin maatii sossobuudhaan beenyaa fudhatanii akka himata addaan kutan gochuun adeemsi qorannoo yakkaa fi murtii kennisiisuu akka gufaatu godhu. Fudhatamaa fi kabaja hawaasa keessatti qaban fayyadamuun namoonni waa'ee dhimmichaa beekan ragaa akka hin baane kakachiisuu fi sodaachisuun ni jira.

Rakkoo gama kanaan jiru hambisuuf baruumsa gahaa laachuu fi namoota sirraa'uu hin dandeenye irratti haala namoota birootiifis baruumsa ta'uu danda'uun tarkaanfii seeraa fudhachuun murteessaa dha.Qaamoleen haqaa keessattu Poolisii fi abbaan alangaa dhimma kana

irratti baruumsa bal'inaan laachuun namoota gocha kana irraa deebi'uu hin dandeenye seeraan gaafachuun kan isaan irraa eegamu ta'a.

5. Walitti Dhufeenya Qaamolee Haqaa Fi Dhaabbilee Fayyaa Cimsuu

Qaamolee qorannoo yakkaa keessatti gahee guddaa xabatan keessaa dhaabbileen fayyaa isaan tokko dha. Qorannoon ragaa mana yaalaa irraa dhiyaatu murtii mana murtii dabarsuuf galtee guddaa akka ta'es wanta ifatti beekamuu dha. Haata'uu malee akka qorannoo kana keessatti ibsamuuf yaalametti walitti dhufeenyi qaamolee haqaa fi dhaabbilee fayyaa sadarkaa barbaadamu irra akka hin geenye hubatameera. Gama manneen yaalaatiin akkuma hojii yaalumsaatti ilaaluun keessummeessuun kan jiru ta'uu isaa fi ragaa yeroo kennanis abbaan seeraa ykn manni murtii maal barbaada isa jedhu hubannoo keessa galchuun kan barreessan miti.

Gama biraan namooti harka qalleeyyi ta'an ragaa qorachiisuuf maallaqa waan hin qabneefi dhaabbileen fayyaas tajaajila bilisaa hiyyeeyyiif waan hin laannef haalli haqni itti dabu jira.

Wal hubachuu dhabuu irraa rakkoowwan armaan olitti caqasamanii fi kan biroos akka mul'atan hubatameera. Foramii waliinii iddoo muraasaatti jalqabame itti fufsiisuu fi cimsanii itti adeemuun barbaachisaa ta'a. Akkasumas ogeeyyii fayyaatiifis hubannoo seeraa isaan qaban fooyyessuuf waltajjii adda addaa mijeessuudhaan muuxannoo wal jijjiiruun adeemsa sirrii ta'eefi rakkoo mul'atu furuu danda'uu dha.

Qaamoleen haqaa akka waliigalatti dhaabbilee fayyaa wajjiin walitti dhufeenya qaban haala cimsuu danda'uun hariiroo gaarii uumuuf itti gaafatamummaa guddaa ni qabaatu. Hojiin kun Komishinii Poolisii Oromiyaa, Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, fi Waajjira Haqaa Oromiyaa akkasumas manneen murtii, waajjiraalee haqaa fi poolisii godinaalee hunda kan ilaallatuu dha.

6. Iddoo Qorannoo Yakkaa fi Turmaataa Mijataa Qopheessuu

Haallii qorannoo amma waajjiraalee poolisii keessatti mula'atu keessattu adeemsa JBHA wajjiin wal qabatee jiru qorannoo yakka dirqisiisanii gudeeduu fi yakkoota saal qunnamtii wajjiin wal qabatan kan biroo qorachuuf gonkumaa kan mijatuu miti. Iddoon keessummeessa mijataan dhabamuun isaa dubartoonni yakki itti raawwatamee dhufan akkaataa barbaadaniin miidhaa isaan irra gahe akka hin himanne isaan taasisa. Yeroo baay'ee qorattoonni poolisii kutaa biraa (fkn kutaa hogganaa waajjiraa) keessa seensisuudhaan kan gaafatan yoo ta'u adeemsi kunis haala

fi yeroo hojii kan miidhuu, akkasumas miidhamtuu tasggabbeessanii obsaan odeeffannoo barbaadamu argachuu akka hin dandeenye godha.

Rakkoowwan kanneeniifi kan kana fakkaatan kan biroo hambisuuf, haala miidhamtootaaf mijataa (comfortable) ta'een, iddoo qorannoo gahaa qabaachuun dubartiin gudeedamtee dhufte ykn miidhaan irra gahe miidhaa biraa 'secondary victimization' irraa ishee baraaruufi tasgabbeessanii dubbisuuf gargaara.

Dabalataaniis iddoon turmaataa miidhamtoota yakka gudeeddii fi yakkoota biroo jiraachuun murteessaa dha. Dubartoonnii fi daa'imman iddoo fagoo irra dhufan, akkasumas miidhamtoonni miseensa maatii ykn nama isaan bulchuun miidhaan irra gahe erga himataniin booda gara mana sanaatti deebi'uuf nageenya isaaniitiif gaarii waan hin taaneef iddoon turmaataa jiraachuun isaa baay'ee murteessaa dha. Haalli qabatamaa yeroo ammaa jiru kan agarsiisu dubartoonno rakkoowwan armaan olitti caqasaman isaan muudatan mana dhunfaa hojjattoota dhimma dubartootaaf daa'immanni , poolisii fi abbaa alangaatti ykn maallaqni hawaasa irraa akka funaanamu taasifamee kan keessummaa'an waan ta'eef hamilee isaanii kan tuquu fi adeemsi kunis deddeebi'ee mul'achuun isaa hawaasaa fi qaamolee olitti ibsaman kan ifachiisu ta'a.

Iddoo qorannoo fi turmaataa miidhamtootaaf hawwataa ta'e qabaachuun adeemsa hojii qorannootiif galtee guddaa ta'a. Dhimma kana irratti Waajjiri Poolisii fi Wajjirri Haqaa wajjiin ta'uun irratti hojjachuu qabu.

7. Ogeeyyii Xiinsammuu, Saayikaatiriistii Fi Hoojjattota Hojii Hawaasaa (Social Workers) Ramaduu

Miidhaan miidhamtoota yakka dirqisiisanii gudeedu kan qaamaa qofaa miti. Miidhaan xiinsammuu fi hamilee isaan irra gahu cimaa akka ta'ee fi inni kunis rakkoowwan adda addaatiif kan isaan saaxilu ta'uun isaa ni hubatama. Rakkoowwan gama kanaan muudatan hambisuuf yookaan xinneessuuf ogeeyyii xiinsammuu, saayikaatiriistotaa fi hojjattoota hojii hawaasummaa (social workers) qabaachuun daran barbaachisaa dha. Miidhaa yakki dirqisiisanii gudeeduu irratti qaqqabsiise akkamitti akka irra darbuu qaban, dhimma isaanii tasggabbaa'anii akka dhiyeeffatan, hawaasa irraa wanta isaan muudachuu danda'uuf akka of qopheessaniifi gargaarsa xiinsammuu isaan barbaachisu hunda akka argatan gochuuf ogeeyyii kanneen lakkoofsa gahaan ramaduun barbaachisaa dha. Komishiiniin Poolisii Oromiyaa Waajjira Haqaa Oromiyaa

qaamolee gargaarsa gama kanaan taasisan wajjiin ta'uun ogeeyyii kanneen qacaruu yookaan leenjisuun ramaduu murteessa ta'a.

8. Hubannoo Hawaasaa Irratti Hojjachuu

Dhimmi sirna haqaa kamiyyuu kaayyoo qabate galamaan gahuuf ilaalchi hawaasni qabu murteessaa dha. Hubannoo hawaaasni dhimmoota ragaa wajjiin wal qabtee qabu keessattu ragaa kunuunsuu, ragaa bahuu fi ragaa sobaa dhiyeessuu irra akka of eegu barsiisuun barbaachisaa dha. Hojiin hawaasa bu'uura godhatee hojjatame hundumtuu bu'a qabeessa carraan ta'uu isaa guddaa waan ta'eef , rakkoo ragaa wajjiin wal qabatee qorannoo yakka dirqisiisanii gudeeduu wajjiin wal qabate bal'inaan mulatau hambisuuf shoora guddaa xabata.

Dhimma kana irratti hawaasni gara manneen murtii, waajjira haqaa fi waajjira poolisii sababa adda addaatiin dhufu barsiisuun hojii qaamolee kanneen irraa eegamu dha. Dhaabbilee sabqunnamtii fayyadamuudhaan hubannoo hawaasni qabu akka fooyyeeffatuu fi cimsatu gochuuf Komishiniin Poolisii Oromiyaa, Wajjirri Haqaa Oromiyaa fi Manni Murtii Waliigala Oromiyaa kaka'uumsa isaa fudhachuun dhaabbileen sabqunnamtii dhimma kana irratti akka hubannoo laataniif wajjiin hojjachuu qabu.

9. Maanuwaalii Qorannoo Yakkoonni Saal Qunnamtii (Sexual Crimes) Ittiin Qorataman Qopheessu Qopheessuu

Bu'a qabeessummaa fi qulqullina hojii qorannoo yakka dirqisiisanii gudeedu miidhan keessa tokko adeemsa saayinsaawaa fi sadarkaa qorannoon ittin gaggeeffamuu qabu(standard) kan hin hordofne ta'uu isaati. Muuxannoon biyyoota biroo akka agarsiisutti maanuwaalii qorannoo yakkoota saal qunnmatii wajjiin wal qabatanii qabaachuun adeemsa keessatti dhimmoota xiyyeeffannaan kennamuu fi qabu maal faa akka ta'an, haala kamiin ilaalamuu akka qaban tartiiba gochootaa, fi akka waliigalatti adeemsa jalqaba irraa kaasee hanga xumura qorannootti jiraachuu qabu maal akka ta'e kan agarsiisu dha.

Adeemsa qorannoo yakkaa keenyas fooyyessuufi sadarkaa qorannoo olkaasuuf maanuwaalii qorattoonni poolisii gaggeessa hojii qorannoo keessatti gahuumsaan itti fayyadaman qopheessuun barbaachisaa ta'a. Komishiniin Poolisii dhimmi kun kallattiidhaan kan ilaaluun

waan ta'eef dhimma kanaaf xiyyeeffanno laatee maanuwaalii qorannoo sadarkaa isaa eeggate qopheessuu qaba.

10. Keewwattoota Seera Yakkaa Dirqisiisanii Gudeeduu Wajjiin Wal Qabatan Fooyyessuu

Seerri yakkaa biyya keenyaa yakka dirqisiisanii gudeeduu wajjiin wal qabatee jiru haala qabatamaa yeroo ammaa jiru wajjiin bifa deemuu danda'uun fooyya'uu qaba. Yakki gudeeddii raawwatame kan jedhamu yoomi isa jedhu deebisuuf, daangaan yakka dirqisiisanii gudeeduu (seera yakkaa Keewwata 620) fi gochoota humnaa kabaja saalqunnamtii irratti raawwataman (seera yakkaa keewwata 622) gidduu jiru haala ifa ta'een bifa kaa'uun fooyya'uu qaba. Akkasumas Raawwii yakka dirqisiisanii gudeeduu wajjiin wal qabatee wal qunnamtii saalaa gocha qaama saalaa dubartiitin (vaginal sex) alatti raawwataman (anal sex, oral sex, fi digital) fi yeroo amma babal'achaa jiran akka yakka gudeeddiitti ilaalamuun foyya'uu qabu.